# BIFIYYEE FI QABIYYEE WEEDDUU JAALALAA GODINA SHAWAA LIXAA AANAA JALDUU: IJA SIYAAS DIINAGIEEN ILAALCHA UMMATAA XIINXALUU (LUFAAFI FUFAA)

ATSADUU G/MAARIYAAM KOTTOSHEE

BARREEFFAMA QO'ANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII FINFNNEE
KOLLEEJJII NAMOOMAA,QO'ANNOO AFAANII.JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO

OGBARRUUFI FOOLOORIIF
KAN DHIYAATE

SADAASA, 2014/2021/
FINFINNEE, OROMIYAA

# BIFIYYEEFI QABIYYEE WEEDDUU JAALALAA GODINA SHAWAA LIXAA AANAA JALDUU:IJA SIYAAS DIINAGDEEN ILAALCHA UMMATAA XIINALUU (LUFAAFI FUFAA)

ATSADUU G/MAARIYAAM KOTTOSHEE

GORSAAN: MULGEETA NAGAASAA (PhD)

BARREEFFAMA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF

MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMUMMA,QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QOONNAMTII MUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

SADAASA, 2014 /2021/

FINFINNEE, OROMIYAA

Yuunvarsiitii Finfinnee

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii Guuttachuuf, Atsaduu G/Maariyaam Mata-Duree “ Xiinxala Bifiyyeefi Qabiyyee Weedduu Jaalalaa Aadaa Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu”Jechuun Qophaa’e Sadarkaa Yuunivarsiitiin Kaa’e Guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa____________________________ Mallattoo_____ Guyyaa________

Qoraa keessaa__________________________ Mallattoo______Guyyaa________

Gorsaa________________________________ Mallattoo______Guyyaa_________

________________________________________________________________

Dura taa’aa Muummee Yookaan Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)

# Galata

Duraan dursee qorannoo kana jalqabaa hanga dhumaatti akkan xumuru isa nagargaare Waaqayyoof galanni koo daangaa hinqabu. Itti aansuudhaan, yeroofi beekkumsa isaanii osoo hinqusatin yaada naaf kennuun, naqajeelchuun qorannoon koo sadarkaa kanarra akka gahuuf nagorsaa kan turan gorsaakoo Dr. Mulgeetaa Nagaasaaf galannikoo daran olaanaadha.

Akkasumas, dargaggoota, shamarran, ga'eessotaafi manguddoota Aanaa Jalduu qorannoo kootiif odeeffannoo naaf kennaniif galannikoo guddaadha.Kanamalees, hojjattoota waajjira Aadaafi Tuurizimii,Waajira misooma qonnaafi Waajira bulchinsa lafaa Aanaa Jalduu deeggarsa eeruu madda odeeffannoo naaf kennuu isaaniitiif gumaacha guddaa waan naaf godhaniif horaa bulaan jedhaan. Dhumarrattis, hiriyyoottaniifi firoottan koo kan maqaa hindha'amne kanneen milkaa'ina hojii kootif na gargaartan hunduu naaf galatoomaan isiiniin jedha.

***Axereeraa***

*Mataduree qorannoo  bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu ija siyaas diinagdeen iaalcha ummataa xiinxaluu jedhu keessatti gabaabinaan kan dhiyaatan: akka  kamusaatti, weedduun jaalalaa damee afoolaa waan ta'eef afaaniin darbaa kan tureefi darbaa kan jiru ta'ee,gama adda addaan dhiibbaa keessa kan tureefi dhiibbaa keessa kan jirudha. Qorattuunis dhimmuma kana bu'uura godhachuun bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa irratti xiyyeeffachuun qorannoo kana geggeessite.Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa bifiyyeefi qbiyyee weedduu jaalalaa ija siyaas diinagdeen ilaalcha ummataa xiinxaluudha Kaayyoo kana galmaan ga'uuf mala qorannoo akkamtatti dhimma ba'ame.Malli iddatteessuu qorannoo kana geggeessuu keessatti dhimma itti ba'ames mala akkayyoofi darbaa dabarsaati.  Malleen funaansa  ragaa qorannoo kanaa afgaaffii, daawwannaafi marii garee turan. Boqonnaa arfaffaa keessattis ragaaleen bifa af-gaaffii ,marii gareefi daawwannaan funaanaman xiinxalamaniiru. Xiinxala qorannoo kanaa keessattis maalummaa weedduu jaalalaa, gosoota weedduu jaalalaa kanneen akka, jaalala dhiiraafi dubara gidduu jiru, jaalala haadhaa, jaalala abbaa, jaalala obboleessaa jaalala gootaafi biyyaa ija siyaas diinagdeetin yaaxina haalawaa, yaaxina faay'idaafi yaaxina bifeessummaarratti hundaa'uun bifa bifiyyeefi qabiyyee isaaniitiin xiinxalamaniiru. Weedduun jaalalaa miira maraarfachuun waan jaalatan tokko qalbiifi miira jaalalaan guuteen leellifachuu kan ibsuufi dhamsawwan garaa garaa kan dabarsuudha. Yoomessi weedduu jaalalaa daanga'aa kan hintaane ta'uu isaa. Weedduun jaalalaa kan weeddisaan ykn weeddiftuun  waan jaalatan sana hawwachuuf leellisuun garaa booressuun gara yaada ofiitti fiduuf kan weeddisanfi dhimmota adda addaa kan itti ibsatan ta'uu,weedduun jaalalaa,badaa hurruubbii kan hin qabne, sadoommii garaa garaan kan ofkeessatti ammatu ta'uu, duudhaafi safuu hawaasichaa kan calaqqisiisu,maleen dubbii garaa garaa kan dhiyaatu ta'uu akkasumas kan wellisaan hirmaattoota ykn qooddattota  malee qofaa isaa  kan raawwatu ta'uun isaa qaacceffameera. Dhumarratti cuunfaa,argannoofi yaboon qorannichaa dhiyaataniiru.*

**Baafata**

**Qabiyyee** **Fuula**

Galata ... i
Axereeraa ... ii
Baafata ... iii
BOQONNAA TOKKO፡ SEENSA ... 1
1.1. Seenduubee ... 1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa ... 3
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ... 4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 5
1.5. Daangaa Qorannichaa ... 5
1.6. Hanqina Qorannichaa ... 5
1.7. Qindoomina Qorannichaa ... 6
1.8. Ibsa HaalaaNaannoo Qorannichaa ... 6
1.8.1. Mala Jireenya Uummata Aanichaa. ... 11
1.8.2. Afaaniifi Amantii Uumtmata Aanichaa ... 13
1.8.3. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Jalduu ... 13
BOQONNAA LAMA; SAKATTA’A BARRUU ... 16
2.1. Afwalaloo ... 16
2.1.1. Maalummaa Afwalaloo ... 16
2.1.2. Amaloota Afwalaloo ... 17
2.1.3. Faayidaa Afwalaloo ... 17
2.1.4.Gosata Afwalaloo ... 18
2.1.4.1.Afwalaloo Sirbaa ... 18
2.1.4.2. Eebba ... 19
2.1.4.3. Afwalaloo Geerrarsa ... 19
2.1.4.4. Afwalaloo Hrursa Daa’immani ... 20
2.1.4.5. Afwalaloo Weedduu ... 20
2.1.4.5.1. Qabiyyewwan Weeduu Jaalalaa ... 21
2.2. Yaaxxinalee Bu’uuraa Qorannichaa ... 24
2.2.1. Yaaxxina Haalawaa Fookloorii ... 24

2.2.2 Yaaxxina Faayidaa ... 24
2.2.3. Yaaxxina Bifeessummaa ... 25
2.3. Sakatta'a  Barruu Walfakkii ... 25
2.4. Lufiinsaafi Fufiinsa ... 26
BOQONNAA SADII ... 29
3. Malleen Qorannichaa ... 29
3.1. Saxaxa Qorannichaa ... 29
3.2. Madda Ragaalee Qorannichaa ... 29
3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ... 29
3.4. Malleen Funaansa Ragaa ... 30
3.4.1. Afgaaffii ... 30
3.4.2. Daawwannaa ... 31
3.4.3. Marii Garee ... 31
3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee ... 32
BOQONNAA  AFUR: RAGAA DHI'EESSUUFI QACCESSUU ... 33
4.1 Xinxaala Bifiyyeefi Qabiyyee Weedduu Jaalalaa ... 33
4.1.1. Xiinxala Bifiyyee Weedduu Jaalalaa ... 33
4.1.2.Xiinxala Qabiyyee Weedduu jaalalaa ... 37
4.1.2.1.Weedduu Jaalalaa Dhiiraafi Dubaraa ... 38
4.1.2.1.1.Weedduu Jaalalaa dhiirafi Dubaraa  Sona jaalalaa ibsan ... 38
4.1.2.1.2.Weedduu jaalalaa dhiiraafi dubartii yeroo dhandhama jaalalaa ibsan ... 45
4.1.2.1.4.Weedduu Jaalalaa Dhiiraafi Dubaraa Yeroo Jaalalli Laafe Weeddifamu ... 47
4.1.2.1.5. Weedduu Jaalalaa Dhiiraafi Dbaraa Jaalalli adda chituu Agarsiisan ... 49
4.1.2.1.6. Aaloo Ba'uu ... 53
4.1.2.2. Weedduu Jaalala Dubaraafi  Dubaraa ... 54
4.1.2.3 Weedduu Jaalala Abbaa. ... 57
4.1.2.4. Weedduu Jaalala Haadhaa ... 58
4.1.2.5.Weedduu Jaalala Obboleessaa. ... 60
4.1.2.6. Weedduu Jaalala Gootaa. ... 61
4.1.2.7. Weedduu jaalaalaa biyyaa ... 65
4.1.3. Yoomessa Weedduu Jaalalaa ... 65

4.1.4.Weedduun Jaalalaa Eenyun Weeddifama ... 67
4.1.5. Xinxaala Faay'daa Weedduu Jaalalaa ... 67
4.1.5.1.Bashannanisiisuu ... 67
4.1.5.2.Gorsa ... 68
4.1.5.3.Gaabbii ... 69
4.1.5.4.Yaaddoo ... 70
4.1.5.5.Waadaa ... 71
4.1.5.6.Komii ... 73
4.1.5.7.Iyyaafannaa ... 74
4.1.5.8.Obsa ... 76
4.1.5.9. Doorsisa ... 77
4.1.5.10. Tuffii Ibsu ... 78
4.1.6. Xinxaala Fakkoommii Weedduu Jaalalaa Keessatti Mul'atanii ... 80
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ... 83
5.1.Cuunfaa ... 83
5.2. Argannoo ... 84
5.3. Yaboo ... 85
Wabiilee ... 86
DABALEE A
DABALEE B
DABALEE C
DABALEE. D
DABALEE. E
DABALEE F
DABALEE G

# BOQONNAA TOKKO፡ SEENSA

## 1.1. Seenduubee

Fookilooriin guutummaa jireenya hawaasaa keessatti wantoota raawwataman muuxannoofi muudannoo  mara kan ofkeessaatti qabate waan ta’eef, hiikaa dhaabbataa tokko kennuufiin rakkisaadha. Hawaasa barates ta’ee, hawaasni hinbaranne, beekees ta’ee otoo hinbeekiin, guutummaa jiruufi jireenya isaa keessatti kan inni raawwatu marti fooklooriidhaan walqabata. Fookloorii hayyoonni gosa ogummaa garaa garaa keessa jiran kallatti xiyyeeffannaa ofiitin waan ibsuu yaalaniif ibsa hunda galeessa ta’e argachuun ulfaataa ta’a (Alamaayyoofi kaawwan, 2010).kana waan ta’eef hayyoonn fookloorii akkaataa  hubannoo saaniitin ibsu.Kanaaf  hiikni isaa nama waa’ee isaa qoratuufi wanta qorate sanarraa ka’ee sababoota guutuu dhi’eessuun hiikaa itti kennamaniin kan ibsamuudha.  Asafaa, (2009:13) fookloorii yoo ibsu,  Fooklooriin waan hawaasni jiruufi jireenya isaa toora qabsiisuuf, beekumsa ganamaa gargaaramuun otoo hinbaratiin dandeettii uumamaan waan ijaan mul’atuufi hinmul’anne, kalaquun gamtaadhaan hawaasni itti gargaaramu hunda kan ilaallatudha. Gama biraan, fooklooriin darbuusaa qofa osoo hintaane, waan ta’e darbe sana qorachuun jiruufi jireenya kaleessaa isa har’atti fiduun dhugoomsuudha. Kanamalees, Fookilooriin yaada uumee qofa osoo hintaane waan dhugaadhaan itti jiraatamee keessa darbamuudha jechuun yaada isaa ibsa.

Haaluma kanaan hawaasichi fookilooriitti fayyadamuun; wal barsiisaa, eenyummaa, seenaa, duudhaafi safuu isaa eeggatee ittiin wal gorsaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufe. Yaada kana ilaalchisee Maangashaan (1992:11-12) “The Oromo folklore oral tradition, music, art and particulary proverbs and sayings has given this nation a sense of identity and common heritage the world and express their bilief and values about it” jedha. Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti Fooklooriin ilaalcha ykn hubannoo hawaasaa akkasumas akkaataa Oromoon ilaalcha addunyummaa ittiin ibsu sona amantii ittiin ibsatan hunda hammata.Dabalataanis fooklooriin jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kallattii hundaan agarsiisa.Georges and Jones (1995:170)yoo ibsan  *“it is the case that in folklore implicit world views principles and themes are made explicit”*jedhu.

Fooklooriin goorowwan adda addaatti qoodama.Goorowwan kunniin keessaa tokko afoola. Sabni tokko afoolatti fayyadamuun aadaa, eenyummaa,duudhaa, safuu,diddaafi quuqama keessa isaa fedhii abdii qabuufi kkf dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabarsaa turedha.Afoolli umurii dheeraa kan qabu qabeenya ummataati. Uummanni Oromoos ummata bal'aa afaan, seenaa, duudhaa aadaa,safuu,falaasamaafi amantaa mataasaa qabudha."*The Oromo like any people are partof a larger world and partake in awider experience" ( Baxter,1996:100).*Yaanni kun Oromoon durirraa kaasee muuxannoofi ogummaa kan qabu ta'uu ibsa.Uummaanni kun afaan aadaa,seenaafi duudhaa boonsaa haa qabaatuyyuu malee ogbarruu barreeffamaatiin eenyummaaf seenaa isaa kana ibsachuuf afaanisaas guddiffachuuf yeroo dheeraaf caarraan jiru dhiphaa ture.Kunis kan ta'eef dhibbaafi cunqursaa waggoota dheeraaf sabicharra tureen kan ta'edha.

Yaaduma olii kana Asafaa(2009:12) yoo ibsu Afaan Oromoo barreeffamuun seenaan isaa fagoo eega ta'ee akka jalqabbii, afaan hojii,afaan barnootaa, afaan qo'annoofi qorannoo ta'uu dadhabuun isaa dhiibbaa gita bittoonni habashaa irraan gesseef jedha.Kanaafuu, hawaasichi guddina ogbarruu barreeffamaatin seenaa yeroo dhiyoo qabaatullee, fookloorii isaatiin seenaa afaan hawaasichaatiin walgitu qaba.Maddiifi burqaan beekumsa Oromoo afoola ture. Misgaanuu (2011:34). Dhalli namaa wantoota jiruufi jireenya isaa keessatti isa muudate hunda afoolatti fayyadamuun ibsata. Dabalataan afoolli haala jireenya hawaasa tokkoo kan murteessuufi kuufama beekumsaa kan hawaasni fuulduratti fuudhee deemudha. Hawaasni afoola isaatiin muuxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaa, rakkoo jireenya keessatti isa muudate ittiin ibsata,

Afoolli damee garaa garaa qaba.Kanneen keessaa afwalaloo isa tokkodha.Afwalaloon walaloo afaaniin bifa miidhagina qabuun dhalootaa dhalootatti darbaa jirudha. Akkasumas afwalaloon birkiilee adda addaa ofjalaa qaba.Kanneen keessaa tokko weedduu jaalalaati. Weedduun jaalalaa jaalala nama jaalatan sanaaf qaban ibsachuufi wanta keessa ofiitti dhaga'ame mara ;fedhii, haawwii,abdii,jibba,jaalala, gaddas ta'ee gammachuu ofii baasanii ittiin ibsachuun cinaatti aadaafi dhuudha hawaasaa calaqqisiisa Haata'uu malee, gama hundaan xiyyeeffannoon damee afoolaa kanaaf kenname laafaa ta'uu irraa kan ka'e dhaloota ammaa biratti dagatamaa,bifasaa jijjirrachaa waan dhufeef qoratamee dhaloota itti aanuuf barreeffamaan dabarsuun aadaa ummanni Oromoo kaleessa tiksee asiin gahe itti fufsiisuun hubannoo cimsuun barbaachisaadha.

## 1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Qorannoon tokko yemmuu gaggeefamu dhimma ka’umsa godhate qabaachuu qaba. Adunyaan , (2011:53-54) yoo ibsu “ka’umsi qarannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessaa ykn waa’ee hawaasichaa dhimma barreeffame irratti mul’atu dhimmichis rakkoo ykn qaawwaa jiru tokko duuchuuf yaaxxina haaromsuu, ibsa bal’aa dhimmicharratti kennuufi wkf ta’uu danda’a.”Akka yaada hayyuu kanarraa hubatamutti qorannoon tokko kan gaggeeffamu rakkoo furuuf ykn beekumsa hundeessufi kan duraan ture bal’isuuf hubannoo hawaasaa cimsuuf ta’uu isaati. Kanuma bu’uura godhachuun, qorannoon aadaafi seenaa Oromoo irratti hanga yoonaatti gaggeeffame muraasafi haqa uummatichaa kan hinibsine baayyata. Akkasumas, aadaafi seenaa uummata Oromoo irratti qorannoon taasifamuu kan eegale yeroo dhi’oodha. Alamaayyoon (2014:1) yaada kana yoo ibsu, “Hanga yeroo dhi’ootti uummattoota Itoophiyaa kan aadaafi seenaan isaanii baay’inaan hin qoratamne keessaa sabni Oromoo isa tokkodha jedha.

Haata’umalee, guddinni aadaa, diinagdee, siyaasaafi kkf guddina uummataati. Yaada kana Warquun (2001:10fi 68) akka ibsutti, guddinni aadaa guddina uummataati. Aadaan saba tokkoo guddate yookiin dagaage jechuun diinagdeefi siyaasni sabichaas guddateera jechuudha. Aadaa Oromoo tursiisuun dhalootatti dabarsuufis ta’ee guddisuuf afoolli gahee guddaa qabaatullee, biyyoota diinagdeen boodatti afan kan akka, biyya keenyaa kana keessatti wantoota akkanaaf xiyyeeffannoon kennamu hin jiru jechuun ni danda;ama. Dhimmuma kanaafi dhibbaa gama adda addaan tureen walqabatee afoolli Oromoos bal’inaan osoo hinqoratamin tureera.Afoolli jiruufi jireenya dhala namaa ibsuu keessatti gahee olaanaa waan qabuuf,akkasumas, ummata tokkoof akka ibsituu eenyummaatti waan bakka bu’uuf xiyyeeffannoo argachuu qaba.Yaaduma kana Geetaachoon (2008:114) yoo ibsu afoolli jiruufi jireenya dhala namaa keessatti faayidaa hedduu qaba.Isaan keessaa muraasni seenaa,aadaa,duudhaa,amantaa,kabajaafi kanneen biroo ittiin ibsata.Afoolli ummata Oromoo biratti gahee guddaa haa qabaatuyyuu malee sababa adda addaa irraa kan ka’e dagatamuu bira darbee, gara dhabamuutti deemaa jira. Yaaduma kana Fileen (2016:21) Bakar (2004) wabeeffachuun akka ibsetti “Yaad rimeen hammayyummaa” jedhu warra dhihaarraa kan dhufe yommuu ta’u yaada haaraa ykn aadaa haaraa tokko hawaasa aadaafi falaasama isaatiin bulutti fe’uun kan isaa dagachiisuudha” jedha.

Afoola uummata Oromoorratti qorannoon gadi fageenyaan hingaggeeffamne. Kana irraa kan ka'e, afoolli dagatamaa dhufuunis heerameera. Haala kanaan kan itti fufu yoo ta'e seenaa ummatichi dhalootaa dhalootatti dabarsaa asiin gahe gaaffii keessa kan galchu;guddina, dagaginaafi itti fufinsa afoola Oromoorratti dhibbaa guddaa kan geessisu ta'ee waan mul'ateef aadaa,duudhafi afoolli hawaasichaa gadifageenyan qoratamuun barreeffaman dhaloota itti aanuuf dabarsuun barbaachisaadha.Afwalaloo weedduu jaalalaas damee afoolaa waan ta'eef afaaniin darbaa kan tureefi darbaa kan jiru ta'ee,gama adda addaan dhiibbaa keessa kan tureefi dhiibbaa keessa kan jirudha. Qorattuunis dhimmuma kana bu'uura godhachuun bifiyyeefi qabiyee weedduu jaalalaa irratti xiyyeeffachuun qorannoo kana geggeessite.

Qorannoon kunis gaaffilee armaan gadiitiif deebii kenna.

1. Bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa keessatti mul'atu maal fa'i?
2. Weedduun jaalalaa yoomesssa akkamii keessatti weeddifama ?
3. Hirmaattonni weedduu jaalalaa eenyu fa'i?
4. Faayidaan weedduu jaalalaa maal maali fa'i?
5. Fakkoommin weedduu jaalalaa keessatti haala kamiin ibsamu?

### 1.3. **Kaayyoo Qorannichaa**

Kaayyoon qorannoo kanaa kaayyoo gooroofi gooreetti qoqqoodamee akka armaan gadiitti dhiyaateera.

- **Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu ija siyaas diinagdeen ilaalcha hawaasaa xiinxaaluudha.

- **Kaayyoo Gooree**

  - Bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa xiinxaluu.
  - Yoomessa weedduu jaalalaa ibsuu.

- Hirmaattota weedduu jaalalaa addeessuu.
- Faayidaa weedduu jaalalaa addeessuu.
- Fakkoommii weedduu jaalalaa keessatti argaman addeessuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun Gama adda addaan jaalala waan barsiisuuf nageenya biyyattii eeguufi eegsisuu keessatti ga'ee olaanaa taphachuu danda'a.Akkasumas namoota qorannoo walfakkaataa hojjataniif akka madda ragaafi ka'uumsatti tajaajiluu kan danda'a. Dhaloonni si'anaas jaalala abaabileefi akaakilee isaanii beekuun dhimma itti ba'aa dhaloota itti aanuuf dabarsuun naamusaafi ofitti amanamummaa akka gonfatan gochuu danda'a.Haqa uummata Oromoo hanga tokko fuulleetti baasuun hubachiisuu danda'a.Wal jaalachuun bu'aa akka qabu waan hubachiisuuf jaalala gareefi dhuunfaa akka cimu taasisuu danda'a. Dabalataan barreeffamoota seenaa, aadaafi safuu uummata Oromoo akka malee dabsamanii barreeffamaa turan sirrii akka hintaane hubachiisuu danda'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Gosootaa afoolaa hunda irratti qorannoofi xinxaala gadi fagoo ta'e gaggeessuun barbaachisaadha. Haata'u malee, al tokkotti afoola hundarritti qorannoo gaggeessuun ulfaataa waan ta'eef qorannoon humna qorattuun amma qabdu waliin yoo madaalamu, haalli funaansa ragaleefi maddi baajataa kan ishee daangessu ta'uun cinaatti hojii idilee maddiitti qorannoo kana kan gaggeessitu waan tateefis qorannichi akka daanga'u ta'eera. Qorannichis kallattii gurguddoo lamaan daanga'eera. Gama matadureen, Bifiyyeefi QabiyyeeWeedduu Jaalalaa Aadaa Oromoo xiinxaluu kan jedhu yommuu ta'u, bakkaan immoo, Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu irratti daangefamee jira. Kunis, yeroofi baajeta giddu galeeffachuun kan raawwatamedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Ragaawwan qorannoo kanaaf barbaachisan walitti qabachuuf odeeffannoo kennitoonni ragaawwan quubsan biraa argamuu danda'a jedhamee yaadamu, baayyinaan yeroo dhabuu isaanii irraa kan ka'e isaan argachuun baayyee ulfaataa ture. Kanumaan walqabatee isaan argachuuf yeroo dheeraa deddeebi'aa waanan tureef hanqinni maallaqaas namudateera.

Qorattuunis qorannoon kun hanqinoota kanaan gufatee akka hinhafneef mala ykn tooftaa hanqinoota kanneen ittiin maksitu uummachuun, rakkoo odeeffannoo kennitoota argachuu dhabuutiif, yeroo garagaraa deddeebitee hordofuun, rakkoo baajataatiifis odeeffannoo kennitoota amansiifachuun cinaatti baajata gara biraatii barbaaddachuun amma danda’ametti haala mijeeffachuun itti deemuun hojjatteerti. Rakkoo hanqina yerootis hojii idilee ishii akka miinetti haala mijessuun yeroo ishii saganteeffattee  halkaniifi guyyaa hojjechuun qorannichi akka milkaa'u taasistee jirti.

### 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodame dhiyaate. Boqonnaa tokkoffaan, seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaa, qindoomina qorannichaafi ibsa naaannoo qorannichaafi mala jireenya uummaichaa of keessatti hammatee dhiyaate.Boqannaa lammaffaan immoo, sakatta'a qabata.Boqonnaa sadaffaa keessatti saxaxa qorannichaa, madda ragaa qorannichaa, iddattoofi mala iddatteessuu, malleen funaansa ragaafi mala qaaccessa ragaaleetu walduraa duubaan dhi’aate. Boqonnaan arfaffaan ammoo, qaaccessaafi ibsa ragaalee funnaannamee kan hammatu yoo ta'u, boqonnaa shanaffaa keessatti cuunfaa, Argannoofi yaboo qorannichaatu dhi’aate.

### 1.8. Ibsa HaalaaNaannoo Qorannichaa

Ibsi naannoo asjalatti dhiyaatu kun bulchiinsa Aanaa Jaalduu irratti kan xiyyeeffate yommuu ta’u, ragaa waajjiralee Aanaa Jalduu irraa argame ta’ee, qorattuun matadureewwan garagaraatti qoodee akka armaan gadiitti dhi’eessuuf yaalte.

- **Hundeeffamaafi Moggaasa Magaalaa Goojjoo**

Akka Odeeffannoon Bulciinsa Magaalaa Goojjoo irraa fudhatame mul’isutti moggaasni maqaa aanichaa “Jaldu” ilaaalchisee yaadota lamatu jiru.Yaanni inni tokko lafa amma magaalaa guddittii aanichaa Jalduu  (Goojjoo)  jedhamu kun yeroo sanatti bosonaan marfamee ture. Bosona kanakeessa  ammoo jaldeessi  hedduminaan waan turef. Qonnaan bultoonni naannawaa sanaa jaldeeyyii  kanneen oyiruu isaanii irraa eeggachuuf  lafa olka’aa yeroo ammaa manni kadhataa Ortodoksii irratti ijaarramee jiru kanarratti godoo xixiqqoo (goojjoo) citaa irraa ijaarrachuun roobaafi aduu achitti daheeffachaa midhaan isaanii akka jaldeessi hin mancaafne

eeggachaa turan. Haaluma kanaan namoonni jiraattota aanichaa ta’anii fi aanaa Gindabarat irraa karaa kana dhimmoota adda addaatiif gara magaalaa Giincitti yommuu qaxxaamuran iddoo goojjoo jaldeessatti na eegi jechuun iddoon kun beekamtii argachaa dhufe.

Yaanni lammaffaan yaada isa tokkoffaa wajjin baay’ee walirraa hin fagaatu. Akka yaada kanaatti naannoo amma Magaalaa Goojjoo jedhamu kana bosona mukkeen gurguddaa qabutu ture. Kana malees naannoon isaa baddaa waan ta’eef, baay’ee qorra. Haluma kanaan guyyaa gaaf tokkoo giddu-galeesa aanichaatii jaldeessi midhaan jalaa nyaachun waan rakkiseef, adamsanii fixuuf kallattii hundaan itti duulan.Jaldeeyyii hedduun gara bosona lafa baddaa iddoo amma magaalaa guddittii aanichaa Goojjoo jedhamu kanatti baqatan. Guyyyaa muraasa booda haalli qilleensaa waan jijjiirrameef, qorri daran dabaluun jaldeeyyii hedduun qorraan du’anii argaman . Kanumarraa ka’uun namoonni naannoo kana Jaldu jechuun waamuu jalqaban. Boodarras kanuma bu’ura godhachuun maqaan aanichaa Jaldu jedhamuun moggaafame.Akka yaada lammaffaatti magaalli guddittiin aanichaa moggaafama Goojjoo jedhu kan argatte, Ras Goobanaa Daaccii hojiidhaaf yommuu gara kana dhufee turetti loltoonni isa wajjin turan dahoodhaaf godoo xixiqqoo ijaaraman yeroo gabaabaadhaaf fayyadamanii turan. Bakkeen isaan qubatan kun duraan Tulluu Goojjoo, booda Goojjoo jedhamee waamamuu danda’eera. ( Barruu seenaa Aanaa Jalduu 1980:8-11) kan hin maxxafamine ta’uusaa raga Waajira AadaafiTuurizimii Aanichaa ni mul’isa.Akkasumas iddoowwan akka aanichaatti beekamoo ta’an haala itti aanuun dhiyataniiru.

- **Bokkuu Koluu Galaan**

Bakki bokkuu Galaan ganda kooluu galan keessatti argama. Kooluu jechuun namoonni bakka biraa irraa dhufan bakka itti kooluu galan jechuudha. Bakka kooluu galan jedhamu kana namoonni naannoo biraa irraa dhufanii osoo itti hingaliin dura gosa Oromoo Maccaa shanan galaanitu jiraachaa ture jedhama. Bakki kun sababa namoonni kooluu bakka kanatti galan irraa kan ka’e koluu galaan jedhamee moggaafame jedhama. Kanamalees, naannoon kun bakka moggaasni tumamee itti lallabamuufi moggaasni itti geggeeffamuudha.Moggaasni kunis saala irratti hundaa’uun ilma kallachaafi intala meendhachaa jedhamuun beekama.

- **Bokkuu Dullaa**

Bokkuun dullaa ganda Edensa galaan naannoo qooftuu jedhamutti argama. Bakki kun bakka warri maallimmaa kennaa itti fudhataniidha. Warri maallimaa kunis gosa sadeen sooddoo keessaa kooluu galtummaadhaan warra gara naannoo sanaatti dhufan akka ta'etu dubbatama. Iddoon kunis, iddoo hujuma maallimaa jedhama. Maallimni roobsituu (caamsituus) jedhamu. Bakka bokkuun dullaa hinjirretti kennaan maallimaa hinkennamu. Bakki kun naannoo laga dullaa jedhamutti kan argamu ta'ee haalli teessuma lafichaa gaarreeniifi tulluuwwan kan qabudha. Akkasumas, yeroo waqtii Bonaa gogiinsa kan qabuufi yeroo waqtii Gannaa ammoo magariisaa kan ta'e yemmuu ta'u mukkeen baala harcaafatoon kan achitti argamaniidha.Akka qarshiitti  maallimaaf jibichaafi raadatu kennama. Sababiin isaas, maallimni ergamaa Waaqaa rooba kadhatee roobsuu yookiin caamsuu danda'u jedhame amanama. Kanamalees, dhaha roobaa ilaaluun Oromootti himu jedhama. Bakki isaan taa'anii sirna kana raawwatan ammoo tulluu gubbaadha jedhama. Gaafa kennaa ayyaana maallimaa raawwii adda addaatu taasifama. Raawwiin raawwatamanis horiin ni qalama, farsoon ni naqama, daabboofi buddeenni ni tolfamu, bulbulli dammaafi marqaan ni qophaa'u.maddi Waajira Aadaafi Tuurzimii Aanichaa.

- **Bokkuu Qorichaa**

Bokkuun qorichaa ganda qorichaa jedhamutti kan argamu ta'ee, bakka tumaan tumame itti lallamudha. Kanamalees, bakka dhimmi Gumaafi gumeen cimaan itti ilaallamee warri Gumaafi gumee harka itti waldhiqaniidha. Bakki kun bakka lafa olkaa'aa ta'ee mukti odaa itti argamuufi abbootiin Gadaa odaa kana jala taa'anii seera kana dabarsaniidha jedhama. Dabalataanis, bakka rakkoo hawaasaatiifi mala aadaatiin fala baasaniifi safuu hawaasaa akka hinbanne itti qajeelchaniidha.

- **Bokkuu Abeebee Koluu**

Bokkuun Abeebee koluu ganda Shukuteetti argama. Bokkuun kun damee bokkuu koluu galaaniiti. Sababni bokkuun kun kan Abeebee jedhameefis ilmaan kuttaayyee keessaa dursee kan achi ture gosa Abeebeeti jedhama. Iddoon kun iddoo kooluu itti galaniin walitti dhihoodha. Bakki kun bakka guddifannaan, kooluu  galtummaafi harma hodhaan itti hodhamuudha (Madda: Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jalduu).

- **Malkaa Raachaa**

Iddoon kun bakka Oromoonni birraa waggaa waggaan ba’ee waaqa uumaa saa bacaqii gannaa gara booqaa birratti ceesisef galata itti galfataniifi garafulaa duraatiif nageenya itti kadhatan yoo ta’u naannoon saa dirree waan ta’eef gugsiin fardaas achitti gaggeeffama.Ummanni naannoo sanaa yeroo gadaa malkaa kana dhaqun sirna adda addaa raawwata.Iddoon kun dur goodaa raacaa jedhamuun kan beekamu yoo ta’u yeroo dhi’oo mooggaasa malkaa Raacaa jedhu argate .kunis dirreen saa baay’ee bal’aafi bonaa ganna lalisaa waan ta’eef yeroo duumessaa sagaleen raachaa naannoo sana waan dhaga’amuuf ta’uu odeeffadhee.(Waajira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jalduu)

- **Haala Teessuma lafaafi Haala Qilleensa Aanaa Jalduu**

Akkuma daangaa qorannichaa keessatti ibsametti qorannoon kun kan adeemsifame naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu  keessatti. Aanaan Jalduu aanaalee 22 Shawaa Lixaatti argaman keessaa tokko yemmuu ta’u, magaalaa Finfinnee irraa gara lixaatti fageenya 115 km akkasumas, magaalaa gudditti Godinaa  Amboo irraa gara Kaabaatti  72,km fagaattee argamti. Aanaan Jalduu bulchiinsa magaalaa 3fi gandoota baadiyyaa 26 walitti gandoota 29 kan qabdu yoo ta’u gandoonni magaalaa Goojjoo,shukuteefi bonnii yoo ta’an gandoonni baadiyyaa ammoo wiirtuwwan adda addaa jalatti hammatamanii argamu..Wiirtuwwan kunniin Osolee, Tasoo ,koluu, Kilbee,sariitiifi  biicho fa.i. Daangeffamni Aanaa Jalduu Bahaan aanaalee Meettaa Roobii, Adaa Bargaafi Ejeree, Lixaan aanaalee Cobii,Ilfataafi Gindabarat,Kaaban Aanaa Abuunaa Gindabarat,Kibbaan Aanaa Dandiitiin daangeeffamti. Akka Barruu seennaa Aanaa Jalduu (1980:1) ibsutti bal’inni lafa aanichaa waligalatti 120274km2 yommuu ta’an, kanneen keessaa %43 bu’aa ba’ii yommuu ta’u %57goodaa (dirree)dha.naannoon isaa irra jireessan Gammoojjifi Badda dareen kan marfamedha.Dimshashumatti Aanaan Jalduu haala qilleensaa sadi kan qabdu yoo ta;u baddaan%40  badda dareen %47 gammoojjin ammo %13dha,

- **Qabeenya Albuudaa Aanaa Jalduu**

Aanan Jalduu qabeenya  albuudaa garaagaraa ni qabdi jedhamee amanama. Haata’u malee qabeenyi albuudaa akka aanichaatti lafa keessatti argamu sadarkaa tilmaamatti malee qabatamaan wanti biraga’ame hin jiru. Kunis humna nama baratee kallattii kanaan bobba’eefi teessuma lafaa naannoo sanaarraa kan ka’e qorannoon gadifageenyaan taasifame bal’inaan waan

hin jirreef akka ta’e odeeffannoon maddeen irraa argame ni agarsiisa. Haata’u malee, akka madda kanaatti albuudonni akka baarudaa ganda Tulluufi dhagaa boba’u (coal) ganda Siibaa Osoleefi Tulluu Gurjii, cerrecha (ashawaa) ganda Tulluu, dhagaa boorallee Urgahaa Hereriifi Gooroo, kuufama soogiddaa ganda Tulluufi kkf. aanicha keessatti akka argaman maddeen ni heeru. (Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jalduu)

- **Diinagdee Uummata Aanaa Jalduu**

Diinagdeen uummata Aanaa Jalduu harki caalan qonnarratti kan hundaa’edha. Akka odeeffannoon barruu “Seenaa Aanaa Jalduu” (1980:3) mul,isuufi haala qabatamaa aanichaa irraa hubachuun danda’amutti,Uummata Aanichaa keessaa %2 hojjattoota mootummaafi kanneen biro haa jirataniyyuu malee %98 hojii qonnaarrattin bulu. .Qonna yoo jedhamu midhaan oomishuufi horii horsiisuu ofkeessatti hammata.Horsiisni horii loon, bushaayee, kotteduudawwanfi lukkuuwwan.kan hammatu yoo ta’u, midhaanifi biqiloonni biroon aanicha keessatti oomishaman ammoo, midhaan agadaa mishingaa, boqqoolloo, midhaan biillaa qamadii, garbuu, ajjaa,midhaan dibataa ammoo nuugii,talbaa suufii akkasumas xaafiifi kkf. aanicha keessatti bal’inaan oomishamu.Fuduraafi muduraa keessaammoo moseen baay’inaan oomishama.(Madda Waajira Misoma Qannaa Aanaa Jalduu)




Fakkii Kaartaa Aanichaa  (Maddi Waajira Bulchiinsa Lafaa Aanichaa

- **Iddoowwan Hawwata Tuuriziimii Aanaa Jalduu**

Aanaan Jalduu bakkeewwan hawwata tuuriziimiif oolan baay'ee qabdi. Kanneen keessaa Haroo Calalaqaa Jawwee Bonii yoo ilaalle, Haroon kun ganda Jawwee Bonii jedhamu keessatti kan argamu yoo ta'u, sababiin moggaasa Calalaqa Jawwee jedhamu kennameef, obboo Hayilee Fufaa hojjataa Waajjira Aadaafi Tuuriziimii Aanichaa akka ibsanitti haroo kana keessatti Jawweetu argama. Waggaatti yeroo tokko ji'a caamsaa keessa yeroo roobni hinjirretti uummanni naannoo sanaafi abbaan Gadaa ba'ee korma qalee roobni akka roobuuf Waaqaa uumaa isaanii kadhatu. Sana booda, akka dhugeeffannoo uummatichaatti duumessi haroo kana irraa ka'uudhaan gara samiitti olka'ee deebi'ee rooba jedhama.  Kanamalees,Fincaa'aan akka aanichaatti jiran keessaa bebbeekkamoon, finca'aa Luxuu, finca'aa Warabulchii, fincahaa Caancoofi kkf.maqaa dha'uun ni danda'ama.  lageen gurguddoo akka laga Dullaa, Waranbulchi, Malkaa,Waqaraafi Luxuu fa'a. Haaluma walfakkaatun bineensonni akka gadamsaa, yeyyii, qeerrnsa, bosonuu, jaldeessa, weennii, Deeroofi simbirroonni garaagaraa aanicha keessatti ni argamu.Dabalataan  holqawwan garaagaraa kanneen akka holqa Uchee, holqa Dubbataa, holqa Godaanaafi kkf. ni jiru. Tulluuwwan akka Tulluu Habaroo, Tulluu Gorra'aa, qaalaawwan akka qaalaa Qorichaa, qaalaa Booraa,qaalaa Bookee, qaalaa Mokkoliifi kkf fa'a iddoowwan hawwataa aanichaa keessatti argamanidha. (Aadaafi Tuurizimii Aanichaa)

### 1.8.1. Mala Jireenya Uummata Aanichaa.

❖ **Aadaa Fuudhaafi Heerumaa Uummata Aaanaa Jalduu**

Aadaan calaqqee jiruufi jireenya saba tokkoo ta'ee, saba tokko saba  biroo irraa wanti adda godhu aadaa isaati. Sabni diinagdeen guddateefi siyaasan qaroome, akkasumas, kanneen guddinarra jiraniifi duubatti hafan jedhaman marti aadaa keessa turaniifi jiraataa jiran akkuma sadarkaa guddina isaanitti guddifachaafi fooyyeffachaa adeemu   aadaan qabeenya guddaa kan dhaloota darburraa  dhaloota itti fufutti dhaalamuufi seenaa uummatichaati.Uummanni Aanaa kanaas aadaa  boonsaa qaba .Isaanis aadaa fuudhafi heerumaa ,aadaa sirbaa,aadaa wal gargaarsaa aadaa nyaataafi kkf fa'a. Aadaan fuudhafi heerumaa akka Aanichaatti beekaman shanitu jiru.Isaanis kaadhimmachuu, irradhaaba,butii,aseennaafi dhaala. Kunniins adeemsa raawwii mataa isaanii qabu.Kaadhimmahcuun karaalee gaa'ellitti raawwataman keessaa kan aadaa, duudhaafi  saafuu hawaasichaa kabachiisuufi iddoo guddaan keennamuufdha.Kunis dursa marga

ergachuun marii maatii gara lameeniin gaa'ela raawwatudha. Irradhaaba gosa fuudhaafi heerumaa keessaa tokko ta'ee otoo warri intalaa quba hin qabaatin gurbaan qophaa'ee gaa'elaaf dhaqanii dhaabbatu .Kunis kan adeemsifamuuf kaadhimmatanii fuudhuuf adeemsarra otoo jiranuu warri intalaa kaadhima bara baasuu yoo fedhan yookaan beellama yoo dheeressanfi warri gurbaa cidha qopheessuuf humna dhabuu ta'a.Butii akkuma irra dhaabaa fedhii gam tokkoo qofaan kan raawwatu yoo ta'u gurbaan intala fuudhuu barbaade dargaggoota muraasa kadhachuun iddoo ishiin deemtu maratti hordofuun fedhii shiifi maatii shii ala dirqamsiisee fudhatee naannoorraa fagaatee sokka.Sana booda jaarsolii maatii intalaatti eerguun waan seeraa guuttachuun adeemsa keessa araarfatanii galu. yeroo ammaa kana garuu gosni gaa'elaa kun fudhatama hin qabu. Aseennaa gosa fuudhaafi heerumaa aseennaan raawwatamu keessatti gurbaan intala waadaa galeef aale yoo ta'e warri saa osoo hin beekin intalli gurbaa jaalatte fedha ishiitin kan itti galtuudha.Kunis jaarsoliifi firoottan gurbaan mari'atamuun gurbichi kaadhimaa hin qabu yoo ta'e fuudha.Gosti gaa'elaa kunis yeroo ammaa kana fudhatama dhabaa dhufeera. Kunis afwalaloo aseennan fafaa aseen lafaa jedhun intala aseennaa dhaqxe abaaru. Ija namaatti hin mul'atin kanaa manna duutee biyyoo ta'uu wayya dhaamsa jedhu dabarsa. Dhaalli gosa fuudhaaf heerumaa keessaa tokko ta'ee gosa biroo irraa kan adda isa godhu dubartii abbaan manaa irraa du'e ykn dhiira haati manaa jalaa duute karaa aadaan waldhaalu. Dubartiin abbaa manaa irraa du'e kan dhaalamtu obbooleessa abbaa manaa isheetiin ykn fira isaatiin yemmuu ta'u, dhiirri haati manaa jalaa duute ammoo kan dhaalamu obbooleettii haadha manaa isaatiin ykn fira isheetiin dhaalama.

- **Hariiroo Uummatichi Walin Qabu**

Ummanni aanaa Jalduu aadaa hojii boonsaa kan hawaasni hundi umuriirratti hundaa'uun dalagan kan qabu yoo ta'u halkanii guyyaa,bonaafi ganna otoo hin jenne maatiin hundi ga'ee hojii qooddachuun nuffii malee hojii dachaa dalaguun beekamanidha. Tikseen loon tiksaa maatiif qaraan guuru.jabbiif oka'a haamanii galu.Maatinis jireenya isaanii toora qabsiisuuf qonnaafi hojii adda addaarratti hirmaatu.Ummanni aanaa Jalduu aadaa wal gargaarsaa cimaa kan qabu yoo ta'u afooshaafi ollummaan iddoo guddaa qaba.Yeroo cidhaa, daboo,dhimma adda addaas ta'ee yeroo gaddaa ijoolleedha hamma maanguddootti walitt birmachuun; hojii, gaddas ta'ee gammachuu waliin qooddatu.Hojii misoomaa adda addaarratti;daboo ,jigii, daadoofi qaboo walii

dhaqun Kan dhabee sangaa ergisuufin wal deeggarun beekamu.Yeroo cidhaas ta'ee jigii, daboo,daadoo waliin hojjataniifi hayyaanota adda addaa kabajiuuf walitti dhufan weedduu jaalalaa waliif weeddisuun dhaamsa waliif dabarsun wal jajjabeessu. Gama biraatin ummanni aanichaa keesummaa namaa dhiisii keessummaa looniifillee kabaja guddaa qaba.Loon,kotte duudaa fe'iisa waliin iddoo adda addaatii badee qe'eesaa dhufeefi badheetti yoo arganis ol galchuun itti iyyaafatee abbaaf deebisa.Akkasumas keessummaa namaas goraa manni kan waaqi jedhee gammachuun simata. Walumaa galatti ummanni aanaa Jalduu ummata aadaa hojii qabuufi hojii adda addaarratti wal deeggaruun beekamuudha. Madda obbo  Lammaa Ayyaanaa (30/5/20)

### 1.8.2. Afaaniifi Amantii Uumtmata Aanichaa


Ummattoota Aanaa Jalduu jiraatan keessaa %99 ummata Oromoo yoo ta'an afaan dhalootas ta'ee afaan hojii isaanii Afaan Oromooti.Akkasumas ummatni Amaaraafi Tigree ammoo %1 yoo ta'an afaan hojiisaanii Afaan Oromooti. Jiraattonni kunniin Afaan Amaaraafi Afaan Tigree akka afaan lammaffaatti gargaaramu.Amantiiwwan uummanni Aanaa Jalduu hordofan ilaalchisee qorannoon gadifageenya qabu hanga ammaatti kan hin hojjetamne tahus, akka odeeffannoon Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jalduu irraa argame agarsiisutti, akaakuwwan amantii aanicha keessatti argaman Ortodoksii.Piroteestaantiifi Waaqeffannaadha.Akka madda odeeffanno kanaatti amantiin Uummata Oromoo aanichaa, akkuma Oromoota kaanii Waaqeffataa turan. Adeemsa keessa garuu isaan kaan Ortodoksii muraasni isaani ammoo amantaa piroteestaantii fudhachaa waan dhufaniif, amantiin duraan uummatichi hordofaa ture Waaqeffannaan lakkoofsi hordoftoota isaa hir'ataa dhufuu danda'eera. Akka odeeffannoo kanaatti haala qabatamaa amma jiruun amantiiwwan uummata Aanaa Jalduu baay'ina hordoftootatiin Piroteestaanttin sadarkaa duraarra kan jiru yoo ta'u,Ortodoksii  lammaffaa irratti argama.Ortodoksiitti aanuun sadarkaa sadaffaa irratti kan argamu amantii Waaqeffannaa ti. (Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jalduu).

### 1.8.3. Hidda Latiinsa  Oromoo Aanaa Jalduu

Haala qubannaa Uummata Aanichaatin yoo ilaallame dameen kuush Oromoo isa guddaadha . barruu Alamaayyoo (2006:22) akka madda raga kanatti  qommoowwan Ormoo Aanicha jirachaa turan keessaa  gosoota hidda Oromoo Maccaa balbala Liiban keessaa Waliso, Ammayyaafi Kuttayyedha Liatiinsa hidda Oromoo Tuulamaa keessaa ammoo balballi Garasuu isa guddaadha.

akka madda odeeffannootti fayyadamuun hidda-latiinsa Oromoo Aanaa Jalduu akka armaan gadiitti kaa'uun danda'ameera. Latiinsa hidda Oromoo Maccaa Aanaa Jalduu jiraatan keessaa torban Kuttaayyeti .Kuttaayye dubartoota lama irraa ilmaan torba (7) horate. Dubartii Galaanee jedhamturraa Macca, Burra, Maliyyuu, Hidhabuufi Ituu yommuu argatu, kan Buluudee jedhamturraa ammoo Daadaafi Abeebe argate. Ilmaan Kuttaayyee shanan Galaanen deesse walumatti shanan-Galaan jedhamuun kan beekaman yoo ta'u, kan Buluuden deesse keessaa ammoo Abeebefi Daada jedhamuun beekamu. Walumatti latiinsi Oromoo Maccaa Aanaaa Jalduu Torban Kuttaayyee: Shanan Galaan, Daadaafi Abeebe jedhamanii beekamu. Haaluma kanaan latiinsi hidda Oromoo Maccaa akka Aaanaa Jalduutti jiran armaan gadiitii caatodhaan kaa'amaniiru.Latiinsi hidda Oromoo Tuulamaa sadeen ammo; Daaccii, Bachoofi Jiillee yoo ta'an isaan keessaa Aanaa Jalduutti baay'inaan kan argaman Oromoo Bachootti. Bacho qomoo gurguddaa ja'aafi mana hedduu qaba. Gosti Bachoo ja'an Iluu,Uruu,Meettaa. Garasuu,Waajituufi Keekuu jedhamu.Kanaaf gosa Oromoo Bachoo keessaa ammo Aanaa Jalduutti baay'inaan kan argaman latiinsa qomoo Garasuu ti. (Madda Aadaafi Tuurizimii Aanichaa) ilmaan Garasuu Aanicha keessatti baballachuun jiraatan Anxxuuree,Daada, liiban, Galaan, Maammoo, Guyyee, Tuutii, Oolgoofi Maakaftaadha.Akkasumas ilmaan Maccaa aanicha keessatti argaman horteewwan: ilmaan Burraa,DaadafiAbeebeti.(Maddi Jaarsolii biyyaa obboTsaggayye Badhadhaa fi obbo Hirphaa Malataa)

Caasaa Hidda Dhaloota Uummata Aanichaa




(Madda Waajiraa Aadaafi Tuuriziimii Aanaa Jalduu

# BOQONNAA LAMA; SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Afwalaloo

### 2.1.1. Maalummaa Afwalaloo

Afwalaloon gosota afoolaa keessaa tokko ta'ee waa'ee waan tokkoo bifa miidhagina qabuun walaloon kan himuufi walaloo hawaasaa kan abbummaa dhuunfaa hinqabne afaaniin kan darbudha. Fekade (1991: 86) afwalaloo yoo ibsu, Afwalaloon dalagaan akkasumas, haalli dhiyaannaa isaa yeroo hedduu afaaniin kan darbu walaloo uummataati jechuun ibsa. Gama biraatiin afwalaloon gosa aartii yeroo durii kaasee kan jiru dhalli namaa baroota dheeraaf gaddaafi gammachuu, hawwiifi fedhii, haala jiruufi jireenyaa, muudannoo isaanii haala adda addaan itti weeddisaniifi faarsaa turan jechuun addeessa (Zarihun 1992: 73). Dabalataan Fekade (1991: 10) yaada kana yoo dhugoomsu "oral poetry is an enjoyable escape from reality, such as injustice, disasters, poverty etc" jedha. Walumaagalatti uummatni bara durii kaasee jaalala waliif qabu bu'aa bahii jireenya keessatti muudatu dhiibbaarra ga'e afwalaloon ibsataa kan ture ta'uusaati.

Akka Sumner (1997:367) barreessetti,Afwalaloo Oromoo ilaalchisee hojiiwwan tokko tokko mul'achuu kan eegalan naannoo walakkaa jaarraa 19$^{ffaa}$ irraa eegaleeti. Kunis, daldala garbaa waliin walqabatee ilmaan Oromoo biyya ambaa jiran irraa odeeffannoo argameen, hojiiwwan xixiqqaa lammiiwwan biyya Awrooppaa hojjatan irraa eegale.Kanneen keessaa afwalaloowwan waa'ee waraanaa ibsan, loon faarfatan, akkasumas faaruun kadhaa waaqaa of keessaa qabu yeroo kana barreeffamee akka ture ibsa.

Sumner (1997) "Oromo Wisdom Literature," mataduree jedhuu keessatti sirboota Oromoo gara garaa walitti qabee qaaceessee dhiyeesseera. Hayyuun kun qorannoo isaa keessatti mala gurguddoo lama gargaarame. Inni jalqabaa sirboota gara garaa kannen afaan Jarman, Xaaliyaanii Ingilizi, Firenchiifi Amaariffan barruuwwan gara garaa keessa jiran walitti qabe. Itti aansee, gara afaan Ingiliziitti jijjiiruudhaan qaaccesee dhiyeesse.Kunis akkuma adeemsa qorannoo isaa irraa hubatamu kan yoomessa'e miti. Kan afaan Ingiliziitiin qaacceffame, gara Afaan Oromootti jijjiiramee ibsi kennames hinjiru. Haata'u malee, afwalaloowwan Oromoo iddoo tokkotti qaaccessuun ulfaataadha.

Akkuma ibsawwan asiin olitti dhiyaatan irraa hubachuun dandahamu, afwalaloo Oromoo irratti qorannaan kanaan dura hojjetame muraasa. Afwalaloon garuu, akka ummatichaatti baay'ee beekamaadha. Anderzejewski (1985:409-10), "Among the Oromo people the art of poetry is very popular and is related to music, since poems are normally sung to variety of tunes," jedha. Kunis, qo'annaa gahaan afwalaloo Oromoo irratti kan hingaggeeffamne ta'uu ibsa.

### 2.1.2. Amaloota Afwalaloo

Afwalaloon amaloota hedduu qaba. Issan keessaa tokko abummamaa dhuunfaa kan hin qabne ta.uu saati.Kunis afwalaloon kan ummata bal'aati malee kan nama dhuunfaa miti jechuudha Amala afwalaloo keessaa inni biroon jijjiramummaadha.Kunis bu'uurri saa hawaasa waan ta'eef amuma jiruufi jireeny hawaasaa jijjiiramu afwaalaloonis jiijjiirama agarsiisa. Dhalli namaa adeemsa jireenyaa keessa abbaa ogummaalee hedduu ta'eera. Ogummaan isaa kunis durii jalqabee hanga ammaatti jijjiirrama garagaraa mul'isaa kan jirudha. Yeroo waliin hojjatuufi waliin jiraatuu kaasee dhalli namaa ergaasaa karaalee adda addaa dabarfataa ture.Har'as dabarfachaa jira.Karaalee kanneen keessaa tokko afwalaloon yaada ofii ibsachuudha. Afwalaloon dhaamsa tokko dabarsuuf kalaqame yeroodha gara yerootti yoomessa qabatamaa siyaas diinagdee hawaasa afwalalichaa irraa kan ka'e jijjiiramni irratti mul'achuu danda'a Kunis fedhiifi akkaataa namoonni dhimma itti ba'anii waliin deemuu kan danda'uu ta'uufi fooyya'aa kan deemu ta'uun afwalaloon jijjiiramaaf saaxilamaa ta'uu mul'isa.Kunis dandeettii namoota dhiyeessanii irratti hundaa'uun foooyya'aa kan deemuu ta'a.Kun ammmoo hawaasichaaf faay'idaa guddaa qaba.

### 2.1.3. Faayidaa Afwalaloo

Afwalaloon faay'idaa hedduu qaba.Ummanni Oromoo afwalaloo jiruufi jireenya guyyuu gaggeeffatu keessatti akka meeshatti gargaarama:Kunis wanta hawwu,fedhu,wanta keessoo saatti dhaga'ame mara:jibbas ta'ee jaalala ibsachuuf dhimma itti ba'a Faay'idaa afwalaloo Finnegan.(1992) yoo ibsitu faay'idaan afwalaloo walmakaadha.Kunis, kan irratti hundaa'u qabiyyee ,yoomessa keessatti dhiyaatu,dhaamsa dabarsuufi amalarratti hundaa'uun kan tajaajilu ta'uu ibsiti.kanaaf faa'idaan afwalaloo miira ibsuuf,cimisuuf,waan yaraa qeequuf waan fudhatama qabu itti fufsiisuuf kan tajaajilu ta'uu saati.

### 2.1.4.Gosata Afwalaloo

Anderzejewsk (1985) afwalaloo Oromoo qabiyyee irratti hundaa'un iddoo gurguddaa lamatti qooduun ilaaluun akka dandahamu yaada kenna.Isaanis, kan yeroo irratti hundaa'e (time bound) fi kan yeroo irraa walaba tahe (time free).

Afwalaloon yeroo irratti hundaahe dhimma siyaasaa, dinagdee, jireenya hawaasummaafi jijjiirama naannoo waliin walqabatee haala yeroo irratti yaada, qeeqaafi ilaalcha ofii ibsachuudhaaf kan Oromoon yeroo gara garaa itti dhimma ba'an irratti xiyyeeffata. Yaada kana Anderzejewsk (1985:410) akka armaan gadiitti ka'a: "Oromo oral poetrys are often deeply involved in the current events of their time; they comment in their public recital and sometimes wield considerable influence over public opinion." Barruun Cerulli, "The Folk Literature of the [Oromo] of Southern Abyssinia" jedhu hirata kana jalatti akka ramadamuu dandahu, Anderzejewskin ibsa.

Afwalaloon yeroo irraa walaba ta'e ammoo, dhimma yeroo waliin walqabatee otoo hintahiin, yeroo kamiyyuu weeddifamuu, geeraramuufi faarfatamuu kan danda'amudha. Kana jalatti, afwalaloon baay'ee beekamaan, weedduu jaalalaafi walaloo amantiiti (Anderzejewsk, 1985:411). Akkasuma. Finnegan.(1970:109) gosoota afwalaloo amantaa, miiroo, siyaasaa, amileessaa, bo'ichaa, hurursa daa'immanii jechuun qooddee.Dabalataan Zalalam(2003) afwalaloo iddoo garaa garaatti qooda.Isaanis weedduu,sirba, ,geerarsa, eebba,faaruufi kkf fa'i.Kunninis damee adda addaa ofjalatti qabachuu danda'u.Qoqqooddii hayyoottaa olii keessaa qabiyyee qorannoo kanaa waliin hidhata kan qaban muraasni akka itti aanuutti dhiyaataniiru.Isanis sirba, geerarsa, eebba,faaruu, weeedduufi kkf fa'i.

#### 2.1.4.1.Afwalaloo Sirbaa

Afwalaloon sirbaa walaloo haala sirbaatiin dhiyaatu garaa garaa kan ofjalatti hammatu ta'ee haala raawwii (performance)fi bakka ykn haala itti raawwatamu (context)adda addaa qaba.Jechi "sirba" jedhu kun sochii qaamaa akka ta'eetti beekkama. garuu, sochii qaamaa osoo hintaane walaloo yeedaloon sagaleeffamee miidhagina gonfatee hurruubummaan dhugoomuudha. Sochiin qaamaa sirba osoo hintaane maqaa ittiin beekkamu kan biraa qaba. Innis, hurruubbii jedhama. Naannoo oromiyaa keessattis hurruubbii gosa adda addaatu argama.Isaanis shaggooyyee, dhiichisa, mirrisa, geelloo,shobotee, kumkummeefi kkf maqaa dhahuun nidanda'ama. (Fedhasaa.2013:53). kanaaf sirbi walaloo yeedaloon weelliifamu yemmuu ta'u, sochiin qaamaa

ammoo hurruubbii yeedaloo sanaa wajjiin deemudha.. Sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa’uun gosoota adda addaatti qoodama. Gosti kunniinis: Sirba jaalalaa, sirba gaa’elaa, sirba hojiifi kkf dha. Qoqqooddiin kunis, waan inni sirbamuuf irratti hundaa’un raawwatama akkasumas yoomessa garaa garaa keessatti rawwatama.Kunis, dhimma jedhamuuf sanaan walqabachuun waltajjii sirbamuun ifooma.

### 2.1.4.2. Eebba

Aadaa Oromoo keessatti eebbii baayyee beekkamaadha. Hawaasichi duudhaafi aadaa qabu kabachiisuuf amanamummaa waliin qabus ittiin cimsuuf kan balleesse ittiin ifachuu, kan gaarii raawwate ammoo ittiin jajjabeessuuf eebbaafi abaarsatti fayyadama.Akka Dirriibii ,(2009) barreessetti, bara safuun eegamaa ture waaqeffataan, bakka dhaabbatee eebbiserra dhaabbatee hinabaaru. Bakka dhaabbatee kakate irra dhaabbatee waaqaaf hin wareegu, Safu hin ibsu. Kanarraa wanti hubatamu eebbiifi abaarsi iddoofi yeroo itti gaggeeffamu qaba jechuudha. Akkasumas Warquun kaawwan (2001: 52) maanguddoo wabeeffachuun eebba yoo ibsu,” Eebba jechuun Waaqa kadhachuudha. Waaqayyo ammoo yoo kadhatan marga, bishaan, hormaata, bultuma, nagaafi kkf nama fida” jechuun hiika itti kenneera.

### 2.1.4.3. Afwalaloo Geerrarsa

Geerrarsi afwalaloo Oromoo keessaa isa tokko ta’ee ummata Oromoo biratti baay’ee beekamaafi jaalatamaadha. Kunis bakka adda addaatti kan geerarama; bakka daboo, iddoo waamichaa adda addaatti yeroo ajjeesuu dhaqaniifi ajjeesanii galaniifi bakkeewwan biroo adda addaatti geerraramuu ni danda’a. Geerrarsi sababa adda addaaf geerrarama. Dhageettii keessoo isaanii, aartii, gaddaafi gammachuu qaban ittiin baafachuu, gama biraatin, tokko ajjeesee geerrara, kaan ammoo yaalee waan milkaa’uu dhabeef aariin geerrara. Tokko qabeenyaan yoo geerraru, kaan ammoo dhabee deegarratti geerrara. Kanaafuu, gerrarsi dhimma adda addaaf geerrarama jechuudha. Asafaa (2004:84) yoo ibsu geerrarsi meeshaa Oromootni bu’aa bahii jireenyaafi diddaa gabrummaa ibsuuf, akkasumas booree baafachuuf dhimma itti bahamu ta’uu isaa addeesseera. Akkasumas Addisuu (1990) “geerrarsi Oromootaaf afwalaloo eenyummaafi biyyummaa isaanii akka ta’etti ibseera”. Geerrarsi miira onnachuu, gammachuu, gadda, xiiqifi kkf dhan kan guuttameedha. Namni tokko gammachuusaa yookaan gaddasaa geerrarsaan ibsata. Kanaaf geerarsi dhimma adda addaatif kan geeraramu ta’uu saati.

### 2.1.4.4. Afwalaloo Hrursa Daa'immani

Afwalaloon hurursa daa'immanii daa'imman bo'aarsaa ergaa adda addaa ittin dabarfachuuf guddiftoonni daa'immanii dhimma itti ba'uu.Kunis daa'imman walaloo walaleeffamuu caaqasuun akka bohaaran taasisuun waan gaarii dhiyyeessufin daa'imman haala salphaan maaltu akkarraa eegamu barachaa kan deeman yoo ta'u xiiyyeffannoon gosa afwalaloo kanaf kenname garuu laafadha. Waa'ee walaloo hurursa daa'immanii  ilalchisee Finnegan(1970) yoo ibsitu afwalaloo hurursa daa'immaniirratti xiyyeeffanoon gama hawaasa Afriikaatiin kenname hin jiru .Ta'ullee guddisa daa'immanii keessatti hawaasni yeroo afwalaloo daa'imman itti sossobanitti dhimma ba'an ni mul'ata jetti..Kunis yeroo daa'imman bo'aniifi bahaarsuu fedhan,akkasumas abdii itti horuufi kkf fayyadamu.Afwalaloon kunis:"Innannee siin jedhinnaa ogguma saawwan galan sii eelminnaa aannee si oobaasinnaa" jechuun bohaarsaa abdii itti hour..

### 2.1.4.5. Afwalaloo Weedduu

Weedduun walaloo aariin,hawwiin,gaddaa,gammachuufi kkfn guutameedha.Namni tokko hawaasa keessatti sababa adda addaarra kan ka'e jaalatee dhabuu danda'a. Waan barbaade argachuuf gufuun itti baayyachuu danda'a.Yeroo kana waan fedhuufi hawwu bira ga'uufis miira keessa galuun weeddisa.Rakkoo xiinsammuusaa ittiin ibsata.Xiiqii keessa galees ijjannoo fudhachuuf weeddisa.. Miira Kana hundaayyuu weedduun calaqqisiisuu danda'a. Weedduun jechoota filatamootti fayyadamuun waan dhiyaatuuf jechoota muraasan dhaamsa bal'aa dabarsa. Weedduun wallee nama tokkoon ykn gareen ;dhiraafi dubarri,dhiraafi dhiira ykn dubaraafi dubara ta'uun sagalee miira namaa tuquun dabaree dabareen wal jalaa qabuun ykn wal dhaggeeffachuun kan weeddifamudha.Kunis  bakkaa bakkatti akkaata itti weeddifamu, yeroon itti weeddifamufi sababa itti weeddifamuf qaba Nagariifi kaawwan (1995:152).

Umuriin weedduu tilmaamatti umurii afaanii waliin walqixa ta'a. Duraan osoo qaroominni hin jiraatiin dura oguma, beekumsa, falaasamni, haallii jiruufi jireenya dhala namaa hundi dhaloota irraa dhalootatti kan darbaa ture afaaniin.Bara barnoonni hin jirree eegalee ogummawwan dhala namaa kan dhalootaf kaa'amee dhalootaaf ittiin daddarbaa ture afaanin Weedduun karaa uummanni Oromoo duudhaa,barsiifata, safuu, amantaa, sirna waaqeffannaa, gaddaafi gammachu isaa ittiin ibsatudha.Weedduun haala garaa garaan keessatti weddifamuu danda'a. Innis namoonni jaalala nama jaallatan tokkoof qaban ,gaddaa ,gammaachuuu ,hawwii, ,fedhii ,quqqaa,

ialalcha keessoo isaaniibissachuuf karaalee adda addaan itti gargaaramu. weedduun nama jaallatan tokkoof jalallee,obboleessa, ,abbaa,haadha,yookiin waan keessa namaitti uumame tokko baasanii ibsachuuf shoora guddaa qaba. Weedduun damee afwalaloo ta'ee, kan hawaasni adeemsa jiruufi jireenya isaa keessatti waan isa muudate ittiin ibsatuudha. Kana jechuun hawaasni tokko jireenya guyyuu gaggeeffatu keessatti bu'a ba'ii jireenyaa; gaddaa, gammachuu, jibbaa, jaalala, hawwii,abdii, hiyyummaa, badhaadhina, bilisummaa, obsaafi ilaalcha ofii qabu mara karaa ittiin ibsatuudha. Kanaafuu, dhimma jireenya isaa guyyaa, guyyaa weedduuwwan garaagaraa kan ergaa hedduu ofkeessatti haammatanitti fayyadamuun keessoo isaa baasee ibsachuun boqonnaa qaamaafi sammuu argata. Weedduun dalagaa keenya guyyaa, guyyaa keessatti faayidaa guddaa kan qabu yoo ta'u weedduun fedhii,jibbas ta'ee jaalala waan tokko irratti qabnu karaa ittiin ifatti baasanii  ibsatanidha. Weedduun yeroofi bakkaa adda addaatti weeddifama Finnegan, (1976:242), , yoomessa weedduu yoo ibsitu yeroo jaalannu hojii hojjennu, daa'imni dhalattu, akkasumas yeroo du'aas haala adda addaafi iddoowwan garaa garaattitti ni faarsina/weeddifna/ jechuun ibsiti. Kun ammoo,dhalli namaa taatewwan guyyaa guyyaan jireenya  gaggeessu keessatti isa muudatu mara toora qabsiisuuf weedduu haala garaagaraa keessatti kan dhimma itti ba'uufi dhiibbaa kan geessisuu danda'u ta'uu saa mul'isa.

### 2.1.4.5.1. Qabiyyewwan Weeduu Jaalalaa

Weedduun jaalalaa akkumaa barreeffamoota walaloo biroo qabiyyee mataa isaa qaba.Qabiyyeen dhaamsa akka waliigalatti weeddichi dabarsu sanarratti xiyyeeffata.Bifiyyeen weedduu jaalalaas haala itti fayyadama jechoota,qusannaa jechoota.unata sagalee jidduu jiru.wal qixxummaa sararooa jidduu yookiin birsagooaafi malleen dubbii weeddicha keessatti dhimma itti ba'ame kan ilaallatudha.Finnegan.(1970) malummaa qabiyyee yoo ibsitu qabiyyeen weedduu dhaamsa weeddichi namootaaf dabarssuudha jetti.

- **Faayidaa weedduu**

Weedduun faayidaa hedduu qaba.Ummanni Oromoo wanta keessa ssatti dhaga'ame :jibbas  ta'ee jaalala ilaalcha qabu mara weedduun  ibsata. .Yaada kana ilaalchsee Finnegan(1970:270) yoo ibsitu "*songscan be used to report and comment or current affairs for political pressure propaganda and to refect and mould public opinion*"jetti.

Yaada kana irraa kan hubatamu, weeddun haala yeroo qabatamaa keessaa jirruun wal qabatee dhiibbaa gama siyaasaan jiruufi ilaalcha hawaasaa kan ibsu ta'uudha.Dhalli namaa miira xin sammuutin socho'a.Dhimma keessoo isaa jiru kamiyyuu fedhiin isaa akka guutamuuf barbaada.Dhimmoonni hawwii, fedhii barbaachafi dhageettin keessa dhala namaa karaa walalootin ifa ba'u. Kunis wantoota faayidaa qabeeyyii dhala namaatin wal qabatan marti faarsa ykn weedduu/walaloo ummatichaa faana hidhata guddaa qabu (Misgaanuu 2011:71).

Faayidaa weedduu ilaalchisee Warquu (2001:119) yoo ibsu, weedduun kan jaalalli qabe abdii jaalalaa isa qabsiisa, hiyyummaafi gadda keessa jirurraa addaan bahuuf,qophummaa itti obsuuf, hadhaawaa jireenya gadadoo keessaa bahuufi kkf kan ittiin calaqqisiisu jechuun ibsa. Haala kanaan weedduun gosa adda addaatti qoodama. Isaanis: weedduu durbaa, weedduu jaalalaa, gootummaa ateetee cidhaafi kkf ta'uu danda'a. Weedduun yeroo baayyee dhuunfaan kan weeddifamu yoo ta'u darbee darbee gareen weeddifamuumis ni oolu. Akka aadaatti garuu baay'uma hurruubbii waliin wal hinqabatu. Dhimmi garee onnachiisu jiraannaan garuu weeddifamuu danda'a. Walumaagalatti, weedduun walaloo miiraa keessoo dhala namaa onneerraa madde ibsuuf ga'ee guddaa kan qabu ta'ee.tarkaanfii fudhachiisuu kan danda'udha. Kanaafuu, walaloon tokko weedduu jedhamuuf miirri onnachuu mul'isu jiraachuu qaba. Bukeenya (1994:85) yoo ibsu "Each gener of oral literature has apart to play in the education of aparticular society. While expressing the feeling of a people and playing the rapeutic role of the song satires an acceptable behavior and warms members against misdemeanor"jedha. Akka yaada hayyuu kanarraa hubatamutti afoolli hawaasa barsiisuuf shoora guddaa kan qabu ta'uu;kunis waan itti dhaga'amee ittin ibsachuun amala badaa hawaasa keessatti calaqqisu ittiin qeequun sirreessuu akkasumas amala gaarii itti jajjadeessuuf kan fayyadu ta'uu saa hubatama.

- **Gosoota Weedduu**

Gosoonni weedduu hedduudha.Isaan keessaa muraasni weedduu ateetee,weedduu loonii, weedduu gootaa, weedduu gaa'elaa,weedduu jaalalaa fa'a.Kunninis yoomessa mataa isaanii qabu. Fakkeenyaf weedduun gaa'eelaa yeroo cidhaa weeddifama weedduun ateetee yeroo ateetee bulfatan kan weeddifamu yoo ta'u.Weedduun jaalalaa ammoo yeroo hojii adda adda hojjatan ,karaa dheeraa deeman, gabaa dhaqan, loon tiksan kophummaan isaanitti dhaga'amu fa'a weeddifama (Misgaanuu,2011) Weedduuwwan kunnin keessaa qorannoon kun kan irratti fuulleeffatu weedduu jaalalaati.Weedduun jaalalaas birkiilee adda addaa ofjalatti hammata.

❖ **Weedduu Jaalalaa**

- **Maalummaa Weedduu Jaalalaa**

Weedduun jaalalaa caalmaan dargaggootaafi shamarraaniin haa weeddifamuyyu malee dardee darbee yoomessa adda addaa keessatti hawaasa maran weeddifama.Kunis yaada keessa namaa jiru sagalee kirolee uumamni badhaase shaakalaan gabbifachuun jaalala nama jaalatan sanaaf qaban basanii ittin ibsachuun dhaamsa adda addaa ittin dabarfatu.Jechoonni weedduun jaalalaa ittiin ibsaman humna cimaa kan qabu,dhaamsa hedduu kan of keessatti hammateedha.(Misgaanuu.2011:74)Tasammaa.T. (2004:13) wabeeffachuun "the Oromo vocabularys and terms used in the songs are not ordinary.They are so deep and are often looded with several meaning and not easy to translate" jedha.Waraabbii kanarraa kan hubatamu jechoonni Ummanni Oromoo weedduwwanf itti gargaaraman hiika hedduu kan qabuufi laayyotti kan hin hiikamne ta'uusaati.Weedduu jaalalaa weeddisaan akka mijatuufitti jechoota marartee,garaa nama raasu,ijjannoo fudhaciisu,garaa murannaa ibsanfi darbee darbee walaloo sarara bo'oo lammaffaa yookiin sadaffaa irra deebiin walaleessee weeddisuun miidhaginaa akka gonfatu taasisuun weeddifama. Gosonni weedduu jaalalaa hedduudha.Isaanis weedduu jalala dhiraafi dubaraa, weedduu jaalala maatii,weedduu jaalala gootaa,weedduu jaalala biyyaafi kkf fa'i.

- **Faay'daa Weedduu Jaalalaa**

Faay'daan weedduu jaalalaa jaalala, hawwii, fedhii nama jaalatan sanaaf qabanifi wanta keessa ofiitti dhaga'ame mara baasanii ittin ibsachuun dhiphina keessaa aara galfachuudha.Akkasumas bashannansisuu,gorsuu,nagaa dhaamuu,qeequu,yaaddoo,obsaa, komii ibsuu,kaadhimaa filachuun bultii hundeessuu, nuffii malee hojii adda addaa hojjachuuf, duudhaa hawaasichaa kabachisuu, dhaamsa gama hundaan jiru dabarfachuufi kkfdha.Weedduun jaalalaa keessoo ofii baasanii ibsachuun fedhiifi hawwii ofii galmaan ga'achuuf ta'uu saati..Wiirtuu Jiilddii 7 .Akka Warquufi kaawwan (2007: 170) irratti jedhanitti weedduun jaalalaa kan jaalalli qabe ittiin garaa raasa. Ibidda jaalalaa itti qabsiisa. Kan gaddaafi deega keessa jiru hiyyoomee biyyaa bahuun addaan jiraachuufi kkf keessatti nama sardamee jiru weedduun garaa booressa; qalbii kakaasa. jaalala keessatti gammachuu, gaddaafi bu'aa bahii jaalalaa hunda ifa godha. Kanaafuu, weedduun jaalalaa jiruuf jireenya hawaasa tokkoo keessatti dhimma jaalalaa qofa osoo hintaane gola dhimma hawaasummaa hunda kan qeequ ta'uu isaa ibsa.

## 2.2. Yaaxxinalee Bu'uuraa Qorannichaa

Yaaxxinaalee qorannoo gaggeeffame kana waliin walqabatan heedduun jiraachuu malu. Haata'u malee, qorannoo kana waliin irra caalatti deemuu danda'u jettee qorattuun kanneen keessaa seeccatee kan itti fayyadamte kanneen armaan gadiiti.

### 2.2.1. Yaaxxina Haalawaa Fookloorii

Akaakuuwwan Fookloorii qorachuuf hayyoonni yaaxina haalawaa fookloorii akka fayyadaman barrreeffamoonni qorannoo nibsu. Yaaxinni kunis yoomeessaafi haala kam keessatti akkaataa kamiin fooklooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanuma waliin walsimatee weedduu jaalalaa keessatti gaa'een hirmaatotaa maal akka ta'e dhams isaan qaban, yeroofi iddoon weedduun itti weeddifamu keessatti hiikkoon isaan qaban yaaxxina haalawaa fookloorii bu'ureeffachuun xinxalame. Kana ilaachisee Sims and Stephens (2005:136) akkas jedhu, "The physical settings and social situations in which members of folk groups share folklore, as well as the relationships among audience members and performers, make up the context of performance."Haala adda addaa keessatti walitti dhufeenyi hirmaattootaafi dhiyeessitootaa firiiwwan fooklooriin dalagamaniif hanniisaa cimaa akka ta'an yaada aramaan olitti ibsame irraa hubanna.Qorannoo kootiifis yaaxxinni addadurummaan filadhee yaaxxina haalawa fooklooriiti. Yaaxxina kana bu'ureeffadhee adeemsa bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa keessatti firiiwwan fookloorii roga adda addaatiin tajaajilan xinxaleera.

### 2.2.2 Yaaxxina Faayidaa

Hayyoonni fookloorii firiiwwan fookloorii xinxaluuf yaaxinni itti fayyadaman keessa inni tokko, yaaxxina faayidaa (Functionalism) akka ta'e, Sims and Stephens (2005:174) addeessaniiru.Akka daayessa kanaattii Fookilooriin faayidaan inni uummataaf qabu maali? isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu olaantummaan mul`ata.Yaaxxinni kun faayidaa fookiloriin hawaasaf qaburratti kan xiyyeeffatudha. Akka yaaxxina kanaatti afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hindanda'u yaada jedhuun kan guutamedha. Yaada kana Bascom (1992:175) yoo ibsu, Fookilooriin hawaasa kamiyyuu keessatti aadaa tursiisuufi kunuunsuun ga'ee guddaa waan qabuuf gama faayidaatiin qo'atamuu qaba. Akkuma hiibboon sammuu qaru, durduriin amala sirreessu dameewwan xixiqqoofi gurguddoon fookiloorii faayidaa garagaraa qaban weeddun jaalalaas jaalala waliif qaban ittiin ibsachuun cinaatti aadaafi duudhaa hawaasni qabu ibsuun naamusa gaariin walfaanaa akka jiraatan

gochuun jireenya hawaasaa keessatti gahee guddaa waan taphatuuf yaaxxinna kanatti fayyadamuun qorannoon kun akka xiinxalamu ta'eera

### 2.2.3. Yaaxxina Bifeessummaa

Yaaxxinni kun tamsa'ineessummaan mormuuf uumame.Kunis qorannoon afoolaa haala qaama gosa fookilooritti barreeffaman guutummaa ijaarsa isaa kan qoratu ta'uu qaba yaada jedhutu ol-aantummaa qaba.Bifeessummaan afoola keessatti ergaafi walitti dhufeenya jargocha keessatti qaban agarsiisuun safuu achi-asdhuftee hawaasaa calaqqisiisa.Bifeessummaan qorannoo afoola Afriikaa keessatti kan mul'atuu ta'uu ibsameera kunis sadarkalee gara garaa keessa darbuun raawwatama.( Alan Dundes) Kanuma bu'uura godhachuun weedduun jaalalaas gosoota afoolaa keessaa tokko waan ta'eef adeemsafi taatewwan imala jaalala keessatti muudatan yaaxxina kanatti dhimma ba'uun xinxaleera.

## 2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Barruuwwan walfakkii jechuun kallattiinis ta'ee,al kallattiin qorannoowwan, qorannoo haaraa kana waliin walitti dhufeenya qaban kan ibsu yoo ta'u, xiinxala walfakkeenyaafi garaagarummaa isaan giduu jiru adda baasuuf kan nu gargaaruudha. Qorannoowwan qorannoo kiyyaan waalitti dhufeenya qaban muraasni haala armaan gadiin sakatta'amuun dhiyaataniiru.

Inni jalqabaa Taaddalaa Ol-aanaa (2008) waraqaa ittii guuttannaa digirii lammaffaa isaa mata duree qaaccessa weedduu lakkoo:haala Oromoo Gaamoo Godina Harargee Lixaa Aanaa Gubbaa Qorichaa kan jedhu yoo ta'u kaayyoon gooroo qorannoo saas weedduu lakkoo Aanaa gubbaa Qorichaa qaaccessuurratti kan xiyyeeffatedha.Qorannoon kunis qorannoo koo wajjin walfakkeenya kan qabu yoo ta'u gosoota weedduu lakkoo adda baa'eera..Tokkummaan qorannoo Taaddalaafi qorannoo koo weedduu dubaraafi dubaraa kan jedhu keessatti lamaanuu gorsuu,jajjabeessuufi nagaa dhaamuun walfakkeenya kan qaban yoota'an garagarummaan isaaniimmoo qorannoon Taaddalaa weedduu fuudhaafi heerumaarrtti kan xiyyeeffatu yoo ta'u qorannoon koo garuu weedduu jaalalaa bifiyyee, qabiyyeefi gosootan adda baasuun xinxaaluurratti xiyyeeffachuu saati .Akkasumas Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduurraa gaggeeffame.Hanga ammaatti Gdina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu keessatti qorannoon bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa irratti gaggeeffame akka hin jirre qorattuun mirkaana'era.

Inni lammaffaa ammoo Seefuu Gaddisaa (2008) waraqaa ittiin guuttannaa digrii lammaffaa isaa mata duree qaacceessa arrabsoo fuudhaafi heerumaa Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboorratti kan xiyyeeffate kan jedhu yoo ta’u,Kaayyoo gooroon qorannoo saas weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo gosoota isaatiin adda baasuun qaaccessuu kan jedhudha.Qoraannoon kunis qorannoo koo wajjin wal fakkeeya kan qabu yoo tahu, weedduu arrabsoo fuudhafi heerumaa kan jedhuu daanga’uu isaatiin garaa garummaa qaba. Kiyya ammoo weedduu jaalalaa bifiyyeefi qabiyyeen gama adda addaatin xiinxaluurratti kan xiyyeeffatedha. Akkasumas Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu keessatti qorannoon bifiyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa irratti hojeetame yookaan qorannoon gaggeeffame akka hinjirre qorattuun mirkanaa’eera.

Inni sadaffaan Tiggist Mirgisaa (2007) barreeffama digirii duraa guuttachuuf mata duree qaccessa ergaa sirba jaalalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii irratti gaggeeffame. Qorannoon Tigisti qorannoo koon walitti dhufeenya kan qabu yoo ta;u walfakkeenyaafi garagarummaan akka itti aanutti ibsameera.walfakkeeny; Qorannoo lachan keessattuu afwaalaloowwan weedduu jaalala hawaasa keessaa walitti qabamaniiru.Akkasumas barreeffamatti jijjiirun dhaamsa qabaniin qaacceeffameera. Lamaan keessatuu faayidaan weedduu jaalalaa ibsameera. Garaa garummaan qorannoo lamaanii ammoo qorannoon koo weedduu jaalalaa bifiyyee,qabiyyee, akkaakuu weedduu jalalaa garaa garaa;weedduu jaalala dubaraafi dubaraa, obboleessaa, abbaa, haadhaa, gootaafi biyyaa xinxaaluurratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u qorqnnoon Tigistii garuu gosoota weedduu jaalalaa keessa tokko qofarrtti kan xiyyeeffatedha.Innis:weedduu jaalala dhiiraafi durbaa kan addeessudha Akkasumas qorannoon koo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduurratti gaggeeffame.

### 2.4. Lufiinsaafi Fufiinsa

Dur ummanni Oromoo utuu akka ammaa kana amantaan adda addaa hinbaay’atiin, amantaa tokko qofa qaba ture.Amantaan kunis “waaqeeffanaa” jedhama. Innis waaqa Oromoo ganamaa kan ta’e waaqa tokkichatti amanuufi waaqeessuudha.Bakki ummanni Oromoo waaqa uumaasaa kana itti kadhatus malkaafi Tulluutti. Bakka kanas kan filataniif,Malkaan naannoo bishaan qulqulluun jirudha. Kunis Waaqayyoo qulqulluudha yaada jedhu kan ibsuufi Waaqayyo jalqaba yeroo supheerra nama uume naannoo lagaattidha yaada jedhu qabachuun gara malkaa dhaqanii kan isaan Waaqa kadhataniif.haata’u malee Sababii dhiibbaa amantaa garaa garaafi sirnoota

mootummaan duudhaan Oromoo akka laafaa deemu ta'aa dhufeera. Akkasumas weedduun jaalalaa sababa guddina teeknolojii irraa kan ka'e yoomessa isaa gadi dhiisaa dhufeera. Haalli itti yoomessa isaa gadi dhiisaa dhufe kunis haalli jiruufi jireenya hawaasaa kan duraatirraa waan jijjiirameefidha. ObboKabbadaa Asnaaqaa (5/6/2012)

Kunis osoo teekinolojiin hin babal'atin dura weedduu jaalalaa jaalalleewwan akka meeshaa wal quunnamtiitti kanitti tajaajilamaa turan yoo ta'uu Kan amma ammoo baayuma itti hin dhimmaman. .Dargaggoonni yeroo ammaa shamarree jaallatan tokko argachuuf dhamaatii baay'ee hinqaban. Kunis bakkuma jiran taa'anii moobaayilii fayyadamuum hawwiifi fedhii keessoo isaanii ibsachuun akka salphaatti kan jaalatan harkatti galfachuu waan danda'aniifidha.Dur Oromoon naannoo isaarraa fagaatee ilma isaa fuusisa akkasumas intala isaa naannoo irraa fageessuun heerumsiisa.Kunis fira naannoo qofa osoo hintaane firri alaalaa barbaachisaa ta'uu isaa waan hubateefidha. Yeroo ammaa garuu jaalalleen kan wal jaallataniis ta'e kan wal fuudhaan laga tokkollee osoo hin ce'in naannuma sanaati.Kunis wal arguuf akka isa fagoo rakkoo hinqaban. .Dabalataanis ammayyuummaa amma dhufeen yeroo barbaadaniifi bakka barbaadanitti wal arguuf caarraa guddaa qabu.Kunis karaa mobaayiliin akka durii qaamni sadaffaan osoo gidduu hingalee dhamsa isaan gidduu jiru akka salphaatti walii daddabarsaa walii galuun jaalalatti seenu.Yeroo barbaadaniittis wal arguun haala jireenya saanii fuulduraarratti mari'atu. Kanaaf weedduun jaalalaatif baay'ee iddoo hin kennaniif jechuudha.Sababni isaas weedduun jaalalaa kan weddifamuufis jaalallee ofii ofitti hawwachuuf, garaa laafifachuuf, ofitti fiduuf ykn harka keessa galfachuufi wanta keessa ofiitti dhaga'ame mara ittiin ibsachuudhafi. Kanas kan gochaa turan dargaggoo Oromoo warra duriiti, .Kanneen ammaa waan aadaa dagachaa dhufaniiru.Aadaafi safuu hawaasaa eeguun laafaa dhufeera.Harka wal irra kaawwatanii magaalaas ta'ee baadiyyaa keessa deemu, hawaasa keessa jiraataniif kabajni jiru laafaadha..Haalli kunis isaan biratti akka qaroominatti ilaalama.

Dur dubarri gurbaa waliin osoo hin heerumiin deemtu hawaasa keessatti ija addaan ilaalamti, hawaasa keessaa adda baati.,Hiryoota ishii birattis kabajafi jaalala hin qabdu akka kabajaa ishee gattetti ilaalamti. Durbi kabaja durbummaa ishee hin eegganne ammoo hawaasa keessatti fudhatama hin qabdu.Kanaaf jecha baay'ee of eegdi. Kun garuu, yeroo ammaa keessa xiqqaachaa dhufeera.Ilaalchi hawaasichaa garuu ammas ittumafufaadha.Shamarraan yeroo ammaa kabaja durbummaa isaaniif iddoo guddaa hin kennan. sababa kanaan kan ka'ees, yeroo

bultii ijaarratan abbaa manaa isaanii waliin waan wal dhabaniif baay’een isaanii bultii diiganii gargar bahun rakkoo adda addaatif saaxilmoo ta’u.Gaafuma cidhaa  afwalaloo yoo fiddee dhuftee manni kee mirgaa deeny kee ilmaa yoo dhiiftee dhuftee manni kee bitaa boru deebitaa jedhu weeddisuufin akeekkachiisu.  yoo obese waliin jiraatees umurii ishii guutuu saalfachaa abaaramaa hafti..Kanaaf ilaalchi,aadaafi duudaan hawaasichaa kabajamaan jaalala cimsu kun jiruufi jireenya dhala namaa miidhaksee itti fufsiisuuf ga’ee guddaa waan qabuuf kabajamuu kan qabu ta’uu agarsiisa.

# BOQONNAA SADII

## 3. Malleen Qorannichaa

Boqonnaa kana keessatti tooftaa qorannichaa, iddattoo, mala iddatteessuu, madda ragaa, malleen funaansaa ragaaleefi malleen qaaccessa ragaa qorannicha keessatti itti gargaaramuuf filatamantu dhiyaate.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa yaaxxina haalawaa, yaaxxina,faayidaafi bifeessummaa giddugaleeffachuun bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa ija siyaas diinagdee ilaalcha ummataa xinxaaluudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uufis mala qorannoo akkamtaatti dhimma ba'ame. Sababni isaas, malli kun haala jiruufi jireenya hawaasaa mara jechaan ibsuuf waan fayyaduufidha. Kanamalees, malli kun gaaffiwwan: maalif? akkamitti? jedhan gadifageenyaan xiinxaluuf waan gargaaruufidha.Addunyaa,(2011:63) yaada kana yoo ibsu "qorannoon tokko haala ibsuu irratti xiyyeeffata yoo ta'e saxaxni isaa akkamtaadha. Haaluma kanaan, qorattuun hawaasni Oromoo Aanaa Jalduu weedduu jaalalaan dhaamsa akkamii akka dabarfatufi akkaataa kamiin dhimma akka itti ba'u ragaa jechaan funaanuun qindeessitee mala kanatti fayyadamuun xiinxalte.

### 3.2.Madda Ragaalee Qorannichaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa maadda ragaa tokkoffaadha. Maddi ragaa tokkoffaan kunis, namoota waa'ee weedduu jaalalaa irratti hubannoo qaban ta'anii; sadarkaa garagaraa keessatti argaman yommuu ta'an isaanis Aanaa Jalduu gandoota adda addaa keessatti kan argamanidha.

Qorannoo kana keessatti madda raga ta'uun odeeffannoo irraa funaannachuuf kan karoorfame hawaasa Aanaa Jlduu jiraatan keessaa dargaggoota ,shamarraan ,ga'eessotaafi maanguddoota dhimmicha irratti raga kennuu danda'u jedhamanii abdataman ta'u.

### 3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorattuun qorannoo kana geggeessuuf mala iddatteessuu miti carraa keessaa mala iddatteessuu akkayyoofi iddatteessuu darbaa dabarsaatti fayyadamte. Sababni malli iddatteessuu akkayyoo filatameefis, namoonni hundi qabiyyee weedduu jaalalaa irratti beekumsa walfakkaataa waan hin

qabaannefidha.Kana jechuunis dhimmicha irratti namni irra caalaatti odeeffannoon irraa argamu waan jiruufidha. Yaada kana Dastaan (2013:136) yoo ibsu "yemmuu mala kana fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeef-kennitoota itti yaannetuma filanna"jedha.Haaluma kanaan, namoota weedduu jaalalaa irratti hubannoo qaban kan qorattuun ofii beektu gandoota afur keessaa namoota kudha lama fayyadamte. Kanamalees, malli darbaa dabarsaa kan filatameef, namoota qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu kennan iyyaafachuun, itti guutinsa odeeffannoo argameetiif namni odeeffannoo kenne sun kan biraas akka heerufidha. Haaluma kanaan, qorattuun namoota bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa irratti hubannoo qaban kan ofii ishiitiif beektu irraa odeeffannoo funaannachuun cinaatti, namoota sanatti fayyadamuun namoota dhimmicha irratti hubannoo qaban biroo ja'a qunnamuun odeeffannoo barbaaddu funaannateerti. Sababni isaas,dhaamsi weedduu jaalalaa argamuu kan danda'u, namoota weedduu jaalalaa, aadaafi duudhaa uummatichaa beekan barbaaduuniifi iyyaafachuun barbaachisaa waan ta'eefidha. Gabaabumatti, qorattuunn namoota bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa irratti kanneen hubannoo qaban, dargaggoo afur shamarran afur ga'eessota ja'aafi maanguddoota afur kan qorattuun ofii ishee beektufi iyyaafannoon kan bira geesse irraa odeeffannoo funaannaterti. Kun ammoo, amma odeeffannoo argadhutti kan itti fufte waan ta'eefi malee baayyinni isaanii waanta biraan kan daanga'e miti.

### 3.4.Malleen Funaansa Ragaa

Malleen funaansa ragaa qorannoo kana geggeessuu keessatti dhimma itti ba'aman afgaaffii, daawwannaafi marii garee turan.

#### 3.4.1. Afgaaffii

Qorattuun mala funaansa ragaa kanatti fayyadamuun odeeffannoo kennitoota biratti qaaman argamtee gaaffii gaafachuun irra deebin ibsuufin odeeffannoo fudhatte.Dastaa (2013:111) yoo ibsu "Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon itti funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan qorataafi odeef-kennaan (informant) fulleetti wal arganii odeeffannoo walii kennan"jedha..Gaafileen gaafataman kunis gaaffii banaa yaada odeef- kennitootaa kan hin daangessne dhiyaateera.Kunis gaaffiiwwan yaada odeef keennitootaa guutuun akka kennaniif milkii uumera,Haaluma kanaan gaaffiiwwan banamoo; kanneen faay'idaan weedduu jaalalaa maal?,hirmaattonni weedduu jaalalaa eenyu fa'a? bifiyyeefi qabiyyeen weedduu jalalaa keessatti haala kamiin mul'ata?

weedduun  jaalalaa yoomessa akkamii keessatti weeddifama? jedhaman Fa'a shamarran afur dargaggoota afur ga'eesota lama maanguddoota lama walumaa galatti namoota kudha lama gaafachuun muuxannoofi beekumsa bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa irratti deebii quubsaa akka deebisan taasisuun odeeffannoowwaan barbaachisoon funaannamaniiru. Kunis, shamarran, dargaggoota, ga'eessotaafi maanguddoota weedduu jaalalaa irratti beekumsa olaanaa qabu jedhamanii yaadamaniifi weedduu jaalalaa weeddisuun muuxannoo yeroo dheeraa kanneen qaban yommuu ta'an, isaanis haaluma gaafatamaniin  odeeffannoo quubsaa kennaniiru.

### 3.4.2. Daawwannaa

Qorannoo kana keessatti ilaalaa hirmaachuun hojii qorannoo kanaa caalaatti qabatamaa taasisuu irra darbee dhugummaa qorannichaa mirkaneessa.Hojii  kana keessatti iddoofi naannoo isaa ilaalaa hirmaachuun hojiilee adda addaa qorattuun raawwate keessaa isa tokkoodha. Hojii qorannoo kanaa keessatti odeef- kennitoota weedduu jaalalaa beekan kan aanaa Jalduu ganda Ilaala Waddeessaa biratti qaamaan argamuun haala weeddun jaalalaa itti weedifamu bifiyyeefi qabiyyee isaa waliin yeroo isaan weeddisan bifa daawwaannaan ragaa ishii funaannatteerti. Kunis haala weedduun jaalalaa iitti weeddifamu, haala keessatti weeddifamuufi eenyun eenyuuf akka weeddifamu daawwachuun bifiyyeefi qabiyyeen isaa ilaalameera. Kunis odeeffannoo bifa afgaaffiin funaannachuun cinaatti haala qabatamaan ilaalaa ragaa funaannachuuf daawwannaan kun qorannoo kana milkeessuu keessatti gahee olaanaa taphateera.

### 3.4.3. Marii Garee

Malleen funaansa ragaa qorannoo kana keesatti dhimma itti ba'aman keessa inni sadaffaan marii gareeti. Sababni malli funaansa ragaa kun barbaachiseefis dhugummaa ragaawwan mala biroon walitti qabaman mirkaneeffachuun cinaatti odeeffannoowwan bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa ilaalchisee wantoonni hafan yoo jiraatan qulqulleeffachuuf murteessaadha jedhamee waan yaadameefidha. Qabxiin ijoon marii faay;idaan weedduu jaalaa maali? Eenyun eenyuuf weeddifama?yoomessaa akkamii keessaatti weeddifama bifiyyeefi qabiyyeen weedduu jaalalaa keessatti mul'atu maali? Fakkoommin weedduu jaalalaa keessatti haala kamiin mul'ata? Fa'a yoo ta'an Kunis gaafilee af-gaaffiin dhiyaatan keessaa murtaa'oo irra deebi'uun gaafatamaniiru

Bu'uuruma kanaan, mala kanatti fayyadamuun marsaa tokkoffaaf namoota beekumsa qabiyyee weedduu jaalalaa, irratti qabu jedhamanii yaadaman kanneen gandoota garagaraa afur keessa

jiraatan keessaa, dargaggoo tokko ga’eessa tokkoofi maangoddoota afur walumaagala namoota ja’a bakka tokkotti fiduun gaaffii isaaniif dhiyaate irratti mari’achuun akka deebisan taasifameera.Kunis kan ta’eef wiirtuu garaa garaa irraa waan filatamaniif wal gitinsa umriin hirmaachisuun ulfaata waan ta’efidha.Isaan keessaa maanguddoonni lama afgaaffii irratti kan hin hirmaanne yoo ta’u gaafilee mariif dhiyaatan irratti marii hoo’aa taasisuun haaluma gaafileen deebii barbaadame keennaniiru..mariin garee 2ffaan ammoo dargaggoo tokko shamarraan lama ga’essota sadi walitti namoota ja’a bakka tokkotti flduun gaaffii isaaniif dhiyaate irratti mariin taasifameera. Marii garee lammaffaa kana keessattis shamarri tokko afgaaffis ta’ee marii garee tokkooffaa keessatti kan hin hirmaanne yoo ta’u deebii garee tokkoffaan kan walfakkaatu ta’ee caalmatti marii bali’aan gaggeeffamun deebiin haaluma gaaffileen deebi’aniiru.Kunis namoota aadaa, duudhaa hawaasichaafi weedduu jaalalaa irratti hubannoo qabaniin kan geggeeffame yoo ta’u odeeffannoon malleen funaansa raga biroon argameefi beekumsi waa’ee namoota sanaa kan qorattuun ofii qabdu, ragaa biiroo aadaafi turizimii bulchiinsa Aanaa Jalduufi namoota biroo dhimmicha irratti hubannoo qaban irraa argameen kan tilmaameedha

### 3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoon malleen funaansa ragaa adda addaatiin funaannaman haala armaan gadiitiin qindaa'uun bifa qulqulleeffataan qaacceffaman.

Dursa bifiyyeefi qabiyyee weedduu jaalalaa kanneen malleen funaansa ragaa gara garaatiin walitti qabamantu mataduree matadureen qoqqoodamuun kaa’aman. Sana booda raagaaleen funaannaman sun kaayyoo waliin deemuufi gaaffilee ka’aniif deebii quubsaa kennuu danda’uu isaanitu ilaallame. Erga sun mirkanaa’een booda, ragaalee bifa sagalee, suur-sagaleefi fakkiin funaannamantu irra dedeebi’amee dhageeffachuun gara barreeffamatti jijjiruun ragaalee barreeffamaan funaannaman waliin qindeessuun qaacceffaman.

# BOQONNAA AFUR: RAGAA DHI’EESSUUFI QACCESSUU

## 4.1 Xinxaala Bifiyyeefi Qabiyyee Weedduu Jaalalaa

Boqonnaa kana keessatti qaaccessa ragaalee maddawwan adda addaa irraa mala funaansa ragaa boqonnaa sadii jalatti ibsamaniin dhimma bahuun funaanamantu dhihaate. Isaanis kan akka odeeffannoo afgaaffii, daawwannaafi marii gareetiin walitti qabaman yoo ta`an haala qabatamaa keessatti dhiyaataniin qabiyyeefi bifiyyee isaanii irratti hundaa’uun xiinxalamaniiru. Xiinxalli kunis akkaataa armaan gadiin dhiyateera. Kunis Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu keessatti gandoota qorannoo kana adeemsisuuf filataman deegartoota qorannoo waliin deemuun ykn dhaquun ragaan bifa sagalee, suuraafi barreeffamaan funaanamee jira. Ragaan sagaleen waraabamaniifi suuraan fudhataman dhuma irratti akkaataa hiikaa, bifiyyeefi qabiyyee isaaniitiin barreeffamuun dhiyaatanii jiru.Kunis akkaataa kaayyoo qorannoo kana galmaan ga’uu danda’anitti bifa itti aanuun xinxaalamaniiru..

### 4.1.1. Xiinxala Bifiyyee Weedduu Jaalalaa

Bifiyyeen weedduu jaalalaa keessatti mul’atu ;waliin deemsa sararoota jidduu jiru, qusannaa jechootaafi saddoommii keessatti argaman adda baasuun xinxaaluurratti kan xiyyeeffatuudha . Mataduree kana jalattis weedduleen dhiyaataan unkaa, caasaa ijaarsaafi qindoomina isaan ittiin dhiyaataan,walqixxummaa sararootaa,qusannaa jechootaafi unata sagalee jiddu galeeffachuun xiinxalameera. Xiinxalli kunis walaaloon weeddulee xiinxalaman dubbii qoolaa akkamiitti akka gargaaramaniifi buufata akkamii akka qaban xiinxalameera.

1. Kaleessa guyyaa sanbataa
   Shuggeen leenca qeera’ee
   Bareedduu ija qeerransaa
   Mudhiin leenca beela’ee

2. Yaa Dabalee jetti laga Waayyuu gamaa
   Mudhiin qabaa guuttu morm taakkuu lamaa.
   Dargaggoo Abdii Warquu 27/6/2012

Af-walaloo weedduu armaan olii kana keessatti bo’oon walaloo kanaa unata utaalaa kan qabuudha. Kanaaf unanni ykn mana rukuttaan walalaloo kanaa bo’oo tokko utaalee isa itti aanu irratti waan mana rukutuuf utaalaa ta’uu isaa xiinxalameera. Akkasumas sadoommii dubbii

qoolaa ukukkubeen gargaaramee weedduun jaalalaa kun weeddifameera. Sadoommii ukukkubeen ammoo yaada tokko amma malee olkaasuufi amma malee gadi buusuun waan mul'atuuf weedduu walaloo olii kana keessatti sadoommiin bifa lama mul'achuun isaa xiinxalameera. Inni tokkoffaan amma malee ukukkubanii gadi buusuun ni mul'ata. Kunis, "Shugeen leenca qeera'ee" jechi jedhu leenci akkuma salphaatti kan hin qeera'amne ta'uu isaa fi sadoommii ukukkubee akka malee gadi buusuu ta'uu isaa xiinxalameera. Inni lammaffaa ammoo sadoommii ukukkubee akka malee olkaasuun ni mul'ata. Sadoommii kana keessatti gaaleen "Mudhiin leenca beela'ee" jedhu keessatti ammoo walaloon weedduu kanaa ukukkubee amma malee ol kaasuun ibsuu isaa bifiyyee walaloo weedduu jaalalaa kana keessatti qaacceffameera Akkasumas buufata walaloo lammaffaa keessttis saddoommiin ukukkubee bifuma duraatin mul'ateera.Kunis mudhiin jalallee weeddisaa qabaa harkaa kan hin guunne ta'uu akka malee gadi buusee ibse.Dabalataanis weedduu kana keessatti gaaleen "morm taakkuu lama"jedhu saddommii ukukkubbee amma malee olkaasee dhiyeessen xinxalameera

3. Yaa kaleess yaa guyyaa
Re'een baala kutattu
Yaa bareeddu akka durbaa
Qe'ee keenya qubattuu

4.Yaa qeesii ka'ii tamaarii
Faranjiin seente gibbii kee
Yaa geexii akka biyya baarii
Barbaadeen dhabe likkii kee.

Obbo Baqqalaa Tolasaa (12 /7/2012)

Afwalalon weedduu jaalalaa bifa saddoommii akkasaa qaban jechoota 'akka' buufata walaloo tokkooffaafi lammaffaa keessatti kan argamu sadoommii ykn dubbii qoolaa akkasaatti dhimma ba'ameera.Akkasumas wal qixxummaa sararootafi birsagootaa kan qabudha. Kanaf, bifiyyeen walaloo kanaa "Yaa bareedduu akka durbaa" jedhaman fayyadamuun waan tokko waan birootiin wal bira qabsiisanii ibsuudha. Kunis waan hin beekamiin sun akka beekamu taasisa.Dabalatanis wal-qixxummaa sararootaafi unata sagalee utaalaa qabaachuu xinxaalameera.

5. Yaa okkotee naadanfii
Amumman daakeen marqaa
Yaa Dulla naa shararrii
Yaa tulluu gad- naa jedhii
Namuman yaaden argaa.

6. Yaa Fayy'isaa abbaa Walluu
Diggoorra shaashii mare
Sagalee gad naa qaphuu
Qilleensi baaltii baree.

Adde Mintuu Badhaadhii( 27/5/2012)

Walaloon weedduu jaalalaa buufata tokkoffaarrtti argamu unata sagalee bo'oo sadaffaa irratti argamuudha. Kanaaf, bifiyyeen walaloo weedduu kanaa keessaa akka unataatti yoo ilalame unata utaalaa ta'uu isaa xiinxalameera. Akka sadoommiitti ammoo sadoommii namoomsuu akka fayyadame xiinxalameera. Fakkeenyaaf "Yaa tulluu gad- naa jedhii" jedhu keessatti tulluu akka namaatti dhimma itti ba'uun mul'ateera. Dabalataan buufanni walaloo weedduu jaalalaa inni lammaffaanis unanni isaa bo'oo tokko kan utaalu ta'ee sadoommii inni dhimma itti ba'e akkuma isa buufata tokkoffaa namoomsuudha. Fakkeenya amala namaa qilleensaaf kennuun "Qilleensi baaltii baree" kan jedhu qilleensa akka namaatti gargaarame waan ta'eef bifiyyeen weedduu kana keessatti mul'atu sadoommii namoomsuu ta'uu isaa xiinxalameera

7. Yaa qadaada Okolee
Okoleen dhadhaa qabdii
Yaa magaallan Osolee
Osoleen nagaa qabdii.

8. Roobi (x2) yaa gannaa
Taltallee waraabbannaa
Booyi (x2) yaa garaa
Takkallee walsammaa

Dargaggoo Abdii Warquu (27/ 6 /2012)

Walaloon weedduu jaalalaa olii buufata jalqabaa unata sagalee bo'oo sadaffaa irratti argamuudha. Kanaaf bifiyyeen walaloo weedduu kana keessaa akka unataatti yoo ilaalame unata utaalaa ta'uun isaa xinxaalameera..Buufanni lammaffaan ammoo bifiyyeen walaloo weedduu

kana akka unataatti yoo xinxaalame unata walfaanee yoo ta’an sararoonni buufata walaloo kana keessatti argaman martuu unata sagalee wal-faanee kan mana rukutan ta’uusaa xinxaalameera. Gama biraan ammoo buufata walaloo lameen keessattuu saddoommii namoomsuutti dhimma kan ba’ame ta’uu saati.Saddoomin namoomsuu wanta lubbuu hin qabne akka waan lubbuu qabuutti itti haasa’u.kunis waqtii akka namatti itti haasa’amuu sati.

9. Alaltuuttan garba daakee
Shiroottan dheedhii ammaaree
Dhalattuuttan maankaraaree
Dhi’oottan deebii walaalee

10. Salaaletti galanii
Shugguxii malee maa hidhatanii
Magaallee jaalatanii
Dhukkuba laphee maa himatanii.
Salaalee zalalamiii
Yaa sabbata too naa araaramii

Dargaggoo Abdii Warquu (27/ 6 /2012)

Walaloo weedduu jaalalaa buufata tokkoffaafi lammaffaa oliitti argamu unataan yoo ilaalle unata walfaanee ta’anii sararoonni walalichaa tokkoffaafi sadaffaan,lammaffaafi arfaffaan kan wal gitaniifi hundi isaanii mana kan rukutan yoo ta’an bifiyyeen weedduu walaloo kunninii unata saanin yoo ilaalle unata walfaanee ta’uun isaafi walitti yoo deebi’an wal qixxummaa sararoota lamaan gidduutti kan mul’atu ta’uu xinxaalameera.

11. Yaa kalaalaa gubattuu
Gurbaan mulluu naqataa
Yaa alaalaa mul’atuu
Akka tulluu dhalataa.

12.Yaa geeshoo daraarinii
Yoo daraarte balatti deebituu
Yaa suubboo maratinii
Yoo maraatte qeerrotti deebituu.

Walaloo weedduu jaalalaa buufanni tokkoffaan unata sagalee bo'oo sadaffaa irratti argamuudha.kanaaf bifiyyeen walaloo weedduu jaalalaa kana keessatti argamu unataan yoo ilaalamee unata utaalaa ta'uun xinxaalameera akkasumas saddoommii akkasaatti dhimma ba'ameera.Kanaaf bifiyyeen weedduu kanaa "Akka tulluu dhalataa"jedhu fayyadamuun waan tokko wanta biraatiin walbira qabuun miidhagsee ibsa..Kunis wanta hin beekamne akka beekamu taasisa.Buufanni walaloo weedduu lammaffaa ammoo unataan yoo ilalame unata utalaa bo'oo sadaffaa yoo ta'u saraoonni tokkoffaafi sadaffaa akkasumas lammaffaafi arfaffaa wal gitu.Kanaaf bifiyyeen walaloo weedduu kanaa unata utaalaa ta'uun isaa xinxaalameera.

13. Gaachanni gaachaana caaluu
Caale kaa gaachaanni Booyyee
Jaalalli jaalala caaluu
Caale kaa jaalalli joollee

14. Ejeree waraabbannaa
Laga Ejeree santu boorofnee
Egere wal-jaalannaa
Bara egeree santu moofofnee

Walaloo weedduu olii buufanni tokkoffaan gama unata sagaleen yoo xinxaalame unata sagalee utaalaa bo'oo sadaffaati.Akkasumas sararoonni walaloo bo'oo tokkoffaafi sadaffaa kan wal-gitan yoo ta'an gama qusannaa jechootatiin buufata tokkoffaa keessatti walaloo bo'oo tokkoffaafi sadaffaan hi'entaan akka walalichaaf miidhagina kennutti ta'ee liqifamee waan irra darbameef qusannaan jechaa kan qabuufi weedduun jaalalaa jechoota muraasan dhaamsa gadifageenya qabu,quuqama keessoo nama jiru kan dabarsu ta'uu saati.walaloon buufata lammaffaas unata sagalee utaalaa bo'oo sadaffaa kan qabu yoo ta'u akkumaa buufata tokkoffaa miidhagina walalichaaf irra darbameera.Kunis bo'oo lammaffaafi arfaffaa irrati. .Knaaf bifiyyeen weedduwwan kanneenii unata sagalee utaalaafi qusannaa jechootan xinxaalameera.

### 4.1.2.Xiinxala Qabiyyee Weedduu jaalalaa

Weedduun jaalalaa dhimmoota miira jaalalaa keessa namaatti dhaga'amuun qabiyyee adda addaan yoomessa adda addaa keessatti weellifama.Weedduun kunis gooroofi gooree garagaraan dhiyaateera.Goorewwan weedduu jaalalaa kunis qabiyyee adda addaatiin xinxaalamaniiru.

Gosoota  weedduu jaalalaa akka odeefkennitoonni tarreessanitti weedduu jaalala; dhiiraafi dubara, dubaraafi dubaraa, dhiiraafi dhiiraa, gootaa maatii, biyyaafi kkf tarreessaniiru.

### 4.1.2.1.Weedduu Jaalalaa Dhiiraafi Dubaraa

Weedduun jaalalaa dhiiraafi dubaraa koorniyaa lamaan giddutti kan ittiin jaalala waliif ibsuun ittin wal leellisaniifi wal jajan yoo ta'u akkasumas jalaala keessaa walitti bu'insa dhalateen jibbinsa walirraa qaban yemmuu ittiin walqeeqan ni mul'ata. Weedduun kunis bakka adda addaatti weeddifama. Dubartoonni iddoo qoraan cabsanitti, yemmuu gabaa deeman, iddoo cidhaatti, migira guuran,midhaan daakan, yemmuu daboo, yemmuu daadoofi wkf ni wellisu. Dhiirri ammoo yemmuu loon tiksu, yemmuu bosona dhaqu, iddoo cidhaatti, yemmuu daboo, yemmuu gabaa deemuufi kkf quuqama gama adda addaatiin jiru ittiin ibsachuuf akkasumas jaaalala jaalallee ofiitif qaban mul'isuuf ofitti hawwachuuf sagalee kiloolummaa qabuun ni wellifama (obbo Dhaabaa Abdii,dargaggoo Saamu'eel Tsaggaayeefi durbee Daraartuu Daamxoo gaafa guyyaa (25/5 ,8/6 fi 4/6/2012).

#### 4.1.2.1.1.Weedduu Jaalalaa dhiirafi Dubaraa Sona jaalalaa ibsan

Weedduun jaalalaa sona jaalalaa ibsan hawwii jaalalaa keessa namaa seene karaa ittiin foddaa jaalalaa banuuf barbaadaniidha. Adeemsa kana keessatti dhiirris ta'ee dubartiin karaa ittiin jaalalaan qabamuu ittiin ibsachuuf jechoota mimmidhagoofi miira namaa hawachuu danda'uun ibsataniidha.Kunis irra caalatti dargaggeessan kan weeddifamu yoo ta'u miidhagina shamarree jaalatee sana rifeensa mataa amma miilatti ibsuufin kiyyoo jaalalaa keessa galfachuuf weeddifama.

Dhiiraafi dubara gidduu miirri jaalalaa cimaan kan uumamaan jiru ta'ee, hawaasa Oromoo biratti dargaggeessiifi shamarran hawwiifi fedhii jaalalaa keessa isaanii jiru kallattiin ittiin baasanii waliif ibsan weedduu jaalalaa jedhama. Kunis weedduun jaalalaa Aanaa Jalduutti weeddifaman muraasni akka kanaa gadiitti dhiyaataniiru. Weedduun kunis yeroo baay'ee kan weeddiffamu namoota umurii dargaggummaa keessa jiraniidha(.Obbo BaqqalaaTolasaa12/7/2012)fi adde Warqituu Fiqaaduu (15/7/2012)

Weedduu jaalalaa keessatti wal jajuun bal'inaan mul'ata.Kunis jaalalleewwan lamaan jechoota filatamoo garaa nama booressutti fayyadamuun amala,bifaafi miidhagina ishii ykn isaa ibsuun wal faarsu jajatu akkasumas wal dinqisiifatu.Dargaggoonnifi shamarraan Oromoo Godina

Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu jechoota filatamoo miira jaalalaatin guutamen walii weeddisuun wal faarsu wal jajjabeessu dhaamsa garaa garaa gama hundaan jiru walii dabarsu.Kunis haala itti aanuun xinxaalameera.

15. Shukutee karaa shaboo
Giincii karaa Shaggarii
Nugusee kitaaba too
Giiftii maqaa sagalii

Afwalaloo weedduu olii bo'oon jalqabaa lamaan wal hunata walalichaaf gumaachuu cinaatti kallattii magaalaan Shukuteefi Giincii itti argaman kan agarsiisu yoo ta'u bo'oo sadaffaafi arfaffaan ammoo "nugusee kitaaba too,giiftii maqaa sagalii"jedhu nugusee jechuun mootii ykn miidhagagduu koo jechuu yoo ta'u jechi "giiftii"jedhu afaan Amaariffaatti afaan Oromootin haadha biyyaa jechuudha.Kanaaf amalafi beekumsa ishii kitaaban fakkssuun cimtuu, waan hedduu kan irraa baratamu ta'uu dargaggeessi shamarree jaalate kan dinqisiifatu ta'uu mul'isa.

16. Aatatu gabaa jirtii
Dasiin asiin dabartee
Lallaaftuu akka daa'imaa
Lasii akka baala warqee
Obbo BaqqalaaTolasaa12/7/2012)

Afwalaloo weedduu dinqisiifachuu ibsu oliirraa wanti hubatamu bo'oo sadafaafi arfaffaa "lallaaftuu akka daa'imaa lasii akka baala warqee"jedhu Gurbaa dhiiran kan weeddifamu yoo ta'u dargaggeessi shamarree jaalate amala maalummaa ishii dinqisiifachuun qabbanooftuu kan nama hin miine amala gaarii qabachuu ishii malleen dubbiitti fayyadamuun dinqisiifachuun jaalala ishiif qabu kan ibsatu ta'uu agarsiisa.Bo'oon jalqabaa lamaan ammoo wal simanna walalichaaf gumaachuu cinaatti dhaamsa fuulletti ba'i jedhu kan dabarsu ta'uu agarsiisa.

17. Akaakayyuun koo du'ee
Baga akkoonkoo naaf hafftee,
Anoo shaashiin siif bitaa
Gaafa hindaaqqoon koo dhaltee
Reefu kakkiisuu qabdee.
Adde Warqituu Fiqaaduu (15/7/2012)

Afwalaloo weedduu jaalala kana keessatti bo’oon lamaan duraa hawatummaa walalichaaf jedhamee galuu cinaatti dhiibbaa sirnoota darban keessa hawaasarra ga’aa ture kan ibsa yoo ta’u bo’oon itti aanaan sadan ammoo waadaa sona jaalalaa kana milkeessuuf galamuudha. Waadaan kunis “*Anoo shaashiin siif bitaa’Gaafa hindaaqqoon koo dhaltee reefu kaakkisuu qabdee”* jechuun waadaa galuu, akkasumas qabeenya horachaa kan jiru ta’uu isaa agrsiisa. Kanaaf, afoolli dhimma hariiroo hawaasummaafi siyaas diinagdee hawaasa tokkoo keessatti faayidaa guddaa kan qabuufi miira ittiin waa ibsachuu keessatti shoora guddaa taphachuu akka danda’u xinxaalameera.

18. Kaleessa loon tikan oolee
Ullee xinnoon kan bishaanii
Guddisa jaartii magaalaa
Mul’ate kaa manni saanii
Adde Mintuu Badhaadhii (28/5/2012)

Afwalaloon weedduu jaalala jaalalaaf weeddifamuu cinaatti aadaa, dhuudhaafi diinagdee hawaasichaa bal’inaan calaqisiisa.Walaloon weedduuu olii kunis bo’oo jalqabaa lamaan *”kaleessa loon tikan oolee ullee xinnoon kan bishaanii “*jedhu weellisaan loon qabaachuu, hojiin kan itti heddummatu ta’uufi” **ullee”** kan jedhu ammoo meeshaa buqqee irraa tolfamu kan osoo xaasan hin dhufin bishaanin buduffatan, farsoon dhugan akkasumas meeshaa aadaa mijuun itti naqamee ittiin eebbifataniiifi dhibaayyun ittin dhibafatamu ammalee iddoo tokko tokkotti kan itti dhimma ba’amu yoo ta’u,.bo’oo sadaffaafi arfaffaan ammoo*”guddisa jaartii magaalaa mul’ate kaa manni saanii* “jedhu saala lameen kan weeddifamu yoo ta’u maatiin gaarummaa ijoollee isaanii egereetiif ga’ee ol-aanaa kan qaban ta’uufi gurbaan ykn intalli maatii gaarii naamusa qaban keessaa dhalachuu ibsa.Kanuma kan mirkaneessu mammaksi Oromoos ”haadha laali intala fuudhi”jedha dabalataanis fuullee qe’ee nama jaalatee sanatti yoo ba’e ykn baate daran jaalalli kan itti cimu ta’uu bifa haadhaa maqaa dha’uun sagalee dhagesiisee garaa laafifachuun kan ofii taasifachuuf kan weeddifamuu ta’uu ibsa.Akkasmas haati guddisa ijoollee irratti ga’ee bakka bu’insa hin qabnee taphachuu ishii ibsuuf kan weeddifamu ta’uu agarsiisa.

19.Shaggarii booyyeen rimeessaa,
Tuqqaan biyyee tuule tuulee,
Gumarii koomee fixeensaa,

Simmoo guyyaa meeqa uumee?

Dar.Dirribaa Caalii(14/6/2012)

Akka walaloo weedduu armaan olii irraa hubachuun danda'amutti bo'oo walaloo jalqabaa lamaan keessatti unata walalichaaf kan dhiyaate yoo ta'u, bo'oon sadaffaafi arfaffaa ammo miidhagina ishee ykn isaa ibsuuf koomee ishii ykn isaa fixeensa ganamaatin fakkeessun kan dhiyaate ta'uu ibsa.Kunis jaalala nama sanaaf qaban irratti hundaa'uun **"gumarii"**too ykn koo jechuun jaalataa sanaaf bareeda bareeda caalu ykn caaltu ta'uu agarsiisuuf kan weeddifamu ta'uufi miidhagina irraa kan ka'e Waaqayyoo isa ykn ishii uumuuf guyyaa heddu kan itti fudhate ta'uu ibsufin ofitti hawwachuuf kan weeddifamu ta'u sati.

20. Kurkuduu yaa ilmaan makoodii
Kormaan bataskaana seenee
Guntutaan laphee na koobii
Waraansi laphee naseenee
Dargaggoo Dirribaa Caalii(6/7/20012)

Afwalaloon weedduu jaalalaa armaan olii kun bo'oon jalqabaa lamaan kurkuduun ilmaan makoodii (bullaallaa) ta'uu isheefi kormaan ammoo dhaltuu barbaaduuf waan asiifi achi deemuuf iddoo malee ykn mana amantaa seenuu akka danda'ufi umamni biroollee fedhii wal jaalachuu kan qaban ta'uu ibsa.Bo'oo sadaffaafi arfaffaa *"guntutaan laphee na koobii waraansi laphee na seenee*"jedhu jaalala ishiin dhukkubsachuu isaafi ishii waliin yoo jiraate dhukkuba laphee irra kan fayyu ta'uu ,akkuma yoo lapheen nama dhukkube ogeessi aadaa koobaan koobee fayyisu laphee isaa keessaa ammoo waraansa akka koobatti kan buqqisu danda'u guntuta ishii ta'uu ibsuufin ishii mallee dhukkuba irra fayyuu kan hin dandeenye ta'uu agarsiisa. Akkasumas hawannaa jaalalaa keessatti guntutni iddoo guddaa waan qabuuf miira jaalalaa boqochiisa. Dabalatanis akka ilaalcha hawaasatti harmi hin jigin mallattoo dubarummaa kan ibsu ta'uufi weedduu jaalalaa kana keessatti afoolli guddina afaanii haala itti jechoota filatanii waa ibsaniifi qeeqaniif gumaacha guddaa kan qabu ta'uu isaa ibsa.

21. Abuunan dhoqqee aruu
Bakkanniisa dhaabanii
Yaa baacaa roggee galuu
Ammachiisa maaramii.

Afwalaloon weedduu olii shamarraniin kan weeddifamu yoo ta'uu bo'oon jalqabaa lamaan unata walalichaaf galuu cinaatti haala itti hawaasni naannoo sanaa qabeenye uumamaa itti kunuunsan kan mul'isu yoo ta'u ,Bo'oo dhumaa lamaan'yaa baacaa roggee galuu ammachiisa' **maarami**i' jedhu sab-boonaa ilma Oromoo kan amantaa, aadaa ,duudhaafi safuu ummataa kabajuu, manni jireenya isaa qarree gubbaa ta'e akkasumas kan eenyummaa isaatiin boonuu jireenya fooyya;aa kan jiraatu ta'uu ibsuufin ofitti hawwachuun kan ofii godhachuuf kan weeddifamuu ta'uu agarsiisa.

22. Agadaan agadumaa
Ittachi saare malee
Alagaan alagumaa
Sinnatti caalemalee

Jaalalleewwan lamaan fira dhiigaa osoo hin taane alagaa ta'uun beekamaadha.Hawaasni kaniyyuu aadaa mataa isaa qaba.Ummanni Oromoos aadaa,duudhaafi safuu achii as dhuftee dhlootaa dhalootatti daddarbaa dhufe qaba.Afwalaloo weedduu armaan olii bo'oo sadaffaafi arfaffaas "*alagaan alagumaa sinnatti caalemalee*"jedhu yoomiyyuu taanan alaguma waliin kan bultii dhaabbatan ta'uu, garuu wareen kaan caalaatti filatamuu isaa ykn ishii ibsuufin garaa laaffifachuun kan ofii godhachuuf kan weeddifamu ta'uu agarsiisa. Akka duudhaa ummata Oromoottis ta'ee hawaasa aanichaatti namoonni firummaa dhiigaa waliin qaban jaalallee walii ta'uun,jireenya waliin hundeessuun maatii horachuu hin danda'an.Kanaafuu wal qorachuun amma abbaa torbaatti wal dheessu.Akka tasaa ta'ee osoo hin beekin jaalalli yoo jalqabame idduma jiru irratti dhaabbata malee itti hin fufu..Bo'oo tokkoffaafi lammaffaa ammoo wal hunannaa walalichaaf gumaachuu cinaatti ammuma fedhe ittachis yoo itti marame agadaan wanta biraa ykn muka ta'uu kan hin dandeenyeefi alaagans fira ta'uu kan hin dandeenye keessi saa bineessa ta'uu ibsuuf ofeeggannoof kan weeddifame ta'uu agarsiisa. Obbo Dhaabaa Abdii(25/5/2012

23..Yaakalaada karkarroo
Kormi gaanfan walfilee
Yaa magaala qallayyoo
Mormi dhaaba bilillee

Afwalaloo weedduu armaan olii irraa wanti hubatamu bo’oo sadaffaafi arfaffaan gurbaan intala magaala jaalate garaa raasuun jaalala ishiif qabu ibsuufin oftti hawwachuun kan ofii godhachuuf midhagina ishii ibsuun kan weeddisu ta’uu mul’isa.Kunis magaala qalloo mormi ishii bilillee daadhin dhaaban fakkachuu kan ibsu yoo ta’u.bo’oon walaloo jalqabaa lamaan ammoo wal simannaa walalichaaf gumaachuu cinaatti qeeqa kan ofkeessaa qabu ta’uu mul’sa.Kunis nama intalittin durra jaalattee jirtu jibbisiisuf miidhaginaafi cimina akka hin qabneetti dabeessa ta’uu isaa ibsuun gara ofitti hawwachuuf kan weeddifame ta’uu agarsiisa.

24. Yaa kutaa balala baaqqee
Kaloon gamaa kililiidha
Yaa mucaan barana jaallee
Baalleen ijaa dirribiidha.
Adde Warqituu Fiqaaduu 15 /7/2012

Afwalaloo olii shamarraanin kan weeddifamu yoo ta’u bo’oon sadaffaafi arfaffaan*”yaa mucaan barana jaallee,baalleen jiaa dirribiidha”*jedhu shamarraan yeroo hojii adda addaa hojjatan bakka sagalee nama jaalatan sana dhageesisuu danda’an hundatti jaalala qaban miidhagina nama jaalatan sanaa adda ta’uu miidhagina baallalla ijaa isaa adda ta’uu ibsuufin ofiitti hawwachuun kan ofii godhachuuf kan weeddifamu ta’uu mul’isa.Bo’oon jalqabaa lamaan ammo wal hunata walalichaaf gumaachuu cinaatti uffatichi walakkaa kutaa ta’uufi kaloon dhowwaa ta’uu mul’isa.

25 Yaaqeesii ka’ii tamaarii
Faranjiin seente gibbii kee
Yaa geexii akka biyya baarii
Barbaadeen dhabe likkii kee

Afwalaloo weedduu oliirraa wanti hubatamu bo’oon jalqabaa lamaan”*yaaqeesii ka’ii tamaarii,faranjiin seente gibbii kee*”jedhu wal simannaa walalichaaf gumaachuu cinaatti barnoonni furtuu waahundaa ta’uufi baratan malee hojjachuun ykn qeesii ta’uun kan hin danda’amne ta’uufi ormi alaa dhufee si kooloneeffachuuf waan ta’eef barnootan cimmii diina ofirraa ittisi kan jedhu yoo ta’u.dabalatanis weellisan anaf malee nama biraa ta’uu hin qabdu yaada jedhu agarsiisa.Bo’oo sadaffaafi arfaffaan ammo*”yaa geexii akka biyya baarii, barbaadeen dhabe likkii kee”*jedhu gurbaan fuullee intala jaalateetti ba’uun miidhaginni ishii adda ta’uu kan akkashii eessattuu kan hin argamne ta’uu bareedina shii biyya alaatti fakkeessun

miira jaalalaa keessa galchuun kan ofii taasifachuuf kan weeddifamu ta'u mul'isa Malleen dubbii keessas akkasaatti fayyadamuun ibsamuu agarsiisa.

26. Asheetun birraa nasheetuu
Drribeen Koluutti ariitee
A'eetuu ilkaan a'eetuu
Kan ijji boroo bariitee.

Afwalaloo weedduu armaan oliirraa wanti hubatamu;bo'oo jalqabaa lamaan wal hunannaa walalichaaf ooluu cinaatti wanti hundinuu waan jedhaniif ykn hawwaniif qofa kan hin taanee ta'uufi dhalli namaa bara jireenya isaa keessatti waan irraa eegamu hojjachuun waan hawwu kan argatu ta'uu agarsiisa.Bo'oon dhumaa lamaan ammoo"a'eetuu ilkaan a'eetuu kan ijji borroo bariitee"jedhu addeenya ilkaanii aannan hin hititin ykn mi'iitti fakkeessun kan yoo dhugan nama qabbaneessu amala gaarii kan qabu ta'uufi miidhaginafi amala nama jaalatanii kan ibsuu yoo ta'uu ija ammoo boroo bariiten fakkeessun gootummaa ibsuun goota ija barbadaa ta'uu agarsiisa.

27. Yaa boora Buttaa Turee
Meettaa farda jaatamaa
Yaa nama xinnoo bulee
Beektaa mala jaalalaa?
Dar.Dirribaa Caalaa.(14/6/2012)

Uummata Oromoo biratti aadaa,duudhaafi safuu hawaasaa kabajuun iddoo ol-aanaa qaba.Bo'oo walaloo sadaffaafi arfaffaa"yaa nama xinnoo bulee beektaa mala jaalaa?" jedhu akkuma ogeessonni xinsammuu namoota jaalalaan qabamaniif gorsa kennnan Uummata Oromoo birattis hangafoonni,maanguddoonni muxannoo jireenya isaanii irraa argatan akka qoodaniif dargaaggoonni ykn shamarraan akkaataa nama jaalatan sana itti argachuu danda'an akkasumas tooftaa itti diinarra aanuun iddoo garaa ofii ga'uun itti danda'amu gaafachuu yoo ta'u bo'oo tokkoffaafi lamaffaa "yaa boora Buttaa turee, meettaa farda jaatamaa',jedhu namni Buttaa Turee jehdamu nama cimaa guluffii fardaan beekamu ari'ee dhaqqabuu, dheeffee jalaa ba'u goota ta'uufi Meettan ammoo ollaa aanichaa kan ta'e kan fardeen hedduminaan keessatti argamtu ta'uu mul'isa.

28. Yaa kalessa yaa guyyaa
Re'een baala kutattuu

Yaa bareedduu akka durbaa
Qe'ee keenya qubattuu.

Afwalaloon oliirra caalatti shamarraaniin weeddifama.Kunis bo'oo sadaffaafi arfaffaa"*yaa bareedduu akka durbaa ,qa'ee keenya qubattuu"*jedhu intalli gurbaa bifaanis ta'ee amalaan akka dubaraatti miidhaguu isaa yeroo isa argitee ykn naannoo inni sagalee ishii dhaggeeffachuu danda'a jettee yaaddu maratti weeddisuun jaalala qabdu ibsuufin garaa raasuun kan ofii godhachuuf kan weeddifamu yoo ta'u al-tokko tokko dargaggessi dubara heerumtee baate jaalates garaa laaffifachuuf weedduu kana weeddisuufin jaalalaafi hawwii qabu ibsachuun bultii waliindhaabbachuu kan fedhu ta'uu hawwii qabu ibsachuu mul'isa.Bo'oon jalqabaa lamaan hunata walalichaaf gumaachuu cinaatti guyyichi guyyaa addaa ta'uu miidhagina intalaa ykn gurbatti fakkeessuun ibsuuf kan yaale ta'uu agarsiisa.

29. Agarii manni gamaa
Haadha Agarii manni gamanaa
Diriifi maagiin wadadee kafana
Walii taana baranaa,

Afwalaloo weedduu jaalalaa olii bo'oo jalqabaa lamaan maqaa gooticha Oromoo Agarii Tulluufi haadha isaa kan leellisu yoo ta'u diibbaa adda addaaraa kan ka'e rooroo finciluun naannoo dhaloota saarraa fagatee kan jiraatu ta'uu agarsiisa.Bo'oo sadaffaaafi arfaffaa ammo lammiin waliif kafana ta'uu, dabarsanii wal kennuun barbaachisaa akka hin taanee yeroo kamuu iccitii walii eeguun gara injifannootti kan nama geessu waan ta'eef dabarsanii wal keennuu akka hin qabne weedduu jaalalaan aguugun dhaamsa waliif dabarsu.

**4.1.2.1.2.Weedduu jaalalaa dhiiraafi dubartii yeroo dhandhama jaalalaa ibsan**

Yeroo dhandhama jaalalaa keessa weedduun weeddifamu taatewwan jaalala keessatti ta'uu qabaniifi miira ittiin jaalala ibsan kan of keessa qabuudha. Adeemsi kunis raawwii bu'aa bahii jaalalaa akkasumas quuqaa gama adda addaatin jiru kan jechaan ibsaniidha. Kunis akka kanaa gadiitti xinxalameera.

30. Qamadii qorri dha'ee
Geeshoo garaa walakkaa
Darabduu galli ga'ee
Geese yeroon wal argaa.

Afwalaloo weedduu olii bo’oo jalqabaa lamaan wal hunata walalichaaf gumaachuu cinaatti qamadiifi geeshoon kan wal keessa hin facaane ta’uu, yoo facaa’es kan bu’aa gaarii hin kennine ta’uu mul’isa.Bo’oo sadaffaafi arfaffaan ammo”*darabduu galli ga’ee, geese yeroon wal argaa”*jedhu yeroo gannaa loon iddoo margi baay’inaan argamutti naannoo qe’eerraa fagaachuun darabaa ka’u,Kunis dhiiras ta’ee dubarri loon sana eeguu,kunuunsuu,eelmuufi tiksuuf loon waliin darabaa ka’u.Kanaaf dargaggeessifi shamarri sababa kanaan wal irraa fagaatanii wal arguu dhaban abdii fuuldura isaanii jiru,yeroon wal arganiin jaalala isaanii dhadhaman dhiyaachuu, ga’uu miira gammachuun guutameen kan waliif weeddisan ta’uu mul’isa,Akkasumas namoota dhiibbaa adda addaatiin gargar ba’aanii turan fuuldura saanii ifti jiraachuu yeroon maatiin wal arganii jireenya gaarii itti jiraatan dhiyaachuu weedduu jaalalaan kan ibsatan ta’uu agarsiisa.

31. Gammachuu bitaacha koo
Tiifuu tattaraaranii
Haammadhu cinaacha koo
Siifuu shan nadhaananii
Dur.Baqqaluu Ijaaraa.(5/6/2012)

Afwalaloo weedduu armaan olii keessatti bo’oon jalqabaa lamaan wal hunannaa weedduu kanaaf kan dhi’aatan yommuu ta’u, bo’oowwan itti aanan lamaan uummata Oromoo biratti haalli jaalalaa safuun kan guutame waan ta’eef keessumaa durbi dargaggeessa biratti yoo argamte nireebamti. Weedduu olii bo’oo sadaffaafi arfaffaa”*haammadhu cinaachakoo siifuu shan nadhaanii*“ jedhu jaalala sana keessatti reebamuun haarsaa cimaan kanfalamee yeroo sana keessa darbuun dhandhama jaalalaa qaqqabuu ibsa. Akkasumas kaayyoofi dhugaaf yoo dhabbata amma kaayyoo ofii galmaan ga’anitti gama adda addaatin haarsaan kanfalamuun bu’aa ba’ii hedduu dabarsuun bakka hawwan ga’uun kan danda’amamu ta’uu agarsiisa.

32.Yaa okkotee naadanfii
Amumman daakeen marqaa
Yaa Dulla naa shararrii
Yaa tulluu gad- naa jedhii
Namuman yaaden argaa.
Adde Mintuu Badhaadhii(28/5/2012)

Walaloon weedduu jaalalaa malleem dubbiin kan guutamedha.Walaloon weedduu olii kunis irracatti dubartootan kan weeddifamu yoo ta'u,Walaloon bo'oo jalqabaa lamaan wal hunannaa walalichaaf galuu cinaatti hojii yeroo darbe keessatti dubartoonni dalagaa turan,tullaa hojjii isaan baataniifi hojii hojjatan yeroo osoo itti hin kennin kan dalagan ta'uufi hawwii jireenya fooyya'aafi ifa ta'e jiraachuuf qaban yaa bara naaf darbi cunqurfamuu haaga'u dhaamsa jedhu kan agarsiisudha. Weeddun kunis namoota laga gamaa gamanatti wal jaalatanii karaa walitti ce'an dhabaniinfi dhiibbaa garaa garaatiin adda ba'aniin kan weeddifamu yoo ta'u uumamatti haasa'uun dhiphina jaalalaa keessaa kan aara itti galfachaa hojii isaanii dalagan ta'uu ibsa.Akkasumas lagni Dullaa guute yoo hir'ate, tuufon tulluu irratti margee isaan da'eesse yoo daraaree, waqtiin gannaa yoo darbefi yoo dhiibbaa ture ofrraa kuffisanii, haalli mijatee yeroon darbeef kan wal argaan ta'uufi yeroon itti wal arganis dhi'aachuu abdiin kan jiru ta'uu agarsiisa.Walaloo weedduu kanaa keessattis malleen dubbii keessaa namessatti dhimma ba'amera

33. Gammachuu yaa fira loonii
Aannan baargamaa bushoodhaa
Ammadhuu nabira oolii
Waannan jaalalaa dhungoodhaa

Afwalaloo weedduu olii bo'oon jalqabaa lamaan hawwannaa walalichaaf gumaachuu cinaatti nama sabaaf,firaaf hin quuqamnefi noorii firaatif iddoo hin qabne aannan loon faranjiitti fakkeessuun kan qeequ ta'uu agarsiisa.Bo'oo sadaffaafi arfaffaa ammoo"ammadhuu na bira oolii waannan jaalalaa dhungoodhaa"jedhu jaalalleewwan lamaan amma maatiin isaanii eeyyameefii bultii hundeessanittii keessaa kan jaalalli itti cime fuullee sagalee dhageesisutti ba'uun wal arganii waliin ooluun haala gara fuula duraarraati mari'achuun kan danda'amu ta'uu ibsuuf weeddifamuu agarsiisa.Jechi"waannan"jedhu jecha afaan Amaaraa yoo ta'u jaalala keessatti dhungoon iddoo olaanaa qabaachuu agarsiisuuf weellisaan kan fayyadame ta'uu ibsa.

#### 4.1.2.1.4.Weedduu Jaalalaa Dhiiraafi Dubaraa Yeroo Jaalalli Laafe Weeddifamu

Jaalalli dhiiraafi dubaraa gidduu miirri hawwii dhala namaa sadarkaa adda addaa keessatti keessumma'udha. Sadarkaan kunis sona jaalalaa, dhandhama jaalalaafi jaalala qorrisiisuunis ni jira. Sadarkaa jaalalli itti laafu kana keessattis afwalaloon weedduu jaalalaa dhimma kanaaf weeddifamu ni jira. Yaada kana odeefkennitoonni akka ibsanitti haala kanaa gadiin dhiyaatera.

34. Yaa Dulla daangaa Baddeessaa
Maa xaaxessaa dibi hin goonee?
Yaa du'a gaarii ajeeftaa
Maa baaltessaa bili hin goonee?
Adde Mastuu Saffisaa(14/6/2012)

Akka afwalaloo weedduu jaalalaa jaalala laafe ibsuu weeddifamu kanarraa hubachuun danda'amutti bo'oon lamaan jalqabaa wantoota naannoo isaanitti argaman maleen dubbiitti fayyadamuun maqaa kaasuun unata walalichaa akka dhandhama godhatuuf weeddifamu cinaatti "Dulli"laga guddaa aanicha keessatti argamu yoo ta'u ganna ganna mukkeen filatamoo kanneen akka gaattiraa,waddeessaa,laaftoofi kkf buqqisee waan balleessuf"xaaxessaa" muka boba'eellee garaa nama hin geenye buqqisi jechuun weellisaan itti haasa'uu mul'isa.bo'oon sadaffaafi arfaffaan ammoo duuti akka nama gaarii hin ajjeefneefi nama hawaasa keessatti hamaa hojjatufi dalagaa isaa dhiisee oduu nama olii gadi deddeebisu irratti xiyyeeffaachuu akka qabu muka xaaxessatti fakkeessun ibsa. Askeessatti weedduun kun dhimma jaalalaa qofa osoo hintaane namoonni dubbii deddeebisan hawaasa biratti fudhatama akka hinqabne agarsiisa.Akkasumas weedduun kun kan qeequ jaalala ho'aa gidduu odeessaan galuun jaalalaa booressuu akka jalqbe ibsuuf kan weeddifamu ta'uu agarsiisa.

35. Yaa Fayy'isaa abbaa Walluu
Diggoorra shaashii mare
Sagalee gad naa qaphuu
Qilleensi baaltii baree.
Dargagoo Dirrbaa Caalaa(27/5/20012)

Uummanni Oromoo walaloo weedduu jaalalaattin wantoota naannoo isaatti argamufi dhugaa jiru bu'uura godhachuun keessoo isaa baasee ibsata.afwalaloon weedduu oliis bo'oo lamaan jalqabaa lamaan maqaa nama naannoo sanatti beekamaa:hawaasaf oolmmaa guddaa ooleefi naannoo jireenya isaa kan maqaa kaasu yoo ta'u, bo'oon sadaffaafi arfaffaa ammoo haalli deemsa jaalalaas ta'ee dhimmi sabaa icciitii guddaa kan barbaaduufi namoonni dubbii daddabarsuuf gurra kan qeensan ta'uu isaa haalan ibsa. Jechi "**Qilleensi baaltii baree'** jedhu kun jechama kan ta'eefi dubbiin afaan namaatii ba'e qaawwa ittiin daddarbu waan hin dhabneef ofeegganoo kan barbaachisu ta'uun cinaatti namni yoo dhaga'e oduun saffisaan kan daddabarsuu ta'uu isaa: namni saffisa qelleensaan oduu akka daddabarsu ibsa.

36. Jaarsi saree mana hin eeguu
Allootti daamaamuun dammeessee
Naaf simalee orm beekuu
Ormatti dhaamuun balleessee
Obbo Dabalaa Gadaa(16/6/2012)

Uummata Oromoo biratti wanti hunduu safuu qaba.Af.walaloon bo'oo jalqabaa lamaan irraa wanti hubatamu wanti hundi umurii irartti hundaa'uun kan dalagamu ta'uufi alloon lafa bosonaan uwifame yoo ta'u daamuun ammoo wanta hojjattu mara icciitin qabdee bakka dhokataatti kan rraawwattu ta'uu,akkasumas walaloon bo'oo dhumaa lamaan: *naaf simalee ormi beekuu ormatti dhaamuun balleessee"* jedhu jaalaatan iccitii isaa eeggachuu dhabuu,nama sadaffaa jidduu galchuu isaatti kan gaabbe ta'uu miira dhifama gafachuu ofkeessaa qabun weeddisuufi namni ergaa itti ergame dubbicha babalisuun dhaamsa fudhataan mufachuu kan mul'isu ta'uufi weedduun jaalalaa dhimma jaalalaa qofa otoo hin taane jireenya hawaasummaa keessattis ta'ee akka sabaatti iccitii eeguun gaabbii kan hambisu ta'uu mul'isa.

37. Abbaa Jidda Abbaa Jiddaa
Wayyeessan gumbii hin tolchuu
Attam jirta attam jirtaa?
Odeessan dubbii hin tolchuu..

Afwalaloo weedduu olii bo'oo jalqabaa lamaan dhandhama walalichaaf gumaachuu cinaatti nama Jiddarraa fardeen fiduun daldaaluun jireenya saa gaggeessu kan maqaa kaasu yoo ta'u bo'oo sadaffaafi arfaffaan ammoo "*attam jirta attam jirtaa,odeessan dubbii hin tolchuu"*jedhu weellisaan jaalala isaanii jidduu namni baaltii asiifi achi deeddeebisu jiraachuu, garuu wantii jedhamaa jiru kan dhugaarraa fagaate ta'uufi qilleensi jidduu isaanii galee jaalalli akka hin moofofneef odeessaan jidduu isaanii ba'uu kan qabu ta'uu akkasumas hawaasa keessatti namoonni olola garaa garaa oliifi gadi oofuun balaaf nama saaxilan kan jiraan ta'uu hubachiisuuf weeddifamuu agarsiisa.

#### 4.1.2.1.5. Weedduu Jaalalaa Dhiiraafi Dbaraa Jaalalli adda chituu Agarsiisan

Akka odeef-keennitoonni himanitti sababa adda addaarra kan ka'e jaalala keessatti bu'a ba'iin hedduun jiraachuun waanuma hin oolle.Kunis maatiin jaalallee lamaan jidduu galuu,jaalalleen lamaan walii galtee dhabuu, osoo jaalalaan jiranuu.dhiibbaa adda addaan, rakkoo uumamaan

gargar ba'uufi kkfn jaalallee lamman jalaa bultiin diigamuu danda'a.Rakkoo quunname kana dandamachuuf,obsaan dabarsuuf quuqama ibsachuuf weellisaan weedduu jaalalli hafuu mul'isu kana weeddisuun of jajjabeessa,mukuufi qophummaa itti obsa.kunis akka itti aanutti xinxaalamaniiru.

38. Kaleessa maal dubbanneti
Eda agabuu koo buleeree
Warratu dheekkamemooree
Sumat ganuu koo muree.

Afwalaloo weedduu jaalala adda cituuf deemu olii bo'oon jalqabaa lamaan "*kaleessa maal dubbanneeti,eda agabuu koo buleeree"*jedhu jaalalleewwan lamaan keessaa tokko waaddaa duraan walii galan kan cabsee ta'uu ibsachuuf keessaa kan jaalala dhugaa qabuun kan weeddifamu ta'u mul'isa. Akkasumas waadaan gama jireenya hawaasummaas kabajamuu kan qabu ta'uufi namnni kamiyyuu waadaa walii gale dagachuu kan hin qabne ta'uu agarsiisa.Bo'oo sadaffaafi arfaffaa ammoo "*warratu dheekkame mooree,sumat ganuu koo muree"*jedhu jaalataan jaalala dhugaa qabu sababa waadaan cabeef baruuf kan weeddifamu yoo ta'u kunis jaalalli sababa maatiifi rakkoo jaalleewwan lamaan jidduutti uumamuun waan diiggamuuf madda cabinsaa waadaa isaanii baree garaa kutachuuf kan weeddifamu ta'uu agarsiisa.

39. Qamaleen nyaatte midhaan koo
Karaa tuullaa bakkanniisaa
Jaaladheen dhabe hiriyaa koo
Garaan duudaa mar'achiisaa.
Adde Mittuu Badhaadhii(27/5/2012)

Jaalalli dhala namaa jidduu jiru sababoota adda addaa uumamaafi namtolchee ta'an irraa kan ka'e darbee darbee gargar cituun isaa ni mul'ata.Afwalaloon weedduu jaalalaa olii bo'oon jalqabaa lamaan wal hunata walalichaaf gumaachuu cinaatti nama bultii hundeessee jaalallee isaa ykn ishii sababa adda addaatiin dhabee hojiin itti heddummachuu, qophaa ta'uu, rakkoon itti cimuu ibsachuuf kan weeddifamu ta'uu agarsiisa'Kunis saala lameeninuu kan weeddifamu yoo ta'u bo'oo sadaffaafi arfaffaa ammoo "*jaaladheen dhabe hiriyaakoo,garaan dudaa mar'achiisaa "*jedhu nama dhiisii beeladoonni yaaduu,dubbachuu hin dandeenyellee yoo wal dhabe akkasumas fedhii yoo qabaatan kan wanta itti dhaga'eme sagalee isaanii dhagessisuun kan wal

barbaadan ta’uu agarsiisa.Kunis namni jaalallee isaa dhabe yeroo mara qophummaan,rakknni, rorroon ,jireenya qophaa geggeessunfi kkf ammuma itti ulfaachaa deemu weeddisuun ofjajjabeessun nama ofbiraa dhabe sana yaadachuuf quuqqaa keessoo ofii ibsachuuf kan weeddifamu ta’uu agarsiisa.

40 . Baddeessaa nu buusanii
Gindii nu baachisanii
Du’a kee nadhoksanii
Irmii na nyaachisanii.

Afwalaloon weedduu jaalala xumuramee ibsu bo’oon jalqabaa lamaan jaalalleewwan otoo onneerraa wal jaalachaa jiranuu dhiibbaa adda addaatin gargar baasuun humna isaanitii ol wanta isaan hin dandeenye ba’aa jaalalaa ulfaataa itti fe’uu mul’isa.Bo’oo dhumaa lamaan”*du’a kee nadhoksanii,irmii nanyaachisanii”*jedhu ammo jaalalleewwan otumma wal jaalatanuu giddiin gargar baase yoo miidhamanillee kan waliif gaddan ta;uu mul’isa.kunis irra caalatti dhiibbaa adda addaatin warren jaalallee isaanii eessabuute dhabeen kan weeddifamu yoo ta’u sillee dhabu bo’ee baafachuun dadhabe dhaamsa jedhu kan agarsiisufi hawaasni quqqaa gama adda addaatin jiru weedduu jaalalaat dhimma ba’uun kan ibsatu ta’uu agarsiisa.

41. Yaa Birraatuu Kabbadaa
Mukti haamtuu koo cabee
An hintaa’uu nan badaa
Ergan baaccuu too dhabee.

Afwalaloo weedduu jaalala adda cite ibsu olii bo’oon jaalqabaa lamaan hawwannaa walalichaaf galuu cinaatti namni maqaan dha’ame ogeessa sibiila tolchu kan aanicha keessa ture yoo ta’u weellisaan meeshaan oomishaa ittiin walitti qabatu dhabuu jaalallee isaatti fakkeessun kan weeddise ta’uu mul’isa. Bo’oo sadaffaafi arfaffaa *“anhintaa’uu nan badaa ergan baaccuu too dhabee”*jedhu gurbaa sababa ta’een jaalallee isaa dhabeen kan weeddifamu yoo ta’u kunis biyya jaalallee isaa itti dhabe taa’uurra biyyaa ba’uu iddoo firri isa hin agarreetti baduu filachuu agarsiisa.

42. Guduruu karaa raaree
Jimma yaa dhedheertuu koo
Nuduruu addaan baanee

Jirtaa yaa sesseqxuu koo

Afwalaloon weedduu jaalala adda cite ibsuuf weeddifame olii bo’oon jalqabaa lamaan hawwannaa walalichaaf gumaachuu cinaatti wanti hundinuu yoo haala mijataa qabaatee kan hin miiidhamne ta’uu agarsiisa.Bo’oo sadaffaafi arfaffaan ammoo jaalallewwan dhiibbaa maatii ykn rakkoo adda addaatin gargar ba’anii kan weeddifamu yoo ta’u jaalallewwan lameen hammallee hammeenya kan waliif hin qabne ta’uu agarsiisa.

43..Oggaa Shaggarii galtuu
Maa ulee laffan dhaanta yaa Garbii
Situu wajjin dhalatee
Mee garaa narraa dhoowwi yaa qalbii.

Afwalaloon olii bo’oon jalqabaa lamaan gootichi Oromoo Garbii Bultoo nama rokkoon sabaa saa isa dhukkubsu kan maqaa kaasu yoo ta’u kunis Shaggar kan itti dhalateef osoo hin taane kan itti baqateef bakka jireenyaa ta’uun ibidda faanaa kan itti ta’e yeroo Shaggarii ba’ee galuu quuqama keessoo saa ulee laafaan rukutuun maaliif akkas akka ta’ee dachee gaafachuun aarii ba’a kunis akka aadaa hawaasa aanichaatti namni tokko yoo aare nama dhugaa saa dabse argatee rukuu yoo dadhabe fooggaluun waan harkaa qabuun lafa reebuun aariisaa cabsata.Bo’oo sadaffaafi arfaffaa ammoo amma yeroon darbuttifi humni argamutti garaatti allamaajii erguun akka obsaan yeroo eeggatu ofitti haasauu weellisaa agarsiisa.

44.Addeessi ji’aan lixaa
Karaa mana abba jiruu
Jaldeessi midhaan fixaa
Karaan wal argaa jiruu.

Afwalaloo weedduu jaalalaa olii bo’oon jaalqabaa lamaan wal simannaa walalichaaf gumaachuu cinaatti dhugaa jiru kan ibsu yoo ta’u bo’oo sadaffaafi arfaffaan jaalaltti duufuun qabeeny akka hin mancaane,hundinuu kan qaqqabamu ta’uufi duursa of danda’uu kan qaban ta’uu hubannoo hawaasa cimsuuf kan weeddifame ta’uu agarsiisa.Akkasumas gara bultii ijaarutti otoo hin seenin dura waa harkatti qabaachuun murteessaa ta’uu mul’isa.

#### 4.1.2.1.6. Aaloo Ba'uu

Jaalalleewwan lamaan keessaa tokko waadaa cabsee filannoo biraa keessa yoo seene nama waadan jalaa cabe sanaan ni adamsama.Kunis harka wayyaa jalaatiin irraa fagaachuun ykn malaan itti dhiyaachuun  nama waadaa cabse aaloo ba'uuf tooftaa adda addaatti fayyadamuun lubbuu baasuu yaaluu ykn akka namoota biratti fudhatama hin arganneef; nama kolfaa taasisuun mataa gadi cabsuun yeroo aaloo ba'amu ni mul'ata.Kunis kan weeddifamu hawaasa naannoo sanaatin yoo ta'u hubannoo cimsuuf rakkoon akkasi akka hin mudanneef kan weeddifamuu ta'uu isaati.Innis akka itti aanutti xinxaalameera.

45. Sigane moo sitgane yaa shaggituu?
    Kan xaafii Hundee Galaa  sigigsituu.

Afwalaloo weedduu olii jaalataan jaalallee isaaf waadaa cabeef harka deebiseef bu'ureefachuun kan namoota naannoo sanaa gocha raawwatamee sana arganiin weeddifamu yoo ta'u kunis garaa isaa dhokfachuun waan isheef dhimme fakkeessun afeerraa hin fayyanne;alkoolitti wanta irraafi jalaan baasisu dabalchiisuun akka isheen nama keessatti salphattu taasifameef kan weeddifame ta'uu mul'isa."*siganemoo sitgane yaa shaggituu,kan xaafii Hundee Galaa sigigstuu?"*jedhu dubartittii waadaa cabsiteef harka deebi'eef kan mul'isu yoo ta'u  yemmuu gabaadhaa galtu xaafii nama maqaa dha'amee keessatti akka hin malle taatee waan argamteef garam bade jechuun weellisaan namoonni biroo akka waadaa cabsuu irraa ofeeggataniif dhaamsa dabarsuuf kan weeddifamu ta'uu agarsiisa.Kunis waadaa cabsuun rakkoof kan nama saaxilu ta'uu agarsiisa.

46.Yaa namana yaa namanaa
    Erga Silashii maaltuu dhalaa amanaa.

Hawaasa keessatti akkuma namoonni amanamoon jiran kanneen faay'idaa adda addaarratti hundaa'uun bultii isaanii ykn waadaa galan diigan darbee darbee hin dhabaman kun ammoo of to'chuu dadhabuun rakkoo cimaa keessa yeroo wal galchan ni mul'ata.Afwalaloon oliis nama wal jaalatee waliin bultii hundeesse maatii horate jaalalarratti jaalala ba'eef akka hin malletti deebii kennameef namoota gocha kana qeeqaniin kan weeddifamedha.Kunis waadaa cabeef haati manaa nama maqaan dha'amee gocha badaairratti raawwachisuu ishee ibsuun gochicha balaaleffachuufi hubannoo hawaasaa cimsuuf kan weeddifamu ta'uu saati.

### 4.1.2.2. Weedduu Jaalala Dubaraafi Dubaraa

Shamarraan kabaja uummaan ganama kennameef qabu.ummaanni Oromoos shamarraaniif iddoo guddaa kenna.shamarraan Oromoo jireenya hawaasummaa keessatti gahee ol-aanaa qabu. Kunis adeemsa dhugaa baasuuf taasifamu keessatti akkasumas eebbaafi abarsa keessatti dubarri qarree hirmaanna guddaa qabdi.Shamarraan hiriyyaa hicciiti kan yeroo rakkoos ta'ee gammachuu isaanii himaatan qabu.Isaanis jaalalaafi kabaja waliif qaban irraa kan ka'e gargar ba'uu hin fedhan.Ta'ullee sababa adda addaa irraa kan ka'e gargaar ba'uun isaanii hin oolu.Kanas yeroo cidhaafi walaalee yookiin qaammee weedduu jaalalaatti dhimma ba'uun dhaamsafi gorsa waliif dabarsu kunis akka itti aanutti xinxaalame.

47. Seeye'aaniyyoo
Seenaa gaariyyoo
Yaa roobe hoo
Wantin an sii gorsu yaa hiriyee,
Erbee teessumaatii,
Noorii keessummaatii,
Ibiddi hin dhaaminii
Gandaa si waaminii
waamee si dhaninii
Yoo ibiddi dhaamee
Ni boosatti jedhuu
Yoo ibiddi aaree
Ni marqatti jedhuu yaa roobehoo.
Adde Yashii Birruu(16//6/2012)

Walaloo bo'oo sadan jalqabaa*"seeye'aaniyyoo seenaa gaarii yoo yaa roobe hoo*"jedhu ceesisaaf kan dhimma itti ba'ame yoo ta'u.kunis hiryaan isaanii wanta yaraa seenaa dhala namaa xureessu akka hin dalagneefi waan gaarii raawwachuu akka qabdu akkasumas namootaaf ilaalcha sirri akka qabaattu fi amala gaarii horachuu akka qabdu haalan ibsa. Dabalatanis abbaa manaa ishee kabajuu akka qabduufi mana keessa naanna'uu dhiisuun hojii misoomaa irratti isa waliin hirmaachuu kan qabdu ta'uu mul;isa.

48. Yeroo karra baatuu,
yaa hiriyee anuu sin gaggeessaa,
yeroo cibsaa geessuu,
obboon sa gaggeessuu,
yeroo laga ceetuu.
garaa sajabeessuu

Dur Draartuu Daamxoo(4//6/12)

Shamarraan naannoo maatii isaanii irraa fagaatanii bultii hundeessu. Kanaaf hiriyoota waliin guddataniin gargar faffaca'uun dirqama ta'a.Yeroo kana walaloo olii walii weeddisuunn fagaattee deemuu shee ,hiriyoonnifi firri kan ishee waliin hin deemne ta'uu,akkasumas malkaa yoo geessu akka gara jabaattuuf ,waan hundatti akka bartuufi anba akka garaa raasuf waaqa uumaa ishee kadhachuu akka qabdu mul'sa.

49. Hushee yaa harree
Kan Jimmaa galtuu
Garbuun sii qicaa
Ishoo yaa qaree
Kan weedduu galtu.
Kan dhadhaa qabdu
Martuun siddisaa.

Adde Warqituu Fiqaaduu(15/7/2012)

Ummaanni Oromoo weedduu jaalalaatin safuu hawwsichaa akka kabajamu taasisa.Walaloon bo'oo jalqabaa lamaan yeroo durii namoonni beeladoota geejjibaaf oolan fayyadamuun Jimma irraa buna fiduun daldaalaa turuufi beeladota isanii seeran kan kunuunsan ta'u mul'isa.Walaloo warren hafan ammoo kabaja dubarri qarree weedduu dubaraa galtu qabduufi yeroo weedduu dubaraa deeman warri ameessa qaban dhadhaa kennuun shamarraan qarree rifeensa isaanii kan dibatan ta'uu agarsiisa.Akkasumas qareen ykn dubarummaan siddisaan kan fakkeeffamee yoo ta'u.Kunis dubar hanga warri ishii eebbisee kennutti kabajan jiraachuu akka qabdu siddisni osoo hin daraarin yoo loon dheedan balaa akkuma qabu dubara tuqunis kan nama gaafachisu ta'u mul'isa.Kanaaf weedduu jaalalaa safuu hawaasichaa kabachiisuu keessatti ga'ee guddaa qabachuu mul'isa.

50. Eemmoo yaa laashoo
Dirii foo’ii
Didii boo’ii
Baruu tolee
Qubee tamaarraa ykn waan kenanni laallaa.
Dur.Daraartuu Daamxoo(4/6/2012)

Weedduun walaloo bo’oo jalqabaa”*Eemmoo yaa laashoo”*jedhu waatii ykn jabbii onbossaa kan gola keessa turuu qabdu fagaattee kan hin bobbaane jechuu yoo ta’u intalli weeddifamuuf daa’ima ta’uufi haadha irraa fagaachuu kan hin qabne ta’uu mul’isa.Bo’oo lammataan immoo jirbii foo’uun kan wal qabatu yoo ta’u kunis jirbii foo’uun ogummaa shamarraaan qabaachuu qaban keessaa tokko ta’uufi kan jirbii foo’uu dandeessu ta’uu agarsiisa.Bo’oon hafan sadan tole hin jedhin yaada kee jijjiir:yeroon maatiin fedhiin ala nama eerumsiisu hafeera barnoota keenya baranna kan jedhu agarsiisa.

51. Eemmoo yaa laashoo
Achi gama sanii
Qotiyyoon wal loltee
Filaan ari’atee
Hin boo’iin yaa hiriyee
Abbeetis sikennee
Firaan mari’atee
Ollaa teechifatee
Daraartuu Daamxoo(4/6/2012)

Walaloo weedduu olii bo’oon jalqabaa akkuma duraan ibsame intalli daa’ima ta’uu kan agarsiisu yoo ta’uu bo’oon itti aanan sadan wal hunannaa walalichaaf tumsuu cinaatti lolanii mo’achuuf meeshaan ittin lolan gumaacha guddaa kan qabuufi mo’achuuf gaanfa dhedheeraa qabachuu kan fayyade ta’uu agarsiisa.Bo’oon hafan “*Abbetis sikennee firaan mari ‘atee olla teechifatee”*kan jedhu aadaafi duudhaa hawwaasichaa kabajuun maatiin,firoottanfi ollaan mari’achuun eebbisanii waan si kennaniif kabajaafi ulfina guddaa hawaasa keessatti kan qabdu ta’uufi miidhan kan ishiirra hin geenyee ta’uu agarsiisa.

#### 4.1.2.3 Weedduu Jaalala Abbaa.

Weedduun jaalala abbaa ibsan miira jaalalaa abbaaf qabaniifi tajaajila abbaan ilmoo isaaf kennu bifa afwalaloon yeedalloo itti godhanii kan ittiin garaa raasaniidha.Abbaan kan ofiirra dhala isaa jaallatu, hamaan yoo ijoolleesaatti dhufe kan ofii itti darbee ijoolleesaa rakkinarraa oolchu ,gaafa xiiqii, gaafa rakkoofi jaarsummaa hawaasa keessaa yoo ijoolleen isaa nama biroon waldhaban, sirna fuudhaafi heerumaa keessatti hirmaachuun dhimma ijoolleesaaf dhaabbatee kan kabachisu abbaadha.Abbaan kana godhee hinargamnees hawaasaafi ijoolleesaa biratti fudhatama hin qabatu.Abbaan hawaasa Oromoo biratti kabajaafi iddoo guddaa qaba.Ilmis gaafa guddatee ga'ee gocha abbaan isaa godheefi jaalala abbaa isaaf qabu karaa weedduu jaalalaan ibsa. Afwalaloon weedduu kanaas akka kanaa gadiitti xinxalameera..

52. Abbaabaa nugusa koo
Naan baaffaa dhukkubakoo
Yaasa loon kuma tiksuu
Yaasa doorsisa jibbuu.

Afwalaloo weedduu jaalala abbaa ibsu kana keessatti bo'oo tokkoffaa irratti wanti hubatamu sababii dhiibbaa siyaasaa sirnoota darban keessa turee afaan Amaaraan "nugusa" kan jedhu kan gooftummaa qabufi abbaan mootii maatii ykn utubaa manaa ta'uu agarsiisa. Kunis abbaan sirna guddina ijoollee isaa keessatti gumaacha gita hinqabne waan qabuuf akkasitti kaafama. Bo'oon itti aanan ammoo jaalala abbaa keessa namaatti dhaga'amu bifa weedduun ibsuun miira boqonnaa akka namaaf laatuu, dinagdeefi jabina abbaa ibsuun kan weeddifameedha. Kanaaf, weedduun kun Oromoon qabeenya looniif iddoo guddaa kan qabuufi roorroof kan hinjilbiffanne ta'uu isaa ibsa.

53. Ejersa dhagaa rakkoo
Yaasa qottoon hinmurree
Yoo dhagaraa saa malee
Abbabbaa nugusakoo
Yaasa gorsaan hinbullee
Yaada garaasaa malee.

Afwalaloon weedduu olii bo'oon jalqabaa mukni ejersaa jabaata akkasumas kan dhagaa jidduutti argamu akka mukkeen kaanii salphumatti kan hinmuramne ta'uu isaa ibsa. Kunis fakkoommiin

jabina muka ejersaaf jabina Oromoon qabuu kan ofkeessaa qabu ta'uu isaa ibsuun cinaatti abbaanis jabaa ta'uu kan ibsudha. Kanamalees, abbaan waanuma namni itti hime hunda xiinxalee yaada isaan walsimsiisee kan fudhatuufi gorsa alagaan kan hin adeemne ta'uu isaati.

54. Abbabbaa qoma kittaa
Alamoo mana jirtaa
Kan ormaa beeljoo bitta. (mala himtaa)
Kankoo maa gara diddaa,
Abbabbaa koo gaariikoo
Anoo hinbaanee ariikoo.
Obbo Baqqalaa Tolasaa (12/7/12)

Afwalaloo weedduu kanaa olii kana keessatti bo'owwan jalqabaa sadan uffata aadaa Oromoo "kittaa" kan ibsuufi abbaaf xiyyeeffannoo kennuufiin tajaajila barbaadu abbaarraa argachuuf kan weeddifamuudha. Kunis tajaajila barbaadan sana bifa abbaa garaa raasun kan ibsan ta'uufi iddoo garaan isaa yaade ga'uuf deeggarsi abbaa barbaachisuu ibsa. Kanaaf, qabiyyeen weedduu kanaa duudhaa Oromoo keessatti abbaan waan safuu qabuuf kana malees, kallattiidhaan abbaa ofiin sana kana jechuun safuu cabsuu waan ta'eef bifa weedduun waan barbaadan kan ibsaniif ta'uu agarsiisa.

**4.1.2.4. Weedduu Jaalala Haadhaa**

Haati nama kamiyyuu biratti jaalala guddaa kan qabdudha. Kan osoo hindhalatiin duraafi erga dhalataniis nama faana rakkattu haadha qofa. Ji'a sagal guutuu garaatti erga baattee deesse boodas guddisuuf jecha fincaan namarraa dhiqxee dhandhama midhaanii nama barsiisuun bu'aa ba'ii adda addaa keessa kan darbitu, beelooftee, dheebottee ,ofirra dhalasheef waan gaarii yaaddee guddistee sadarkaa guddarraan kan geesistudha.Kanaaf haati hawaasa Oromoo biratti kabajaafi jaalala guddaa waan qabduuf weedduun jaalala haadhaa ibsu weeddifamaaf kanas Oromoon yoo mammaaku" haadha dhabuu manna haadha dhabduu wayya" jedha.Namni jaalala haadha isaaf qabu kanas karaa weedduu jaalalaan ibsata. Kunis miira jaalalaa haadhaaf qaban afwalaloon sagaleen kuulanii weedduun ibsachuuf akka kanaa gadiitti weeddisu.

55. Haayyookoo,
Ayyaanakoo,
Gabaabduu lafa biraa,

Ayyaanni kee nabiraa

Akka afwalaloo weedduu oliirraa hubachuun danda'amutti ilmoon haadha deesse bifa garaa shee raasuun weeddisaaf. Weedduun kunis ergaan isaa haati yoo ilmoo sheetti gammadde ayyaanni shee kan dhala shee gargaaru ta'uu isaa ibsa. Kunis haati ofii qaamanis dhala shii biraa fagattullee yaadan,kadhannaa shiin kan nama hin dagann ta'uu mul'isa.Dabalataanis akka dhugeeffannoo aadaa Oromootti dubartii gabaabduun ayyaana qabeettiidha jedhama. Dhugeeffannoon kunis bifa mammaaksaan illee "dubartii gabaabduufi Oyiruu mana biraa ayyaantutu argata" jedhama. Mammaaksi kunis ergaa weedduu kanaa kan dhugoomsudha.

56. Harmee luuccan daggalaa,
Akka mujjaa balbalaa,
Yaashii amma gogorii geessuu,
Yaashii korommii deessuu.

Obbbo Hayiluu Urgeessaa(27/5/20012)

Ammas afwalaloo weedduu kanaa keessatti dhamsi jiru haadha ofii miidhagina shee hunda kaasuun malleen dubbiitti fayyadamuun wantoota naannoo isaanii jirutti fakkssuun weeddisu.Rifeensa mataa shees bosonatti akkasumas yabbina isaa mujjaa lafa gabbataa naannoo qe'ee margutti fakkeessuun haadha gurra guddisanii faarsu.Kunis malleen dubbii keessaa akkasatti fayyadamuun midhagina ishii, haadha jagnaafi maatii hedduu ta'uu shii agarsiisa. Kunis afoolli Oromoo bu'aa ba'ii dhaloota dhala namaa keessatti gumaacha olaanaa qabaachuu isaa argsiisa.

57. Weennii qarree mooqitoo
Sit garba naachaa dhugee
Nahidhu yaa haadha koo
Barri maraachaan dhufee

Afwalaloon weedduu jaalalaa olii aantumma haati limoo shiif qabdu ibsu bo'oo tokkoffaafi lammaffaan unata walalichaaf gumaachuu cinaatti weeddisaan weennin bakka balaaf ishii saaxile akka dhaqxe ibsuun innis akkuma weennii iddoo malee dhaabbachuu yookiin nama isa hin ginne waliin ooluu isaa keessa deebi'ee ofilaaluun icciitii saa haadhatti himachuun fala akka barbaadduuf kan weeddifamee ta'uu saati.

#### 4.1.2.5.Weedduu Jaalala Obboleessaa.

Oromoon dhala namaa waliin hariiroo uumee duudhaa miidhagaa maatii keessatti shaakalan fudhatee hawaasa biratti ba'a.kanaaf, weedduun obboleessaa gamtaa maatii keessatti qooda obboleessaa ibsuun weeddisu. Weedduun kunis dhiiras ta'ee dubartiin ni weeddifama. Weedduu kana keessattis aantummaa obboleessi qabu afwalalootti gargaaramuun weeddiffama.Kunis haala itti aanu kanaan xinxaalameera.

58. Damee yaa godeessakoo,
Damisee Sagguu yaa godeessakoo,
Alagaan bineensumaa
Nama nyaata yaa obboleessakoo,
Obboleessi gaaddisaa,
Alagaan saree nama nyaachisaa.

Afwalaloo weedduu olii kana irraa wanti hubatamu bo'oo jalqabaa lamaan keessatti weedduun tokko wantoota ykn goota naannoo sanatti argamutti dhimma ba'uun unata walaloo tokko miidhagsuuf weeddifamuu agarsiisa.Bo'oon itti aanaan lamaan diinummaa alagaafi alagaatti ofamanuun akka hinbarbaachifne agarsiisa.Bo'oon dhumaa lamaan ammoo.aantummaa obboleessi qabuufi obboleessa ofii waliin jiraachuun murteessaa akka ta'e ibsa. Dhaams weedduu kanaa obboleessa kan jedhu kun obboleessa waliin dhalatan qofa irratti kan daangeffamu osoo hintaane, qomoo yookiin lammiin ofii gaachana akka ta'eefi alagaan afaaniin fira fakkaatee kan boolla namaa qotu ta'uu isaa agarsiisa.Mammaaksi Oromoos nyaadhu nyaadhuu gara fira keetti garagari liqimsi jedhu aantummaa qomoo ofii dhugoomsa.

59. Dabaleen godeessaa (X2)
Shugguxiin ilmoodhaa,
Qawween obboleessaa.

Afwalaloo kana keessatti ammoo qabiyyeen weedduu kanaa bo'oon jalqabaa 'godeessa' kan jedhu gootummaafi fuungummaa nama maqaan dha'amee kan ibsu yoo ta'u bo'oon lamaan itti aanaan ammoo fakkoomii shugguxiifi qawwee ibsa. Kunis ilmoon obboleessa irra namatti waan aantuuf shugguxiitti fakkeessuun ibsame. Shugguxiin bobaa jala ykn mudhii irratti dhoksaan ofitti aansanii waan hidhataniif otoo diinni hin hubatin irra aanuuf waan nama gargaaruuf ilmootti fakkeeffame. Qawween ammoo gateettirratti qabatama waan ta'eef alalatti waan

mul’atuuf sodaachisuun fagootti diina ofirra ittisuuf waan fayyaduuf aantummaa obboleessaa qawweetti fakkeessuu mul’isa.

60. Nan hawwaa nan abalaa
Gabaa mana gararra
Caffee mana garjallaa
Koodee wal bira sadi.
.(obbo Dabalaa Gadaa 16/6/2012)

Bara jireenya isaa keessatti dhalli namaa waa hedduu hawwa,.raaja akkasumas ni tilmaama. Wanta hawwu argachuufis ifaaja bu’ee ba’a.Walaloon bo’oo lammaffaafi sadaffaa *“Gabaa managararr, caffee mana garjallaa*”jedhu gabaa dhihoo otoo karaa dheeraa hin deemin maa’ii adda addaa kan itti baafatan yoo ta’u caffee mana garjallaa loon kan itti yaafatan ta’uufi faay’idaa qabeenya naannoo ofii jiruu irraa argamu agarsiisa.Akkasumas walaloon bo’oo dhumaa”**Koodee wal bira sadi’**jedhu obbolaan wal bira jiran gachana waliif ta’uu isaaniiti;.kunis gaafa giitii tokko waliin dhabbachuuf,tokko wabii waammachuuf gama hundaan waliif da’oo ta’uu agarsiisa.(obbo Dabalaa Gadaa 16/6/2012)

#### 4.1.2.6. Weedduu Jaalala Gootaa.

Gootni hawaasa Oromoo biratti jaalalaafi kabaja guddaa qaba. Innis kan abdatamu gaafa roorroo,giitiifi xiiqii akkasumas gaafa gumaafi gaafa diinni daangaa darbe kan diina biyyaafi lammiisaarraa deebiisudha.Gootni gaafa injifannoon ykn ajjeesee galu hawaasa biratti jaalalaafi kabaja guddaa horata. Kaayyoon weedduu gootaa ammoo jabaa galateeffachuuf leellisuu ,,jajjabeessuufi dabeessatti onnee (gootummaa) itti horuudha. Weedduun kunis bifa kanaa gadiitiin weeddifama.

61.Takkan aara aarsaa,
Kaboonni haa gubatuu ,
Takkan goota faarsaa,
Daboor haa mufatuu.

Afwalaloo weedduu olii bifa bu’aafi sababaatiin dhiyate. Innis aara aarsuun kaboonni akka gubatuuf yoo ta’u, goota faarsuun ammmoo dabeessi akka mufatuufidha. Kanamalees hawaasa Oromoo biratti gootummaan kan jaalatamuufi leellifamu yommuu ta’u, dabeessummaan ammoo kan jibbaamuufi baalaaleffatamu ta’uu isaa ibsa.

62. Otoon qottoo ta'ee
    Ceekaa jala muruu
    Murullee allaguu
    Otoon nadhoo ta'ee
    Seesaa jala buluu
    Bulullee hinamadhuu.

Dar.Mootummaa Fisshaa (8/7/2012)

Afwalaloon weedduu kanaa olii bo'oon sadan jalqabaa keessatti waa'ee kunuunsa bosonaatiin walqabatee miidhaa qottoon bosonarran ga'uufi cimina mukti Ceekaa qabu ibsa.Bo'oon sadan itti aanan ammoo bifa onnee dabeessaa itichuu danda'uun dubartiin akka seesaa jala hinbulleefi bultullee jaalala guutuu akka irraa hinarganne ibsa. Kanaaf,qabiyyeen weedduu kanaa afoolli Oromoo nama dabeessa ta'e kan onnee itti horuufi goota ammoo jajjabeessuudha. Akkasumas bultii ijaarrachuu keessattillee dabeessa waliin jiraachun jireenya hanquu kan nama jiraachisu yommuu ta'u goota waliin jiraachuun ammoo jireenya gammachuu qabu kan nama jiraachisu ta'uu agarsiisa.

63. Agadaa qimiqimii,
    Jaartiin qoraanii hingallee,
    Qabataa minishirii,
    Baacaa boraatiin qawwee.

Adde Mintuu Badhaadhii.(28 /5 /2012)

Afwalaloon weedduu kanaa olii kun akka ibsutti "Agadaa qimiqimii, Jaartiin qoraanii hingallee,"jedhu agadaan qimiqqimiin kan akka qoraanitti tajaajilu yoo ta'u, jaartiin qoraanii hingallee yaanni jedhu hanga jaartiin qoraanii galtutti agadaatti gargaarami yaada jedhuu wal unanna walalchaaf kalaqame. Bo'oo lamaan itti aanan ammoo goonni meeshaa inni itti gargaaramuufi qophii goonni qabu kan qawwee saa ofirraa hinfageessine akka ta'e ibsa. Yoo rafu mataa jala godhatee, yoo nyaatu ofitti hirkisee kan taa'ufi yeroo kamillee ofirraa kan hinfageessine yeroo hunda ofeeggannoon kan jiraatu goota diinaaf harka hinlaanne ta'uu isaa mul'sa.

64. Dhagaa jalli qa'aa(x2)

    Wantaa goonni loluu

Burree akka sa’aa

Obbo Baqqalaa Tolasaa (12/7/2012)

Weedduun ummata Oromoo maleen dubbiin kan badhadhedha.Walaloon bo’oo jalqabaa’*dhagaa jalli qa’aa*’jedhu dabeessa yookin daboroo kan qeequ yoo ta’uu kunis naannoo dabeessi jiruu qaawwan karaa diinni seenu jiraachuu kan mul’isudha.Walaloo bo’oo dhumaa lamaan ammoo goota kan jajjabeessuu “*burree akka sa’aa*” jedhu goonni tooftaa adda addaatti fayyadamuun diina gama kamiinuu itti dhufe :duraa duuban bitaa mirgaan kan ofirraa deebisuu danda’u ta’uu agarsiisa.Walaloo kunis malleen dubbii keessaa akkasaatti dhimma ba’ame.

65. Qotanii qataniiti
Kan magarte meesuu
Lolanii lolaniiti
Namaa gamut dheessuu.

Walaloon weedduu olii bo’oon jalqabaa lamaan wal hunannaa walalichaaf gumaachuu cinaatti qonni akkaataa xaafiin itti qotamee facaafamufi tooftaa hordofamuu qabu kan mul’isu yoo ta’u bo’oon sadaffaafi arfaffaa ammoo akkuma hojiin hojjatamu hunduu toftaa mataa saa qabu lollis mala kan barbaadufi amma dhumaatti loluun haala laaluun lubbuu ofii boruuf kaa’uun humna cimsachaa deemuun barbaachisaa ta’uu agarsiisa.

66. Yaa gingilchaa miilaa(X2)
Goonni dhiiboo dhaqee
Yaa gitichaa dhiiraa.

Adde Warqituu Fiqaaduu (15/7/2012)

Umanni Oromoo goota faarssuun dabooron akka onnee horatu taasisa .Walaloon weedduu olii kun shamarraanin kan weeddifamu yoo ta’u kunis yeroo daddarbaa deeman dargaggeessa naannoo qe’eetti argame ittiin qeequufi gootummaa jajjabeessuuf weeddisu.kunis dargaggoonni Oromoo Aanaa Jalduu keessatti argaman biyyaaf abdii akka ta’aniif sirna gadaa bu’uura godhadhacuun umurii waggaa kudhashan irraa eegaluun gachana gogaa yookiin migiraa kan ittiin ulee ofirraa qolatan qabachuun tooftaa itti diina biyyaafi ofirraa cabsuu dandeesisu gamaa gamana dhabbachuun ykn gareen wal qooduun shaakalu.Shaakala kana keessatti yoo wal miidhan illee aaloo walitti kuusuun hin jiru..Dargaggoon guyyaa shaakalli akka tasaa ta’ee

naannoo qe’eettii argame ni dhokata yoo akka tasaa qe’eetti argamee qeeqamees dheeffuu malee deebiin kennamu kan hin jirree ta’uu;kunis aadaa hawaasichaaf kabaja keennuu mul’isa.

67. Daadhii yaa daadholee koo
Daadhii kan dhugu gootaa
Yaa daboroo maal itti goota

Ummanni Oromoo aanaa Jalduu bakka hojii adda addaa hojjatu maratti goota jajjabeessaa dabeessa qeequun akka onnee horatu kallattii agarsiisu.Walaloon weedduu bo’oo lammaffaafi sadaffaas kunuunsa gootaaf godhamuu qabu kan ibsu yoo ta’u kunis goota malee dabooroon booka akka dhuguu hin dandeenyefi dhugullee kan isa hin fayyanne ta;uu agarsiisa.Goonni kanniisan waan fakkeeffamuuf booka dhuguun kan irraa miidhagu ta’uu agarsiisa.Kunis goota daran kan jajjabessuufi dabessatti kan onnee itti hour ta’uu agarsiisa.

68. A’ee Oromiyaa biyya koo
Yaa midhan lubbuu koo
Quufni nuu deebi’ee
Yaadii loli(x2)
Maal yaadee loluu
Lakki kana yaadii lolii
Maal yaadee loluu
Bag ajeeftee hiriyaa
Harka fuudha jaarsaa
Harka fuudha jaartii
Kana yaadii lolii
.Obbo Dhaabaa Abdii(25/6/2012)

Ummanni Oromoo bakka taa’ee ka’u hundatti dhaamsa walii dabarsuun dhaloota qara. Weedduun walaloo oliis bo’oon sadan jalqabaa ceesisaaf galullee biyyi keenya Oromiyaan dachee jiituu biyya uumamaan badhaate wanta hunda hojjataniirraa argachuun kan danda’amu ta’uufi namni cimee yoo dalagate kan hin beelofne ta’uu agarsiisa.Bo’oowwan hafan hundinuu bifa ajajaafi gaaffiin kan weeddifame yoo ta’u tooftaa dabeessi akka onnee horatu taasiisuufi kabajaafi ulfina gootni hawaasa,hiriyaafi maanguddoota biratti qabu ibsuun dhaloota onnee

guutuu qabu gaachana biyyaafi sabaa,abdii boruu ta'e  qaraa kan deemamu ta'uu mul'isa.Kunis bifa wal jalaa qabuutin  kan weeddifamuu ta'uu agarsiisa.

#### 4.1.2.7. Weedduu jaalaalaa biyyaa

Biyyi haadha.Miidhaan haadha ofiirra ga'u callisanii ilaaluun hin danda'amu. Ummanni Orommoo biyya akka haadhatti kabajaafi jaalala guddaa qabaaf gama kaminiyyuu roorroo biyya isaarra gahe haarsaa kanfaluun birmadummaa biyya isaa kabachisaa ture har'as daangaa Oromiyaa kabachiisuuf wareegamni taasifame yaadannoo yeroo dhiyooti.Wanti biyya ofii caalu hin jiru Gaariin biyya ormaa kanuma ormaati Jaalalaafi kabajaa biyya isaaf qabu kanas weedduu jaalalaatin ibsata.Kunis akka itti aanuutti xinxaalameera.

69. Biyya ofii yaa gaaddisa garbuu,
    Aduun nama hin arguu.
    Biyya ormaa yaa gaaddisa mukaa
    Aduun nama gubaa.
    Oromiyyaa biyya koo
    Siifan muramaa hodhu morma koo
        Oboo Dhaabaa Abdii (3/6//2012)

Weedduu olii keessatti bo'oowwan arfan jalqabaa walhunannaa weedduuf dhihaachuun cinaatti biyya ofii keessa ennaa jiraaatan wanta nama quunnamu hunda akka salpaatti jalaa ba'uun kan danda;amuufi hamaaf dabarsitee kan nama hin laannee ta'uu ibsa.Akkasumas biyyi anbaa osoo nyaatanuu kan beela'aniifi rakkoof dabarsee kan nama kennu ta'uu ibsa.bo'oowwan dhumaa lamaan ammoo biyya ofiif wanti waakkatan kan hin jirree ta'uu mul'isa.Kanarraa kan ka'e jaalalli biyyaa amma lubbuu ofii kennanitti ta'uu isaa kan ibsedha.

### 4.1.3. Yoomessa Weedduu Jaalalaa

Akka odeef-kennitoonni himanitti ummanni Oromoo weedduu jaalalaa yeroofi bakka filatee kan weeddisu osoo hin taanee haala keessa jiran keessatti weeddisu.Dargaggeessi sagalee kiirolee uumamaan kennameefitti dhimma ba'uun jaalallee isaa miira jaalalaa keessa galchuufi jaalalli daran akka cimuuf naannoo sagalee isaa dhaggeeffachuu dandeessutti ba'uun weeddisaaf. Ishiinis weedduun deebii deebistif.Akkasumas dargaggoon jalallee baafachuu fedhes iddoo ishiin jirtutti hordofuun sagaleesaa bilbila gochuun jaalala ishiif qabu weeddisuufin garaa booressuun

jaalalaan booji'a ishiinis yaada qabdu weedduun deebistiif.Haalli dhiyyaannaa weedduu jaalalaas hirmaattota malee qophaa kan weeddifamu yoo ta'u darbee daree yeroo daadoo hojjatan bifa walii deddebisuutin weeddisuun ni mul'ataYoomessi weedduu jaalalaas birraa,bona,arfaasaafi ganna,akkasumas bakkaa migira guuranitti,qoraan cabsanitti,loon tiksanitti ,lafa gabaatti, bakka,ayyaanni aada addaa kabajamutti.iddoo cidhaa, yeroo daboo,daadoofi wkf irratti weedduun jaalalaa weeddifamuu ibsu.Yoomessi kunis akka itti aanutti xinxaalameera.

70. Dagabaasi dhoqqee hin haruu
Agadaa tarreessitee
Osolee gabaa dhuftuu
Nagada fakkeessitee
Oboo Baqqalaa Tolasaa(5/6/2012)

Akka walaloo weedduu oliirraa hubatamutti bo'oo sadaffaafi arfaffaa *"osolee gabaa dhuftuu,nagada fakkeessitee"* jedhu saala lamaaninuu kan weeddifamu yoo ta'uu Osoleen wiirtuu gabaan torbeetti guyyaa lama dhaabbattu waan ta'eef waan gurgurtee bittullee yoo qabaachuu baatte qabata gabaa godhadhuu koottu wal agarra kan jedhu agarsiisa.Bo'oon jalqabaa lamaan ammoo Dagabaas lafa margaa dur ganna ganna loon darabaa itti galan yoo ta'u bakka loon yeroof keessa bulan agadaan kan ijaaramuuf ta'uu yoomessi weedduu kana keessatti mul'atus lafa gabaa ta'uu agarsiisa.

71. Tajjisaara ulattee
Migira birra keessa ciisinii
lapheen koo natti ka'ee
hidhannaa mudhii gad nandhisini.
Obbo Dhaabaa Abdii (25/5/2012)

Afwalaloo weedduu kanarraa wanti hubatamu bo'oo jalqabaa lamaan *"tajjisaara ulattee,migira birraa keessa ciisinii"* jedhu yeroo durii urgooftuun baay'inaan waan hin jirreef dubarttoonni wanttoota adda addaa kanneen akka qayyaa,xunjiitiifi tajjisaara ulachuun qurunfudii ammoo dibachuun jalallee isaanii ofitti hawwatu.Dhamsi weedduu kanas.yeroon birraa waan ta'eef diddbachuun urgaa'ii koottu kan jedhu ofkeessa kan qabuufi ofeeggannoof weeddifamuu agarsiisa.Bo'oon dhumaa lamaan ammoo dhukkuba laphee kan qabuufi yoo jaalallee isaa dhabee

kan itti cimu waan ta’eef  ammannaa jaalallee saan kan fayyuu ta’uu fi.yoomessi weedduu kanas birraa bakka migira guuran ta’uu mul’isa.

72. Mogee keessattan argee
Ciisa kuruphee(x2)
Qoraanan dhaqa jedhii
Fe’uma fudhuu kooyaa shurrubee

Yeroo baay’ee jaalalleewwan lamaan wal arguuf bakka dawoo namoonni isaan arguu hin dandeenye filatu.kunis maatii sodaachuufi safuu hawaasaa kabajuu irraa kan maddu yoo ta’u walaloo weedduu bo’oo sadaffaafi arfaffaa irraas wanti hubatamu qoraan bakka bosonni jiruu kan guurramu waan ta’eefi dargaggoon jaalallee isaa shurrubbaan dannoorra ciisu achitti kan eegu ta’uu mul’isa.yoomessi weedduu kanaas yeroon ifatti mul’achuu baatus baay’inaan kan qoraan guurramu yeroo hojiin oomishaa baay’inaan hin jirre yoo ta’u bakki isaammoo bosona keessa ta’uu mul’isa.

### 4.1.4.Weedduun Jaalalaa Eenyun Weeddifama

Akka odeef-kennitoonni himanitti weedduun jaalalaa dargaggoota.shamarraan,ga’eessotafi maanguddoota Oromoon weeddifama Weedduun jaalalaa haalaafi qabiyyee isaarratti hundaa’uun weeddifama.Kunis weedduu gootaa,biyyaa,obboleessaa,haadhaa kutaa hawaasaa maraan kan weeddifamu yoo ta’u weedduun jaalalaa garuu irra caalatti dargaggootaafi shamarraniin weeddifama.Ga’eessonnifi maanguddoonni ammo quuqqaa,dhiphina,qophummaafi nuffii malee hojii tokko dalaguuf kan weeddisan jiraachuu ibsu.Kunis kan weeddifamu haala adda addaatiin warreen jaalallee isaanii dhabaniinfi quuqama adda addaa qabaniin ta’uu himu.Kanaaf hirmaattoon weedduu jaalalaa kutaa hawaasaa mara ta’uu isaati.

### 4.1.5. Xinxaala Faay’daa Weedduu Jaalalaa

weedduu jaalalaa faay’idaa garaa garaa bu;uura godhachuun weeddifama.Faay’idaa kunis yoomessa adda addaa keessatti dhiyaachuun saa xinxaalameera.

#### 4.1.5.1.Bashannanisiisuu

Faay’idaa afoolaa keessaa tokko bashannanisiisaa dhaamsa dabarsuudha.Kunisi miira addaa keessoo namaatti uumun nama gammachiisa,mukuu nama baasuun boqonnaa qaamaafi sammuu namaa laata.jaalalleewwan lamaanis weedduu jaalalaa wal dhageesisuun dhaamsa adda addaa

ittin dabarfatu.Dargaggoon jaalala shamarree jaalate tokkoof qabus naannoo ishiin sagalee saa dhaggeeffachuu dandeessutti ba'ee miira isaa ibsachuun dhaamsa isaa dabarfata,keessoo isaa ibsuufin kan ofii godhachuuf weeddisa.Dabalataan erga jaalallee ofiitin walitti dhufani gammachuu ibsatu akka itti aanutti xinxaalameera.

73.Yaa saamunaa komitee
Daara addeessu malee
Gororri shaggee tiyyaa
Dhaadhuma dhaadhii jedhaa
Nama macheessu malee.
Dar.Saamu'eel Tsaggaayyee(8/6/2012)

Afwalaloo weedduu jaalalaa bo'oo jalqabaa lamaan wal hunata walalichaaf galuu cinnaatti sirna bulchiinsa darbe qeeqa.Bo'oosadaffaafi arfaffaan ammoo gurbaan kaadhimaa saa argate dhandhamni gorora jaalallee isaa booka taasisuun akka bookaa garuu kan nama hin macheessine qoricha ta'uu gammachuu jaalallee saarraa argate ibsachuu mul'isa.

**4.1.5.2.Gorsa**

Jaalalleewwan lamaan akka fedhiifi hawwii isaanitti wal arguuf haala mijawaa yoo dhaban jaalalaan akka hin miidhamneef akkasumas jaalalaan akka wal hin miine weedduu jaalalaa walii weeddisuun wal gorsu.Kunis irra caalatti dargaggeessan kan weeddifamu yoo ta'uu akka itti aanuutti xinxaalameera.

74. Allaattin tokko dhufee
kan harka lamaan waaqatti afarsuu
Cubuu godhin yaa shaggee
Daabiloos karaa mana dabaarsuu.
Dar.Dirribaa Caalii(25/5/2012)

Afwalaloon weedduu olii bo'oo sadaffaafi arfaffaa"*cubbuu godhin yaa shaggee daabiloos karaa nama dabarsuu"*jedhu dargaggeessan kan weeddifamu yoo ta'u kumis naannoo jaalalleen isaa sagalee saa dhaggeeffachuu dandeessutti ba'uun akka isa malee nama biraa hin jaalanne gorsa,dhaamsa isaa dabarfata.Kumis jaalala irratti jaalala baasuun cubbuu ta'uu, yoo kana goote gaafa boqotte harka daabiloositti kan kuftu ta'uufi kan ofii godhachuuf tokkoof tokkon jiraachuu kan qaban ta'uu mul'isa.Weedduun jaalalaa dhaamsa jaalalaa dabarsuu cinaatti gola adda addaa

seenun jireenya hawaasummaa keessatti wal ganuun cubbuu ta'uufi hawaasa birattis kan fudhatama hin qabne ta'uu mulisa.Jechi daabiloos jedhu afaan Oromootin Jinnii jechuudha. Bo'oo tokkoffaafi lammaffaa allaattiti kan fakkeeffame nama jaalallee saa irraa fudhachuufi dhiibbaa adda addaarraaan ga'uuf marsu jiraachuu hubachiisuun ofeeggannoof weeddifamuu mul'isa.

75. Bargamoo shaggar qarree
 Irri hurumaa jalli inzirtii
 Jajjabaadhu yaa shaggee
 Duban dullumaa duutis ni jirtii.

Dargaggoo Mootummaa Fissahaa(16 /6/2012)

Afwalaloo weedduu jaalala olii irraa wanti hubatamu bo'oon jalqabaa lamaan wal hunata walalichaaf galuu cinaatti mukkeen magaala keessatti argaman jalli maaxamuun mataarratti balli gobbachuu ibsa.Jechi inzirtii jedhu meeshaa aadaa shimalaafi buqqeerraa tolfamu kan jirbiin ittiin foo'amu baargamoo finfinneetti fakkeessnuu ibsame.Bo'oo sadafaafi arfaffaan ammo dargaggeessi fuullee jaalalleen isaa jirtutti ba'uun sagalee dhageesisuun wanti hundinuu kan darbu ta'uufi yerootti fayyadamuun akka waliin jiraachuu qaban jaalallee saaf weeddisa.Kunis gorsa waan yaraa hin dalagin yeroo darbuuf jedhu dabarsa.Dabalataan dhalli namaa bara jireenya isaa keessatti dullumniifi duuti jiraachuu yaada keessaa galchuun bara jireenya saa keessatti waan gaarii dalagee darbuu kan qabu ta'uu mul'isa.

#### 4.1.5.3.Gaabbii

Jaalalleewwan lamaan akka tasaa wal dhabuu danda'u Wal dhabiinsa muudate kanas tokko keessa deebi'ee ilaaluun weedduu jaalalaa gaabbii agarsiisu weeddisuufin jaalallee isaa ykn ishii ararfachuuf gaabbii keessa isaaniibsachuun jaalala haaromsuuf kan weeddifamu yoo ta'uu kunis akka itti aanuutti xinxaalamaniiru.

76. Yaa booqa booqaa bulii
 Koottu jiboota leenjifnaa
 Yaa moofa moofaa durii
 Koofirooma deebifnaa.

Afwalaloo weedduu jaalala gaabbii agarsiisu olii bo'oo sadaffaafi arfaffaa *"yaa moofa moofaa durii koofirooma deebifnaa"*jedhu jaalalleewwan dura wal jaalalachaa turan sababa garaa garaan

walitti bu’aniin kan weeddifamu yoo ta’u keessa kan garaa hin muratinin weeddifama.Kunis jaalala duraan ture deebisanii haaromsuun waliin jiraachuuf kan weeddifamu ta’uu mul’isa. Bo’oo jalqabaa lamaan ammoo wal hunata walalichaaf galuu cinaatti amala ykn rakkoo duraan ture sirreefachuun waliin jiraachuuf kan weeddifamu ta’uu agarsiisa.

77..Darraa gamaa gamana
Kaloo jabbilee
Koottu ni araaramna
Nulachuu gaabbinee

Afwalaloon weedduu olii jalalleewwan waldhabiins jidduu saanitti muudateen kan weeddifamu yoo ta;u kunis jarreen lamaanuu dhabatanii ofilaaluun keessoo isaanii gaabbiin jiraachuu agarsiisuuf keessaa kan ija jabeessa ta’een weeddifama.Kunis walii galteen rakkoo duraan ture dhabamsiisuun jaalala deebisanii haaromsuuf kan weeddifamu ta’uu agarsiisa.Haalli kun jireenya hawaasummaa keessattis kan calaqqisu yoo ta’u weedduu jaalalaan hawasni dhaamsa adda addaa kan ittin dabarfatu ta’uu agarsiisa.

**4.1.5.4.Yaaddoo**

Jaalala keessa bu’aa ba’ii hedduun jiraachuu danda’a.Kunis jaalalleewwan lamaan sababa garaagaraan akka fedhii isaanitti walarguuf haala mijaawaa dhabuu irraa kan ka’e yaaddon waxalamuu.Kanaaf keessaa kan jaalalli itti ammaate yaaddoo keessa isaa ykn ishii jiru weedduu jaalalaa yaaddoo ibsu weeddisuufin jaalalaan miidhamaa jiraachuu ibsufin furmaata kan barbaadan ta’a.

78. Mishingaa mata lame
Sololaan qarqabattee
Gubadhee waxalamee
Ati waa dandamattee

Afwalaloo weedduu olii dargaggeessanis ta’ee shamarraniin kan weeddifamu yoo ta’u bo’oon jalqabaa lamaan hunannaa walalichaaf gumaachuu cinaatti qophaa ta’un rakkoon itti baayyachuu dhiibbaan irra ga’uufi qabeenya saa dhabuu ibsa.Bo’oo sadaffaafi arfaffaan*”gubadhee waxalamee,ati waa dandamattee”*jedhu kan keessaa jaalalli itti cime wal argaa dhabuu irraa kan ka’e ibiddi jaalalaa keessoo isaatti qabatee ykn miidhaarra ga’e  ibsachaa wal argaa fedhuufi

haala jaalalleen isaa ykn ishii keessa jirtu gaafachaa yaaddoon miidhamaa jiraachuu kan ibsu ta'uu mul'isa.

79.Shaggarii kutaan alaadaa
Yoo kutaa naa footee maalii
Halkanii guyyaan si yaadaa
Yoo dhugaa naa goote maalii.

Afwalaloon olii bo'oon jalqabaa laman irraa wanti hubatamu "shaggar"handhura Oromiyaa bakka daldalli akka biyyaatti itti gaggeeffamu yoo ta'u kutaanis achitti alada ykn saantima torbatamii shan ta'uufi kanaan bituurra ofiif naa foo'i; jaalalleen ofii kan footee wayya yaada jedhufi jaalalaa nama sanaaf qabu uffataan fakkeessuun kan ibsu ta'uu agarsiisa.Bo'oo sadaffaafi arfaffaan ammoo"*halkanii guyyaan siyaadaa,yoo dhugaa naa goote maalii"* jedhu jaalalleewwan lamaan keessaa tokko kan yaaddoon itti ammaate guyyaa hojii dhiisee,halkan hirrba dhabee kan jaalalee isaa ykn ishii yaadaa oolee bulu ta'uu ibsachuun jaalala keessatti waliif yaaduun, wal hubachuun murtteessaaa ta'uufi bultii hunddeessun waliin jiraachuuf eeyyama gaafachuu agarsiisa.

80. Jimaata gabaan ba'aa
Silaas nan gala mitii
Cinaachan lafaan ga'aa
Silaas nan rafaa mitii

Afwalaloo olii irraa wanti hubatamu bo'oo jalqabaa lamaan dargaggeessi ykn shamarreen jaalallee saa ykn ishii akka fedhanitti wal arguu hin dandeenyen kan weeddifamu yoo ta'u kunis yaaddoo gama garaa garaan jiru irraa kan ka'e jooruu ba'ee galuu dadhabuu kan mul'isu yoo ta'u.Bo'oo sadaffaafi arfaffaa ammo *"cinaachan lafaan ga'aa silaas nan rafaa miti"*jedhu yaaddoo jaalallee isaa /ishii irraa kan ka'e halkanillee kan hirriba hin qabne yeroo dabarffachuuf qofa kan gadi ciisu ta'uu agarsiisuf kan weeddifamu ta'uu mul'isa.Akkasumas namni dhiibbaa adda addaa keessa jiru boqonnaa qaamaafi sammuu kan hin qabne ta'uu agarsiisa.

**4.1.5.5.Waadaa**

Akka haala qilleensan hin raafamneefi waan hawwan argachuuf jaalalleewwan lamaan jidduu waadaan jiraachuun beekamaadha.Waadaan kunis osoo jaalala hoo'aa keessa jiranuu kan raawwatu yoo ta'u darbee darbee garuu otoo waadaa hin cimsatin jaalalaan kufuun ni mul'ata.

Jaalataan erga qalbiitti deebi'een booda dhabatee of ilaaluun weeedduu waadaa cimsuu weeddisuun waadaan akka cimu taasifama.Kunis akka itti aanutti xinxaalameera.

81. Anbaltaa daarii Awaasii
Bilillee seexanni awwaalee
Nagantaa naa waami waasii
Miiliqqee keettan walaalee.
Adde Warqituu Fiqaaduu(16/7/2012)

Afwalaloo weedduu olii bo'oon jalqabaa lamaan hunata walalichaaf gumaachuu cinaatti muka daangaa laga Awaas jiru kan maqaa dha'uufi seexanni waan gaarii kan hin dalagne ta'uu agarsiisa.Bo'oo sadaffaafi arfaffaa "nagantaa naa waamii waasii miiliqqee keettan wallaalee " jedhu jaalalleewwan lamaan keessaa kan iddoo lama dhaabachuu fedhuuf kan weeddifamu yoo ta'u;kunis adeemsi jiru sirrii akka hin taane ibsuufin waadaan jidduu isaanii jiru cimuu akka qabuufi maatitti ykn mana qophssatti gaa'ela isaanii beeksifachuun bultii hunddeessuuf kan weeddifame ta'uu mul'isa.Akkasumas nama gar lama fakkaatee gara lamaanii faay'idaa adda addaa argachuu fedhu kan qeequu yoo ta'u, Jechi"waasii"jedhu jecha afaan Amaaraa yoo ta'u afaan Oromootin wabii kan jedhu ta'a.Kunis jaalalli qilleensaan akka hin raafamneef gaa'ela sirna qabeessa ta'e raawwachuu kan qaban ta'uu agarsiisa.Dabalataan weedduun jaalalaa duudha hawaasaa kabachiisuu cinaatti jireenya hawaasummaa cimsuu keessattis dhimmi waabii hin qabne kamuu fudhatama guutuu kan hin qabne ta'uu agarsiisa.

82. Yaa gabaa Jimaata goolaa
Jaarsi mooyyee tumu maalii
Maganaa siraata goonaa
Namni obese bulu maalii.

Afwalaloon olii bo'oon jalqabaa lamaan wal hunata walalichaaf gumaachuu cinaatti naannoo sanatti iddoo gabaan Jimaataa itti dhaabbattu kan maqaa dha'uufi hojii umurii walii hindeemne hojjachuu kan qeequ yoo ta'u bo'oo sadaffaafi arfaffaa "maganaa siraata goonaa namni obese bulu maalii"jedhu jaalalli waadaa hin qabne ykn gaa'elli sirnaan maatii ofii beeksifachuun hin raawaatamne shakkii kan qabu ta'uufi boqonnaa sammuullee kan namaa hin laanne waan ta'eef waadaa cimsachuu kan qaban ta'uu agarsiisuuf kan weeddifameedha.

#### 4.1.5.6.Komii

Weedduun jaalalaa jaalalleewwan lamaan akkuma jaalala, hawwiifi fedhii keessa isaanii jiru ibsachuuf gargaaru komii wal irraa qaban rakkoolee jidduu isaanii jiru ibsachuufis itti gargaaramu.Weedduun jaalalaa komii ibsachuuf weeddifamanis akka itti aanutti xinxaalamaniiru.

83. Ababaa Garbii Bultoo
Qacamarra loomii kololchitee
Biyyaa baaten sise’ee
Biyyanuma teesseti na obsitee

Afwalaloo weedduu jaalalaa kommii agarsiisu kun bo’oon jalqabaa lamaan Ababaa dubartii cimtuu haadha manaa gooticha Garbii Bultoo ibsuuf kan weeddifamedha.Kunis dargaggoofi shamarraaniin kan weeddifamu yoo ta’u bo’oo dhumaa lamaan ammoo jaalalleewwan lamaan osuma naannoo tokkorra jiranu tokko keessaa sababa adda addaa irraa kan ka’e wal arguuf yeroo ykn fedhii yoo dhabe keessaa kan jaalalli itti cimee akka wal argan barbaade weedduu kana weeddisuufin komii qabu ibsachaa jaalalli deebi’ee akka itti fufuuf kan weeddifamu ta’u agarsiisa.Akkasumas namoota dhiibbaa adda addaarraa kan ka’e wal argaan dhibdeenis ni weeddifama.

84..Otoon ijaara ijaaruu
Biillan xaddee na waraantee
Otoon siifana kiraaruu
Lapheen bakkaa na warraqxee.

Afwalaloo weedduu jaalalaa oliirraa wanti hubatamu bo’oo jalqabaa lamaan hunata walalichaaf ooluu cinaatti yeroo waa dalagan bu’aa ba’iin kan jiruufi gufuun kan hin dhabamnee, jaalallis kanumaan kan fakkeeffamu ta’uu mul’isa.Kunis dargaeessaanis ta’ee shamarraanin kan weeddifamu yoo ta’u bo’oo sadaffaafi arfaffaan ammoo jaalalleen lamaan jaalalaan osoo jiranuu wal arguuf haala mijataa yoo dhaban keessaa kan jaalalli itti ammaate komii qabuufi ifaajee jaalala keessatti isa muudate fuullee jaalalleen isaa ykn ishee jirtutti ykn jirutti ba’uun jaalallee sana argachuuf otoo oliifi gadi dhama’uu ykn dhamaatuu dhukkuba lapheef saaxilamuufi jaalalli amma itti dadhabame ta’uu dhiisuu kommii jiru ibsachuuf kan weeddifamu

ta’uu mul’isa.Akkasumas namoota rakkoo adda addaatiin gargar ba’anis ifajee jireenya keessatti isaan muudate ibsachuuf ni weeddifama.

85. Ani hin haamuu ati hin haamtuu
Galabaa bubeen balleessee
Ati hin dhaamtuu ani hin dhaamuu
Nu lachuu garaa jabeessee.

Afwalaloon olii dargaggootafi shamarraanin kan weeddifamu yoo ta’u kunis bo’oo tokkoffaafi lammaffaa wal hunata walalichaaf gumaachuu cinaatti wal morkachuu keessaa qabeeny jidduutti badaa kan jiru ta’uu mul’isa.Bo’oo sadaffaafi arfaffaan ammo*”ati hin dhaamtuu ani hin dhaamuu .nulachuu garaa jabeessee”*jedhu jaalalleewwan lamaan wal morkiitti jaalalli jidduu isaanii jiru laafaa deemuu wal komatu.Kunis keessaa kan abdii hin kutatin jaalalli akka hin moofofneef ija jabaate naannoo jaalaleen isaa jirtutti ba’uun weeddisuufin jaalalli akka itti fufuuf kan weeddifamu ta’uu agarsiisa.kunis heeton yookiin morki qabeenyas ta’ee jaalala irratti dhiibbaa yaraa kan fiduu yoo ta’uu mammaaksi Oromoos “Karri morkaa banaa bula” kan jedhu kanuma dhugoomsa.

86. Otoon murees gamanaa
Agadaa sararanii
Otoon du’ees ammanaa
Alagaa mararanii.

Afwalaloo weedduu olii bo’oon jalqabaa lamaan wal simannaa walalichaaf gumaachuu cinaatti agadaan iddoo kamiiyyuu muramus akka mukaa meeshaalee adda addaarraa tolchuuf kan hin fayyanne ta’uu mul’isa.Bo’oo sadaffaafi arfaffaa ammoo komii weellisan jaalallee isaa ykn ishiif qabu ykn qabdu agarsiisuf kan weeddifamu yoo ta’u kunis rakkoo sababa garaagaraatin jaalallee ofii muudate cinaa dhaabbachuu dhiisee yeroo rakkoorraa baqatee komachuuf kan weeddifame ta’uu,akkasumas alagaan amma fira dhiigaa kan namaa hin butanne ta’uu agarsiisa.

### 4.1.5.7.Iyyaafannaa

Jaalalleewwan lamaan sababa adda addaarraa kan ka’e yeroo dheeraaf osoo wal hin argiin walirraa fagaatanii yoo turan keessaa inni dargaggeessaa fuullee jaalalleen isaa sagalee saa dhageessutti ba’uun jaalala isheen miidhamaa jiraachuu weedduu jaalalaan yeroon ibsatu kan

jiru yoo ta'u.kunis haala itti wal argachuu danda'amu mijeeffachuuf kan weeddifamuudha .Kunis akka itti aanutti xinxaalameera.

87. Otuma ati ijaartuu
Jige fooqin warra keetii
Olis kaadhee gadis kaadhee
Dhabe foolii morma keetii.
Obbo Hayiluu Urgeessaa(27/5/2012)

Afwalaloo olii irra caalatti dargageessan kan weeddifamu yoo ta'u bo'oon jalqabaa lamaan *"otuma ati ijaartuu,jige fooqin warra keetii "*jedhu jaalala isaanii jidduu maatiin galuun jaalala isaanii diiguuf kan deeman ta'uu mul'isa Bo'oon sadaffaafi arfaffaa ammoo"*olis kaadhee gadis kaadhee dhabe foolii morma keetii"*jedhu ammoo kanas ta'ullee gurbaan jaalallee isaa argachuuf ifaajaa, dhama'aa kan jiru ta'uu naannoo ishiin sagalee isaa dhaggeeffachuu dandeessi jedhee yaadutti ba'uun jaalalaan miidhamuu isaa ibsachaa bakka ishiin jirtu iyyaafachuun barbaadaa kan jiru ;wanti hundinuu akka yaadameefi itti dadhabame ta'uu dhiisuu agarsiisuuf weeddifamee.

88. Karaa finfinnee gubbaa
Leenci jabbilee nyaate yaa warqee
Barbaadetan si dhabee
Damma xiqimtii taate yaa shaggee.
Dargaggoo Abdii Warquu(27/6/2012)

Afwalaloo weedduu jaalalaa iyyaafanaa olii bo'oon jalqabaa lamaan wal hunata walalichaaf gumaachuu cinaatti kan humna qabu kanneen humna hin qabne kan miidhu fedhiisaanii kan daangessu ta'uu mul'sa.Bo'oon sadaffaafi arfaffaa ammoo Dargaggessi shamarree jaalate sababa adda addaarraa kan ka'e itti dhiyaatee karaa jaalala isaa isheef ibsu wal argaan waa'ee yoo ta'e fuullee isheen jirtutti ba'ee weedduu jaalala weeddisuufin akka jaalala isheen miidhamaa jiruufi ishii argachuuf dhama'aa akka jiru damma onkolooleessatti fakkeessun iyyaafachaa,barbaadaa turuu ibsata. Akka aanaa Jalduutti dammi kan muramu waggaatti al tokko.Innis dhuma baatii sadaasaatti eegala. Akka tasaa onkolooeessa keessa yoo murame qorichaaf waan barbaadamuf akka salphaatti hin argamu yoo argames gatiin isaa baay'ee mi'aa waan ta'eef jaalallee isaa yookiin namni iyyaafatamu damma Onkolooleessatti fakkeessun kan

weeddifame.Akkasumas warren jaalallen ykn qomoon isaanii cunqursaa adda addaaraa kan ka'ee eessa butee isaanii dhabamaniin quuqama keessoo isaanii ibsachuuf weeddifama.

**4.1.5.8.Obsa**

Weedduun jaalalaa obsa ibsan namoota wal jaalatanii wal argaan dhibeefis ta'ee kan gargar ba'an haala adda addaafi yeroo adda addaa keessatti koorniyaa lamaaninuu kan weeddifamudha. Weedduwwan kanneen keessaa muraasa haala armaan gadiin xinxaalamaniiru

89. Yaa Badhaadha abbaa malaa
Rigaa koranii muruu
Maa garaan naraafamaa
Silaa obsaniit buluu

Afwalaloo weedduu olii irraa wanti hubatamu waan hojjatamu kamuu keessatti tooftaafi dhamaatiin barbaachisaa akkuma ta'e,rigaa jaalaletti fakkeessun akka salpaatti argachuun kan rakkisu,bu'aa ba'ii jaalala keessatti nama muudatu agarsiisa.Akkasumas'"Rigaan"keennaa jaalalleewwan waliif kennan ta'uu mul'isa.Dabalatan iddoo fedhaniifi yaadan ga'uuf obsi barbaachisaa ta'uu ofitti haasa'aa of jajjabeessaa fuulduratti abdii kan hin kutanne ta'uu agarsiisa.

90.Yaa allaattii mana irraa
Shunburaa naa carcarii
Yaa garaa koo baranaa
Hundumaa naa dandaii
Dar. Saamu'eel Tsaggaayyee (8 /6 2012)

Weedduun jaalalaa malleen dubbiin kan guutameedha.Weellisaan weedduu jaalalaatti dhimma ba'uun miidhaa irra ga'e wantootatti haasa'uun amma yeroon ga'ee barri darbutti obsaan dabarsuu akka qabu malleen dubbii garaa garaatti dhimma ba'uun ibsata.Kunis afwalaloon bo'oo jalqabaa lamaan gurbaan allaattii manarraa waliin dubbataa akka jiru mul'sa. Walaloon bo'oo dhumaa lamaan ammoo roorroon waan itti hammaateef garaa isaatti haasa'uun jajjabaachuu akka qabu hubachiisa.Weellisaan weedduu jaalalaa kana keessatti malleen dubbiin keessaa nameessatti fayyadamuu agarsiisa.

#### 4.1.5.9. Doorsisa

Mataduree kana jalatti dhiirrifi dubartiin erga jaalala dhandhamaa turaniin booda hanqina isaan lameen keessaa tokko irratti mul'atu irratti nama sana waliin jaalala cimsuuf ykn dhaabuuf doorsisaaf weedduu weeddifamuutu dhiyata. Afwalaoon jaalalaa doorsisaan walqabatu irra caalatti dargaggeessan weeddifamullee,darbee darbee shamarreenis niweeddifama. Kunis jaalalleewwan lamaan otuma wal jaalataa jiranuu yoo garaa wal hanqatan keessaa kan garaa hin muratin jaalala qabu icciitiin qabatee sobee kan doorsisu ni jira. Kunis namni sun xiiqiin gara jaalalle isaatti ykn isheetti akka deebi'u kan taasisu ta'uu ragaan argame ni mirkaneessa.

91. Dabalee dabal Birraatuu
Dabal Birraaticha goolee
Argadhe gaarii sirraatuu
Gaarii sirraa biran oolee.
Adde Warqituu Fiqaaduu (4/7/2012)

Afwalaloon weedduu jaalalaa kun jaalaleewwan walitti mufataniin kan weeddifamu yoo ta'u kunis kan keessaa garaa hin kutatiin doorsisoo fakkeessee jaalallee isaa ykn ishee araarfachuuf fuullee sagalee wal dhageesisuu danda'anitti ba'uun kan weeddifamuufi yoo danda'ametti jaalalli deebi'ee akka itti fufuu yaaluuf kan weeddifammu ta'uu mul'isa. Gama biraan kan sicaalu ykn sicaaltuyyuu argadhe jechuun nama sana keessatti miira inaaffaa uumuun nama biraatu narraa fudhata yaada jedhuun gara jaalalaatti deebisuuf kan weeddifamu ta'uu agarsiisa.

92.Gaatiraa areera goolee
Fardeen qunnii marge hin dheedduu
Gaabbita gaafan namoomee
Nadheen dubbii darbe hinbeektuu.
Obbo Dirribaa Gadaa(25/5/2012)

Afwalaloon weedduu jaalalaa ilaalcha adda addaa kaleessa hawaasa keessa ture ibsuun isaa beekamaadha.Walaloon bo'oo sadaffaafi arfffaa"gaabbitta gaafan namoomee,nadheen dubbii darbe hin beektuu"jedhu kunis ilaalcha boodatti hafaa dubartootaaf duraan ture kan calaqqisuufi dargaggeessa haalli hin mijatiniifin yeroon weeddifamu jiraachuu agarsiisa. Kunis otoo isheen hin beekin jaalalaaf yoo gaafate isheen fedhi isaa jaalachuu yoo hin qabaanne doorsisuun akka

isa jaalattu fedhii keessatti uumuuf kan weeddifamu yoo ta'u akkasumas jaalalleewwan lamaan otuma jaalalaan jiraanuu yoo isheen filannoo biraa keessa galtee;hiyyumma saa itti edde innis gara fuula duraatti dalagee kan duroomu ta'uu abdii qabu fuullee sagalee saa dhageessutti ba'uun ibssachuuf kan weeddifamu ta'uu agarsiisa.Bo'oon jalqabaa lamaan ammoo wal simannaa walalichaaf gumaacha gochuu cinaatti aanicha keessatti biqiltuun gaattiraa baay'inaan kan argamuufi fardeen marga qunnii jedhamu kan hin dheenne ta'uu agarsiisa.

93 Jibittii adii rafoo
Natu foogaltuu bitee
Yaa afaanin garakoo
Yaa garaan gara gandaa
Natu beekkachuu didee.

Afwlaloo weedduu olii bo'oon jalqabaa lamaan wal hunata walalichaaf galuu cinaatti jibittiin bitamte bifa ibisuun loon biroof kan hin tollee ta'uu, jibititti bituu isaatti weellisaan kan hin gammadin fakkeessuun balleessaa qabaachuu isaa ibsa.Bo'oon sadan afan ammoo weellisaan jaalalleen isaa ykn ishii iddoo lama dhaabachuu jaalalaaf amanamuu dhabuufi haaduu qara lamaa ta'uu hubachuun gochi kun sirrii kan hin taane ta'uu,kunis yeroo weelisicha biraa isa fakkachuun nama biraa kan jaalachuuf deemtu ta'uufi amala gaarrarraa kan qabdu ykn qabu ta'uu ibsa.Akkasumas yaadichi irratti baramuu hubachiisuun amalli akkasii sirrii kan hin taane ta'uu akeekkachiisuun amala sirreessuf gocha badaarraa akka deebi'amuun jaalalli itti fufuuf kan weeddifamu ta'uu agarsiisa. Weedduun jaalalaa dhaamsa jaalalaa qofa osoo hin taane jireenya hawaasummaa keessattis namoonni fakkaatanii buluu yaalan hawaasa keessa kan jiran ta'uufi hawaasa birratti fudhatama kan hin qabne ta'uu agarsiisa.

**4.1.5.10. Tuffii Ibsu**

Afwalaloon weedduu jaalalaa akkuma jaalala ittiin ibsachuuf oolu tuffii qaban ibsachuufis dhimma itti ba'ama. Kana keessatti dhiiras ta'ee dubartiin hanqina ykn rakkina nama tokko irratti argan akkasumas nama aarii irraa qaban tokko aaloo ittiin ba'uuf bifa tuffiin weeddisuufin ibsatu. Weedduun kunis akka kanaa gadiitti dhiyaateera.

94. Qorqoorroo ijaartee moo,
Maali yaa Muluu kan calaqqisuu,
Situu jaarsa jaalatee,

Kan akka hin daaqqoo batattisuu.

Dar.Mootummaa Fissahaa (21/6/2012)

Walaloon weedduu kanaa ergaa gurguddoo lama qaba.Tokko tuffii umuriin walgituu dhabuu. Lammaffaan ammoo rakkoo nama umurii malee jaalachuun fidu ibsuun weeddifame. Weedduun kunis dhiiraan weeddifama.Innis dubara jaalallee biratin qabamte jaalallee ishee tuffate erga harkaa baasee booda ofiif jaalachuuf kan weeddifamu ta'uu agarsiisa.Dhaamsi weedduu kanaa jaalalli hiriyaan alaa fiixan ba'iinsa akka hinqabneefi safuu duudhaa Oromoo keessa jiru kan agarsiisu ta'uu ibsa. Dargaggeessi weedduu kana weeddisu akka waan nama sanaaf dhimmeetti weeddisuun jaalala ishii kan qabu ta'uu mul'isa..

95. Qilinxoo duufaa murii,
Abbaan burree loon tiksaa,
Ofitti dhuufaa bulii,
Atiif curreen tokkichaa.

Adde Mastuu Saffisaa (13.6.2012)

Walaloon weedduu kanaa olii kun ammoo weedduu durbi gurbaa dhiiraa ittiin tuffachuuf weeddiftudha. Kunis bo'oo walaloo jalqabaa keessatti "Qilinxoo duufaa murii'jedhu qilnxoo duufan guddina biqiloota biroof danqaa waan ta'eef muruun barbaachisaa ta'us muruun isaa duufaa waan ta'eef kan nama hin rakkifne ta;uu tuffii kan ofkeessaa qabufi waan gaarii sanaa olii dalaguu kan hin dandeenye ta'uu mul'isa.Bo'oo lammataa keessatti ammoo "abbaan burree loon tiksaa" kan jedhu ammoo namichi loon tiksu horii buburree qabaachuufi Oromoon kunuuunsa looniin beekkamaa waan ta'eef gola Oromoo hunda seenuun ergaa dabarsa. Akkasumas bo'oon sadaffaafi arfaffaan tuffii gurbaa dhiiraaf qabdu intalli kan ittiin ibsuuf weeddiftu ta'uu agarsiisa. Kunis miira waliin jireenya dhiiraa dubartii jabeessuuf kan weeddifamu ta'uu isaa ibsaa namni sun jaalallee godhachuun akka bultii ijaarratuf namarra dhuufuu kee siif wayyaa jechuun bineensa dhuufuu dhuufun beekamuufi gurbicha walitti fakkeessuun qeeqamuu agarsiisa..

96. Yaa haamtuu beenu baddaattii
Xaafin baddaa daalachaa'ee
Naan taatuu beenu nagaattii

Baayyeen sifaana maccaa'ee.
Dar.Abdii Warquu(27/6/2012)

Jaalala keessatti akkuma amma dhumaatti milkaa'uun jiru darbee darbee gufuunis hin dhabamu.Weedduun armaan olii kunis dhiiranis ta'ee dubaraan kan weeddifamu yommuu ta'u, kunis dhiirafi dubartii wal jaalatan gidduutti walitti bu'insi yoo uumame bifa tuffii qabuun malleen dubbii nameessatii fayyadamuun kan weeddifamedha. Bifuma kanaan bo'oowwan lamaan jalqabaa irratti jiruufi jireenya qonnaan bulaa keessa jiraachuu ibsuun cinaatti namni jaalatame sun iddoo sirrii ykn nama jaalala qabuuf dhiisee gara maleetti maquu /goruu/ ibsa.Kanas xaafii baddaafi nama jaalachuuf deemame wal bira qabuun miira tuffiin weeddifamuu mul'isa. Gama biraan bo'oowwan dhumaa lamaan keessatti "naan taatuu been nagaattii baayyeen sifaana machaa'ee"jedhu weellisaan durayyuu rakkoon jiraachuufi bu'aa ba'ii hedduu kan dabarsee ta'uu yaadachiisaa tarkaaffii dhumaa fudhachuuf kan jiru ta'uu ibsuuf weeddifama.

### 4.1.6. Xinxaala Fakkoommii Weedduu Jaalalaa Keessatti Mul'atanii

Weedduu jaalalaa keessatti fakkoommin bifa gara garaan mul'achuu danda'a.Fakkoommin malleen dubbii keessaa tokko ta'ee,waantoota adda adddaa mallattoo taasifachuun bakka wanta sanaa buusun ibsuudha.Kunis hiika argachuu kan danda'u aadaa hawaasichaan wal simsiisuun yoo ta'u mallattoon sun waan bakka bu'u hubachuuf aadaa hawaasa mallattoo sanatti dhimma ba'u beekun murteessaa ta'a.Mallattoon kunninis hiika dhokataafi irra keessoo qabachuu danda'a.Kunis akka itti aanutti xinxaalamaniiru.

. 97. Yoo warqii qonforachuu
Mee ilaal saaq-yaadii
Magaallen gatiin dhibbaa
Diimtuun soddomii sadii

Afwalaloon weedduu jaalalaa dubbii dachaan kan guutamedha.weedduu armaan oliirrraas wanti hubatamu kanuma. Aanaa Jalduutti baay'inaan shamarraan amala gaarii qaban,aadaafi safuu hawaasichaa eegan jiraachuu agarsiisa.Bo;oo sadafaafi arfaffaa"*yoo warqii qonforachuu mee ilaal saaq-yaadii"* jedhu Aanaa Jalduu keessaatti"Saaq-yaadiin"iddoo warqiin itti argama jedhamee tilmaamamu qofa kan agarsiisu osoo hin taane naannoo shamarran kabaja dubarummaa isaanii eeggatan keessatti hedduminaan jiratan ta'uufi jaalalaaf amanamoo bultii ijaarrachuuf kan ta'an jiraachuu agarsiisa.Jechi"warqii"jedhu hiika dhokataa kan qabate yoota'u

dubarummaatti fakkeeffame.Bo'oon sadaffaafi arfaffaa ammoo dhamsuma oliin kan wal qabatu ta'ee jaalalaaf shamarraan magaalli diimtuu caala kan filatamtu ta'uufi wal caalmaa isaanii gatii itti kennuun kan agarsiifame yoo ta'uu jaalalaaf shamarraan bifa magaalaa  irracaalatti kan filataman ta'uu mul'isa.

98. Samareeta daakkannee
Dimbilaalli  harca'ee
Ijibbaata gaafannee
Kan bareenni itti haasa'ee.
Dar.Mootummaa Fissahaa(21/6/2012)

Afwalaloo weedduu olii kun irra caalatti dhiiran kan weeddifamuu yoo ta'u bo'oon jalqabaa lamaan "*samreeta daakkannee dimbilaaalli harca'ee"* jedhu gurbaan dura rakkoo keessa turuu amma waa argachuu,qabeenya horachuu akkasumas waqtii gannaafi birraatti fakkeessuunn midhaan ga'uu ibsuuf kan weeddifame yoo ta'u,hiikni dhokataan dura hiyyummaaf najibbitee amma duroome kan jedhu mul'isa.samareenni midhaan biillaa kan daftee nama dhaqabdu ta'uufi dimbilli ga'uun rakkoo keessaa ba'uu agarsiisa.Bo'oo sadaffaafi arfaffaa"*ijibbaata gaafannee kan barreenni itti haasa'e*"jedhu yaaduma oliin kan wal qabatu ta'ee hikni dhokataan isaa intala baay'ee miidhagdu,dura gaafannaan didde amma nama ta'e naaf dabartee yeroo dhumaatiif nan gaafadha yaada jedhu qaba. Dabalatan miira shakki kan ofkeessaa qabu ta'uufi harkaa dhabuun isaa waan fedhe  akka salphaatti argachuu dhabuu agarsiisa.Mammaaksi Oromoo "harkaa dhabni intala dureessaa nama dhabsiisa"jedhu kanuma mirkaneessa.

99. Dallaa jala facaase abishii kee
Ammaan si gachisiisa qamisii kee
Xiyyaaraa garaa jalli sibiilaa
Mee koottuu na gachisiis sumatu dhiiraa.
Obbo Kabbadaa Asnaaqaa.(19/5/2012)

Akka walaloo weedduu kanaa oliirraa hubachuun danda'amutti  bifa waliin ga'isuutiin weeddifame. Kun bifa dorgommii kan ofkeessaa qabuudha. Fakkoomiin weedduu kanaa bo'oo jalqabaa lamaan"dallaa jala facaase abishii kee ,ammaan si gachisiisa qamisiikee"jedhu  lafti dallaa jalaa  gabbataa kan midhaan gaarii kennu, midhaan gaarii facaasanii irraa argachuu kan danda'an waan ta'eef, hormaatatti fakkeeffama. Akkasumas uffatagachisiisun baayyee kan wal

jaalatan ta’uu mul’isa,Bo’oo sadaffaan “Xiyyaaraa garaa jalli sibiilaa”jedhu  sibbiilli akka aadaa hawaasa keessa jirutti dhiiratti fakkeeffama. Kunis lafa dubartiin deessetti dhiirri yoo bira hinjiraanne sibiila bira kaa’u.sibiilli jabaataa waan ta’eef dhiirris jabina akka qabuttillee nifakkeeffama.Kanaaf, weedduun jaalalaa olitti dhiyaate kun ergaan inni qabu dhimma jaalalaa qofa osoo hintaane walalaoon isaa fakkoommii duudhaa hawaasaallee kan of keessaa qabu ta’uu isaatu hubatama.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun haala waliigala qorannoo cuunfee dhiyeessuurratti xiyyeeffata. Qaphxiileen as keessatti dhihaatanis cuunfaa, argannoofi yaboon ibsa isaanii waliin dhiyaataniiru.

## 5.1.Cuunfaa

Mata dueen qorannoo kanaa Bifiyyee fi Qabiyyee Weedduu Jaalalaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu ija siyaas diinagdeen xiinxaluu irratti  gaggeeffame. Kunis haala itti aanuun cuunfaan isaa dhiyaateera.

Uumanni Oromoo akkuma hawaasa biroo aadaa, seenaa, duudhaafi barsiifata garaagaraa kan qabudha. Hawaasni kamiyyuu jiruufi jireenya isaa keessatti duudhaa, falaasama, aadaa, amantaafi ilaalcha mataa isaa qaba.Kunneenis dhalootaa dhalootatti dabarsuuf tooftaan itti dhimma bahaa turan keessaa ogafaaniifi duudhaan isaan tokkodha. Hawaasni Oromoo Aanaa Jalduus  aadaafi duudhaa isaa firiiwwan fooklooriitti fayyadamuun jiruufi jireenya isaanii guyyaa guyyaa ittiin gaggeeffataa jiru. Duudhaan dhalootaa dhalootatti darbaa jiru kunis gosa barnoota fookloorii keessatti afwalaloon uummata Oromoo, duudhaan uummata Oromoo, ogafaan, aartiin uummatichaa bal`inaan qorannaadhaan waan bira gahame hinqabu. Dabalataanis gosoonni afwalaloofi faayidaan afwalaloo goorewwan isaan waliin yaanni beektotaa sakatta’ameera.

Qorattuun qorannoo kanaa odeeffannoowwan madda odeeffannoo tokkoffaan argaman funaanuufi tooftaa iddatteessuu akkaayyoofi darbaa dabarsaa kan gargaaramte yoo ta’u, tooftalee kanneeniin odeeffannoo barbaaddu funaanuuf tooftalee funaansa ragaa jiran keessa afgaaffii, daawwannaafi marii gareen gargaaramuun ta’uun isaa eerameera. Odeeffannoowwan bifa afgaaffii, daawwannaafi marii gareen argaman suursagaleefi  yaadannoo gabaabaa qabachuun erga funaanamanii mala xinxaala ragaa  ibsaan xiinxaalamera.

Boqonnaa arfaffaa keessattis ragaaleen bifa af-gaaffii, daawwannaafi marii gareen funaanaman xiinxalamaniiru.xiinxala qorannoo kanaa keessattis maalummaa weedduu jaalalaa, gosoota kanneen akka, jaalala dhiiraafi dubara gidduu jiru,jaalala dubaraafi dubara, jaalala haadhaa, jaalala abbaa, jaalala obboleessaa jaalala gootaafi jaalala biyyaa bifa bifiyyeefi qabiyyee isaaniitiin xiinxalamaniiru.Weedduun jaalalaa miira maraarfachuun waan jaallatan tokko qalbiifi miira jaalalaan guutameen mararsiifachuu,jajuufi leellifachuufi quuqama keessoo ofii gama hundaan  kan ibsu ta’uu isaa. Yoomessi weedduu jaalalaa daanga’aa kan hin taane ta’uu ibsmeera.

Weedduun jaalalaa kan dhiyaatu ykn raawwatu hirmaattoota tokko malee kan weellisan qofaa sagaleesaa kiirolee uumama argatetti fayyadamuun jaalalleesaa hawwachuuf yookan miira jaalalaa keessa galchuun gara yaada isaatti fiduuf kan weeddisu ta'uu.weedduun jaalalaa, hurruubbii malee kan raawwatu ta'uu.ibsameera.

## 5.2. Argannoo

Argannoowwan qorannoo kanaa haala armaan gadiin dhi'aataniiru:.

- Afwalaloon weedduu jaalalaa unata utaalaa,walfaaneefi sadoommiin garaa garaan ijaaramee akka argamu mirkanaa'eera.
- Weedduu jaalalaa keessatti afwalaloon weedduu jaalalaa ibsu altokkotti ergaa jaalalaa dabarsuun cinaatti yaada garagaraa kan dabarsufi ilaalcha ummataa kan calaqqisiisu ta'uu akkasumas, weedduun jaalalaa hurruubbiifi hirmaattota kan hinqabne ta'uun bira mirkaneessera.
- Yoomessi weedduu jaalala daangaa'aa kan hintaane ta'uu isaafi yoomessa isaa akka gadhiisaa dhufeefi duudhaan jaalalaa kan dagatamaa dhufe ta'uun cinaatti Sababiin weedduun jaalalaa yoomeessa isaa gadidhiisaa dhufeef dhiibbaa amantaafi tekinolojii ta'uun isaa qorannoo kanaan mirkanaa'eera.
- Hirmaattotni weedduu jaalalaa keessatti hirmaatan kutaa hawaasa mara ta'uunifi weedduun jaalalaa duudha,safuu hawaasni kalessa qabu kan calaqqisisu ta'uu isaa qorannoo kanaan bira gahameera.
- Faayidaan weedduu jaalalaa, jaalallee lamaan walitti fiduuf, jaalala jaalallee lameen gidduu jiru cimsuuf, haaroomsuf gorsuuf, baarsiisuuf,bashannaansiisuuf.jajjabeessuufi qeequuf. Akkasumas goota ittiin jajjabeessuufi dabeesa ittiin qeequun honnee itti horuuf kan fayyadu ta'uu isaafi Weedduun jaalalaa miira jaalalaa keessa ofiitti dhaga'amu ibsurra darbee bu'a ba'ii jiruufi jireenya keessatti nama muudatu dagachiisun sammuu boqochiisu,dhiibbaa gama adda addaatin jiru ibsachuuf, yaadaafi yaaddoo namni keessa jiru kan namarraa salphisee nama bashannansisuufi dadhabbii namarraa balleessu ta'uufi weeedduun jaalalaa yeroo ammaa laafaa dufuu mirkanaa'eera.

## 5.3. Yaboo

Qorattuun bu'aa qorannoo argamee  irratti hunda'uun weedduun jaalalaa uummata Oromoo akka cimee kunuunfamuufi dagaagu gochuuf yaboo qorannoo kanaa bifa armaan gadiin qaamota hojiirra olchaniif agarsiiftuu keesseerti.

- Biiroon Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa weedduun jaalalaa  yoomessa isaa akka gadi hindhiifneefi hindagatamneef suursagaleen hawaasa keessaa funaanee osoo tursiisee gaarii ta'a.
- Yeroo ammaa dargaggoonni weedduu jaalalaa sadarkaa dagachurra waan jiraniif mana barumsaa keessatti bifa gumii dagaagina Afaan Oromootin ijaaruun akka qabiyyeen weedduu jaalalaa keessatti calaqqisu osoo taasisanii gaarii ta'a.
- Qabiyyeen weedduu jaalalaa keessatti mul'atu hawaasa barsiisuu, gorsuu, qeequu, jajjabeessuufi wanta yaraa akka hin dalagne qajeelchuu waan danda'uf  qeeqni gama amantaatiin jiru osoo irraa hafee gaarii ta'a.
- Fakkoommiin weedduu jaalalaa keessatti dhiyaatan duudhaafi safuu ummataa waan cimsaniiif,akkasumas xiinsammuu  dhala namaa waan gabbisaniif osoo dhaabbilee barnootaa keessatti xiyyeeffannoo argatee.

**Wabiilee**

Addisuu Tolasaa, (1990**).The historical Transformation of folklore Genres**:The Gerarsa as national literature of the Oromo.Bloomington.

Addunyaa Barkeessaa (2011). ***Akkamtaa*:**Yaadrimee Qorannoo Hujoo.Finfinnee Mana Maxxansa Meegaa.

Alamaayyoo Faqqadaafi Alamituu Olii. (2010).**SeensaAfoolaa Oromoo.**Kan hin maxxanfamne. Jimmaa

Alamaayyoo Hayilee,Booshii Gonfaafi Daani'eel Dheeressaa,(2006**).Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa.**Finfnnee:Birhanena Selam Printing Enterprise. Max.sadaffaa

Asafaa Tafarraa (2004)**Theorizing the present Towards asociology of Oromoo literature**.Jaarsoo Waa qoo poetry Finfinnee Branna printing Enterprise.

____________ (2009). ***Eela****: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Far East Trading Press.

Anderzejewski, B.W. (1985). *Literature In Cushitic Language Other Than Somali Literature In African Language*: Cambridge. *Being* Cambridge University Press.

Baxter, PTW.etal. (1996),.***Beingand Becoming Oromo***: Historical and Anthropological Enquiries, Asmara: Red Sea press.

Bukenya.A. (1994).***Understanding Oral literature***. Nairobi: Nairobi University press.

Dastaa Dassaalany.(2013).**Bu'uura Qorannoo**: printed by Far East trading PLC

Dirribii Damisee,(2009).**Ilaalcha Oromoo** .Biiroo Aadaa,Seenaafi A mantii Oromoo:Finfinnee Pirntind and Publishing S.C.

Dundes Allen. (1965). **The study of Folklore**. Berkle:Prentce hall.

Fedhasaa Taaddasaa(2013).**Bu'uura Hogbarruu Oromoo**.Finfinnee.Mana maxxansaa Subi Printing.

Fekade Azeze .(1991). **Yesineqal Mamriya**: Institute For International Co Opration Of The Jerman Adult Education Association.

Filee Jaalataa. (2016**). *Beekumtaa Oromoo*** *: kutaa Tokko:Mana maxxansaa Raajii, Finfinnee.*

Finnegan R.( 1970). **Oral Literature in Africa**. The oxford library of African literature: Oxford University Press Eastern Africa

________________,(1976). **Oral Literature In Africa**.Oxford University Press.

________________,(1992).**Oral Tradition and The Verbal Art Aguide to Research Practices,** Newyork: Francis e-library.

Geetachoo Rabbirraa ( 2008). ***Furtuu***, *Seerluga Afaan Oromoo. 5th Edition.* Finfinnee: Dhaabbata kurraaz intarnaashinaal.

Georges, R.A and Jones, M.O. (1995).***Folkloristi****c: An introduction.* Biloomingonton and Indiana polis: Indiana University Press.

Menegesha Rikita.(1992).**Oromo Foktales For aNew Generation**.London:Mangesha Riqita

MisgaanuuGulummaa.(2011). **Dilbii**: Bu'uura Afoola, Og-afaanii Af-walaloo Oromoo. Finfinnee

Negerii Lencoofi kawwan, (1995),**Wiirtuu**.**Jildii 7,** Gumii Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaattii, Finfinnee

Seefuu Gaddisaa (2008) Qaacceessa arrabsoo fuudhaafi heerumaa Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo waraqaa ittiin guuttannaa digirii lammaaffaa Finfinnee.

Sims and Stephens (2005).***Living Folklore***, *An Introduction To The Study Of People On Thier* Traditions. Logan Utah: Utah University Pirnting Press.

Sumner Could (1996). **Oromo wisdom literature (Proverbs, folktoles, folk songs:)**A.A. Gudina Tumsa fondation.

Taaddalaa Ol-aanaa(2008) waraqaa ittii guuttannaa digirii lammaffaa isaa mata duree qaaccessa weedduu lakkoo:haala Oromoo Gaamoo Godina Harargee Lixaa Aanaa Gubbaa Qorichaa.

Digirii lammaffaa. Finfinnee.

Tiggist Mirgisaa(2007) barreeffama digirii duraa guuttachuuf mata duree qaccessa ergaa sirba Jaalalaa Gdina Shawaa Lixaa Aanaa Dandii digirii tokkoffaa.Amboo.

Warquu Dachaasaa (2001). ***Wiirtuu.Jildii 11ffaa***. Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa. Finfinnee: MA printing &packaging PLC.

Warquu Dachaasaa, Dirribaa Tafarraafi Dirribee Qana'aa (2007) **Dilbii Afoola Oromoo** J-2ffaa Subii printing press

Zelalem Aberr,.(2003).**Translation from Oral to WrittenOromo Poetery**.Ln Journal of Oromo Studies.Vol.10 Number 1and 2

**ዘሪሁን አስፋው፡፡(1992)፡፡የስነ-ፅሁፍ መሰረታውያን፡፡ አዲስ አበባ ንግድ ማተሚያ ድርጅት፡፡**

**DABALEE A**

**Afgaaffii Odeeffannoo Kennitootaaf Dhiyaate**

**Odeeffannoo Kennitoota**

Kaayyoon afgaaffii kanaa mataduree “Xinxaala Bifiyyeefi Qabiyyee weedduu jaalalaa: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu irratti kan xiyyeeffate” isa jedhu irratti odeeffannoo funaannachuun qorannoo gaggeessudha. Kanaafuu, hirmaannaan isin kallattiidhaan afaaniin deebii kennuu irratti qabdan milkaa’ina qorannoo kanaatiif baayyee barbaachisaa waan ta’eef, odeeffannoo dhugaa kan hawaasni duraan itti fayyadamaa turaniifi ammas itti fayyadamaa jiran osoo irraa hinhambisin natti himuun gahee isin irraa eegamu akka gumaachitan isin gaafachaa, ragaan funaanamu kun dhimma qorannichaa qofaaf kan ooluufi iccitiin isaa kan eegamu ta’uu gamanumaan waadan isiniif gala.

A. Kutaa duraa: waa’ee odeeffannoo kennitootaa
B. Maqaa---------------------------------------
C. Umurii------------------------------------
D. Saala---------------------------------------
E. Ganda Ilaala -------------------------------------
F. Gahee hojii -----------------------------

1. Uummanni Oromoo weedduu garagaraa qaba. Isaan keessaa tokko weedduu jaalalaati. Mee weedduu jaalalaaakkamiin ibsitu?

2. Uummata Oromoo biratti hiriyyaan wali weeddisu eenyu fa’i? maaljedhanii weeddisu?

3. Haadha, abbaafi obboleessaa akkamiin weeddisu?

4. Weedduu jaalalaatiin ergaa akkam akkamii dabarfachuun danda’ama?

5. Weedduun jaalalaa yoomessa akkamii keessatti weeddifama?

6. Weedduun jaalalaa faayidaa akkam akkamii qaba?

Yeroo keessan baayyee mi’aa kana irraa haarsaa kanfaltanii safuu namaa irratti haala kanaanqorannoon kun akka milkaa’uuf tumsa guddaa waan taasiftaniif galata guddaa anarraa qabduu, galatoomaa. Umurii nuuf dheeradhaan isiniin jedha.

**DABALEE B**

**A. Gaaffii Marii Garee Tokkoffaafi Lammaffaaf Dhiyaate**

**Odeeffannoo Kennitoota**

Kaayyoon marii garee kanaa mataduree “ Bifiyyeefi Qabiyyee weedduu jaalalaa: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jalduu Ija siyaas Diinagdeen Ilaalcha Ummataa Xiinxaluu irratti kan xiyyeeffate” isa jedhu irratti dhugummaa odeeffannoowwan afgaaffiifi daawwannaan funaanamanii mirkaneeffachuufi ragaawwan hafan yoo jiraatanis funaannachuun qorannoo gaggeessudha. Kanaafuu, hirmaannan isin kallattiidhan marii gaggeessun odeeffannoo kennitan milkaa’ina qorannoo kanaatiif baayyee barbaachisaa waan ta’eef, odeeffannoo dhugaa kan hawaasni duraan itti fayyadamaa turaniifi ammas itti fayyadamaa jiran osoo irraa hinhambisin natti himuun gahee isin irraa eegamu akka gumaachitan isin gaafachaa, ragaan funaanamu kun dhimma qorannichaa qofaaf kan ooluufi iccitiin isaa kan eegamu ta’uu gamanumaan waadan isiniif gala.

G. Kutaa duraa: waa’ee odeeffannoo kennitootaa
H. Maqaa--------------------------------------
I. Umurii-------------------------------------
J. Saala--------------------------------------
K. Ganda-------------------------------------
L. Gahee hojii ------------------------------

1. Uummanni Oromoo weedduu garagaraa qaba. Isaan keessaa tokko weedduu jaalalaati..Weedduun immoo wantoota garagaraaf bakka garagaraatti weeddifama. Isaan keessaa weedduun jaalalaa isa tokkodha.Weedduu jaalalaa keessaa kamfaa beektu?
2. Hirmaattonni weedduu jaalalaa eenyu fa’i? Yoomessa akkamii keessatti weeddisu?
3. Uummanni Oromoo weedduu jaalalaan ergaa akkamii dabarfata? Weeddun jaalalaa fayidaa akkamii qaba?

Yeroo keessan baayyee mi’aa kana irraa haarsaa kanfaltanii qorannoon kun akka milkaa’uuf tumsa guddaa waan taasiftaniif galata guddaa anarraa qabduu, galatoomaa. Umurii nuuf dheeradhaan isiniin jedha.

**DABALEE C**

**Weedduwwan Jaalalaa Hawaasa Keessaa Walitti Qabaman:**

1. Kaleessa guyyaa sanbataa
Shuggeen leenca qeera'ee
Bareedduu ija qeerransaa
Mudhiin leenca beela'ee

2. Yaa Dabalee jetti laga Waayyuu gamaa
Mudhiin qabaa guuttu morm taakkuu lamaa.

3. Yaa kaleess yaa guyyaa
Re'een baala kutattu
Yaa bareeddu akka durbaa
Qe'ee keenya qubattuu.

4.Yaa qeesii ka'ii tamaarii
Faranjiin seente gibbii kee
Yaa geexii akka biyya baarii
Barbaadeen dhabe likkii kee.

5. Yaa okkotee naadanfii
Amumman daakeen marqaa
Yaa Dulla naa shararrii
Yaa tulluu gad- naa jedhii
Namuman yaaden argaa.

6. Yaa Fayy'isaa abbaa Walluu
Diggoorra shaashii mare
Sagalee gad naa qaphuu
Qilleensi baaltii baree.

7. Yaa qadaada Okolee
Okoleen dhadhaa qabdii
Yaa magaallan Osolee
Osoleen nagaa qabdii.

8. Roobi (x2) yaa gannaa
Taltallee waraabbannaa
Booyi (x2) yaa garaa
Takkallee walsammaa

9. Alaltuuttan garba daakee
Shiroottan dheedhii ammaaree
Dhalattuuttan maankaraaree
Dhi'oottan deebii walaalee

10. Salaaletti galanii
Shugguxii malee maa hidhatanii
Magaallee jaalatanii
Dhukkuba laphee maa himatanii.
Salaalee zalalamiii
Yaa sabbata too naa araaramii

11. Yaa kalaalaa gubattuu
Gurbaan mulluu naqataa
Yaa alaalaa mul'atuu
Akka tulluu dhalataa.

12.Yaa geeshoo daraarinii
Yoo daraarte balatti deebituu
Yaa suubboo maratinii
Yoo maraatte qeerrotti deebituu.

13. Gaachanni gaachaana caaluu
Caale kaa gaachaanni Booyyee
Jaalalli jaalala caaluu
Caale kaa jaalalli joollee

14. Ejeree waraabbannaa
Laga Ejeree santu boorofnee
Egere wal-jaalannaa
Bara egeree santu moofofnee

15. Shukutee karaa shaboo
Giincii karaa Shaggarii

Nugusee kitaaba too
Giiftii maqaa sagalii

16. Aatatu gabaa jirtii
Dasiin asiin dabartee
Lallaaftuu akka daa'imaa
Lasii akka baala warqee

17. Akaakayyuun koo du'ee
Baga akkoonkoo naaf hafftee,
Anoo shaashiin siif bitaa
Gaafa hindaaqqoon koo dhaltee
Reefu kakkiisuu qabdee. .

18. Kaleessa loon tikan oolee
Ullee xinnoon kan bishaanii
Guddisa jaartii magaalaa
Mul'ate kaa manni saanii

19 .Shaggarii booyyeen rimeessaa,
Tuqqaan biyyee tuule tuulee,
Gumarii koomee fixeensaa,
Simmoo guyyaa meeqa uumee

20. Kurkuduu yaa ilmaan makoodii
Kormaan bataskaana seenee
Guntutaan laphee na koobii
Waraansi laphee naseenee

21. Abuunan dhoqqee aruu
Bakkanniisa dhaabanii
Yaa baacaa roggee galuu
Ammachiisa maaramii.

22. Agadaan agadumaa
Ittachi saare malee
Alagaan alagumaa
Sinnatti caalemalee

23.Yaakalaada karkarroo
Kormi gaanfan walfilee
Yaa magaala qallayyoo
Mormi dhaaba bilillee.

24. Yaa kutaa balala baaqqee
Kaloon gamaa kililiidha
Yaa mucaan barana jaallee
Baalleen ijaa dirribiidha.

25. Asheetun birraa nasheetuu
Drribeen Koluutti ariitee
A'eetuu ilkaan a'eetuu
Kan ijji boroo bariitee.

26. Yaa boora Buttaa Turee
Meettaa farda jaatamaa
Yaa nama xinnoo bulee
Beektaa mala jaalalaa.

27. Agarii manni gamaa
Haadha Agarii manni gamanaa
Diriifi maagiin wadadee kafana
Walii taana baranaa

28. Qamadii qorri dha'ee
Geeshoo garaa walakkaa
Darabduu galli ga'ee
Geese yeroon wal argaa.

29. Gammachuu bitaacha koo
Tiifuu tattaraaranii
Haammadhu cinaacha koo
Siifuu shan nadhaananii

30.Yaa okkotee naadanfii
Amumman daakeen marqaa
Yaa Dulla naa shararrii
Yaa tulluu gad- naa jedhii
Namuman yaaden argaa.

31. Gammachuu yaa fira loonii
Aannan baargamaa bushoodhaa
Ammadhuu nabira oolii
Waannan jaalalaa dhungoodha..

32. Yaa Dulla daangaa Baddeessaa
Maa xaaxessaa dibi hin goonee?
Yaa du’a gaarii ajeeftaa
Maa baaltessaa bili hin goonee?

33. Yaa Fayy’isaa abbaa Walluu
Diggoorra shaashii mare
Sagalee gad naa qaphuu
Qilleensi baaltii baree.

34. Jaarsi saree mana hin eeguu
Allootti daamaamuun dammeessee
Naaf simalee orm beekuu
Ormatti dhaamuun balleessee

35. Abbaa Jidda Abbaa Jiddaa
Wayyeessan gumbii hin tolchuu
Attam jirta attam jirtaa?
Odeessan dubbii hin tolchuu..

36. Kaleessa maal dubbanneti
Eda agabuu koo buleeree
Warratu dheekkamemooree
Sumat ganuukoo muree.

37.Qamaleen nyaatte midhaan koo
Karaa tuullaa bakkanniisaa
Jaaladheen dhabe hiriyaa koo
Garaan duudaa mar’achiisaa.

38 .Baddeessaa nu buusanii
Gindii nu baachisanii
Du’a kee nadhoksanii
Irmii na nyaachisanii.

39.Yaa Birraatuu Kabbadaa
Mukti haamtuu koo cabee
An taa'uu nan badaa
Ergan baaccuu too dhabee.

40. Guduruu karaa raaree
Jimma yaa dhedheertuu koo
Nuduruu addaan baanee
Jirtaa yaa sesseqxuu koo

41.Oggaa Shaggarii galtuu
Maa ulee laffan dhaanta yaa Garbii
Situu wajjin dhalatee
Mee garaa narraa dhoowwi yaa qalbii

42.Addeessi ji'aan lixaa
Karaa mana abba jiruu
Jaldeessi midhaan fixaa
Karaan wal argaa jiruu.

43. Sigane moo sitgane yaa shaggituu?
Kan xaafii Hundee Galaa sigigsituu.

44.Yaa namana yaa namanaa
Erga Silashii maaltuu dhalaa amanaa?

45. Seeye'aaniyyoo
Seenaa gaariyyoo
Yaa roobe hoo
Wantin an sii gorsu yaa hiriyee,
Erbee teessumaatii,
Noorii keessummaatii,
Ibiddi hin dhaaminii
Gandaa si waaminii
waamee si dhaninii
Yoo ibiddi dhaamee
Ni boosatti jedhuu
Yoo ibiddi aaree
Ni marqatti jedhuu yaa roobehoo.

46. Yeroo karra baatuu,
yaa hiriyee anuu sin gaggeessaa,
yeroo cibsaa geessuu,
obboon sa gaggeessuu,
yeroo laga ceetuu.
garaa sajabeessuu

47 Hushee yaa harree
Kan Jimmaa galtuu
Garbuun sii qicaa
Ishoo yaa qaree
Kan weedduu galtu.
Kan dhadhaa qabdu
Martuun siddisaa.

48. Eemmoo yaa laashoo
Dirii foo’ii
Didii boo’ii
Baruu tolee
Qubee tamaarraa ykn waan kenanni laallaa.

49. Eemmoo yaa laashoo
Achi gama sanii
Qotiyyoon wal loltee
Filaan ari’atee
Hin boo’iin yaa hiriyee
Abbeetis sikennee
Firaan mari’atee
Ollaa teechifatee

50. Abbaabaa nugusa koo
Naan baaffaa dhukkubakoo
Yaasa loon kuma tiksuu
Yaasa doorsisa jibbuu.

51. Ejersa dhagaa rakkoo
Yaasa qottoon hinmurree
Yoo dhagaraa saa malee

Abbabbaa nugusakoo
Yaasa gorsaan hinbullee
Yaada garaasaa malee

52.Abbabbaa qoma kittaa
Alamoo mana jirtaa
Kan ormaa beeljoo bitta. (mala himtaa)
Kankoo maa gara diddaa,
Abbabbaa koo gaariikoo
Anoo hinbaanee ariikoo.

53. Haayyookoo,
Ayyaanakoo,
Gabaabduu lafa biraa,
Kee ayyaanni nabiraa

54. Harmee luuccan daggalaa,
Akka mujjaa balbalaa,
Yaashii amma gogorii geessuu,
Yaashii korommii deessuu.

55 Weennii qarree mooqitoo
Sit garba naachaa dhugee
Nahidhu yaa haadha koo
Barri maraachaan dhufee

56. Damee yaa godeessakoo,
Damisee Sagguu yaa godeessakoo,
Alagaan bineensumaa
Nama nyaata yaa obboleessakoo,
Obboleessi gaaddisaa,
Alagaan saree nama nyaachisaa.

57. Dabaleen godeessaa (X2)
Shugguxiin ilmoodhaa,
Qawween obboleessaa.

58. Nan hawwaa nan abalaa
Gabaa mana gararra
Caffee mana garjallaa
Koodee wal bira sadi.

59.Takkan aara aarsaa,
Kaboonni haa gubatuu ,
Takkan goota faarsaa,
Daboor haa mufatuu.

60. Otoon qottoo ta'ee
Ceekaa jala muruu
Murullee allaguu
Otoon nadhoo ta'ee
Seesaa jala buluu
Bulullee hinamadhuu.

61. Agadaa qimiqimii,
Jaartiin qoraanii hingallee,
Qabataa minishirii,
Baacaa boraatiin qawwee.

62. Dhagaa jalli qa'aa(x2)
Wantaa goonni loluu
Burree akka sa'aa

63. Qotanii qataniiti
Kan magarte meesuu
Lolanii lolaniiti
Namaa gamut dheessuu.

64. Yaa gingilchaa miilaa(X2)
Goonni dhiiboo dhaqee
Yaa gitichaa dhiiraa.

65. Daadhii yaa daadholee koo
Daadhii kan dhugu gootaa
Yaa daboroo maal itti gootaa?

66. A’ee Oromiyaa biyya koo
Yaa midhan lubbuu koo
Quufni nuu deebi’ee
Yaadii loli(x2)
Maal yaadee loluu
Lakki kana yaadii lolii
Maal yaadee loluu
Bag ajeeftee hiriyaa
Harka fuudha jaarsaa
Harka fuudha jaartii
Kana yaadii lolii

67. Biyya ofii yaa gaaddisa garbuu,
Aduun nama hin arguu.
Biyya ormaa yaa gaaddisa mukaa
Aduun nama gubaa.
Oromiyyaa biyya koo
Siifan muramaa hodhu morma koo

68. Dagabaasi dhoqqee hin haruu
Agadaa tarreessitee
Osolee gabaa dhuftuu
Nagada fakkeessitee

69 Tajjisaara ulattee
Migira birra keessa ciisinii
lapheen koo natti ka’ee
hidhannaa mudhii gad nandhisini.

70 Mogee keessattan argee
Ciisa kuruphee(x2)
Qoraanan dhaqa jedhii
Fe’uma fudhuu kooyaa shurrubee

71.Yaa saamunaa komitee
Daara addeessu malee

Gororri shaggee tiyyaa
Dhaadhuma dhaadhii jedhaa
Nama macheessu malee.

72. Allaattin tokko dhufee
kan harka lamaan waaqatti afarsuu
Cubuu godhin yaa shaggee
Daabiloos karaa mana dabaarsuu.

73. Bargamoo shaggar qarree
Irri hurumaa jalli inzirtii
Jajjabaadhu yaa shaggee
Duban dullumaa duutis ni jirtii.

74. Yaa booqa booqaa bulii
Koottu jiboota leenjifnaa
Yaa moofa moofaa durii
Koofirooma deebifnaa.

75.Darraa gamaa gamana
Kaloo jabbilee
Koottu ni araaramna
Nulachuu gaabbinee

76. Mishingaa mata lame
Sololaan qarqabattee
Gubadhee waxalamee
Ati waa dandamattee

77.Shaggarii kutaan alaadaa
Yoo kutaa naa footee maalii
Halkanii guyyaan si yaadaa
Yoo dhugaa naa goote maalii.

78. Jimaata gabaan ba’aa
Silaas nan gala mitii
Cinaachan lafaan ga’aa
Silaas nan rafaa mitii

79. Anbaltaa daarii Awaasii
Bilillee seexanni awwaalee
Nagantaa naa waami waasii
Miiliqqee keettan walaalee.

80. Yaa gabaa Jimaata goolaa
Jaarsi mooyyee tumu maalii
Maganaa siraata goonaa
Namni obese bulu maalii.

81 Ababaa Garbii Bultoo
Qacamarra loomii kololchitee
Biyyaa baaten sise'ee
Biyyanuma teesseti na obsite

82.Otoon ijaara ijaaruu
Biillan xaddee na waraantee
Otoon siifana kiraaruu
Lapheen bakkaa na warraaqxee

83. Ani hin haamuu ati hin haamtuu
Galabaa bubeen balleessee
Ati hin dhaamtuu ani hin dhaamuu
Nu lachuu garaa jabeessee.

84. Otoon murees gamanaa
Agadaa sararanii
Otoon du'ees ammanaa
Alagaa mararanii.

85. Otuma ati ijaartuu
Jige fooqin warra keetii
Olis kaadhee gadis kaadhee
Dhabe foolii morma keetii.

86. Karaa finfinnee gubbaa
Leenci jabbilee nyaate yaa warqee
Barbaadetan si dhabee
Damma xiqimtii taate yaa shaggee.

87. Yaa Badhaadha abbaa malaa
Rigaa koranii muruu
Maa garaan naraafamaa
Silaa obsaniit buluu

88Yaa allaattii mana irraa
Shunburaa naa carcarii
Yaa garaa koo baranaa
Hundumaa naa dandaii

89.Dabalee dabal Birraatuu
Dabal Birraaticha goolee
Argadhe gaarii sirraatuu
Gaarii sirraa biran oolee.

90..Gaatiraa areera goolee
Fardeen qunnii marge hin dheedduu
Gaabbita gaafan namoomee
Nadheen dubbii darbe hinbeektuu.

91 Jibittii adii rafoo
Natu foogaltuu bitee
Yaa afaanin garakoo
Yaa garaan gara gandaa
Natu beekkachuu didee.

92. Qorqoorroo ijaartee moo,
Maali yaa Muluu kan calaqqisuu,
Situu jaarsa jaalatee,
Kan akka hindaaqqoo batattisuu.

93 Qilinxoo duufaa murii,
Abbaan burree loon tiksaa,
Ofitti dhuufaa bulii,
Atiif curreen tokkichaa.

94. Yaa haamtuu beenu baddaattii
Xaafin baddaa daalachaa’ee
Naan taatuu beenu nagaattii
Baayyeen sifaana maccaa’ee.

.

95. Yoo warqii qonforachuu
Mee ilaal saaq-yaadii
Magaallen gatiin dhibbaa
Diimtuun soddomii sadii

96. Samareeta daakkannee
Dimbilaalli harca’ee
Ijibbaata gaafannee
Kan bareenni itti haasa’ee.

97. Dallaa jala facaase abishii kee
Ammaan si gachisiisa qamisii kee
Xiyyaaraa garaa jalli sibiilaa
Mee koottuu na gachisiis sumatu dhiiraa.

**DABALEE. D**

**Namoota Afgaaffiin Odeeffannoo Qorattuuf Kennan.**

| TL | Maqaa Guutuu | Umurii | Ganda | Sad. Barnootaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | ObboDabalaa Gadaa | 62 | Siibaa Osolee | Kutaa 6 | Daldaalaa |
| 2 | Adde Kaamettii Qalbeessaa | 29 | Koluu Galaan | Dip. | H/Mootummaa |
| 3 | Obbo Dhaabaa Abdii | 70 | Osolee | _ | Q/Bulaa |
| 4 | Durbee Burtukaan Caalchisaa | 21 | Edensa Galaan | Yuun. | Barattuu |
| 5 | Obbo Kabbadaa Asnaaqaa | 40 | Osolee | Dip | H/Mootumm |
| 6 | Adde Xaayituu Mardaasaa | 60 | Fallo | _ | Daldaaltuu |
| 7 | Obbo Hayiluu Urgeessaa | 52 | Goojjoo 01 | Kutaa 10 | Daldaalaa |
| 8 | Dargaggoo Adaanaa Warquu | 18 | Ilaala Waddeessaa | Kutaa 8 | Barataa |
| 9 | Durbee Daraartuu  Daamxoo | 19 | Sariitii | Kutaa 12 | Barattuu |
| 10 | Adde Yashii Birruu | 65 | Ilaala Waddeessaa | _ | Q/Bultuu |
| 11 | Dur.Baqqaluu Ijaraa | 21 | Sariitii | Kutaa 11 | Barattuu |
| 12 | Dargaggoo Mootummaa Fissaha | 19 | Ilaala Waddeessaa | Kutaa 10 | Barataa |
| 13 | Obbo Saamu’eel Tsaggaayee | 28 | Koluu Galaan | Dig. | H/Mootummaa |
| 14 | Obbo Baqqalaa Tolasaa | 45 | Osolee | Kutaa 6 | Q/Bulaa |
| 15 | Aadde Mintuu Badhaadhii | 51 | Fallo | Kutaa 4 | Q/Bultuu |
| 16 | Aadde Mastuu Saffisaa | 50 | Goojjoo 01 | Kutaa 6 | Daldaaltuu |
| 17 | Adde Warqituu Fiqaaduu | 48 | Edensa Glaan | Kutaa 12 | H/Mootummaa |
| 18 | Dar. Dirribaa Caalaa | 28 | Osolee | Kutaa 7 | D/ Bulaa |

**DABALEE. E**

**Namoota Marii Garee Marsaa Tokkoffaa Irratti Odeeffannoo Qoratuuf Kennan.**

| T/L | Maqaa Guutuu | Umurii | Ganda | Sad. Barnootaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obbo Dhaabaa Abdii | 70 | Osolee | _ | Q/Bulaa |
| 2 | Adde Mintuu Badhaadhii | 51 | Fallo | Kutaa 4 | Q/Bultuu |
| 3 | Dar.Dirribaa Caalaa | 28 | Osolee | Kutaa 7 | Daldaalaa |
| 4 | Obbo Dabalaa Gadaa | 62 | Siibaa Osolee | Kutaa 6 | Q/Bullaa |
| 5 | Adde Yashii Birruu | 65 | IlaalaWaddeessaa | _ | Q/Bultuu |
| 6 | AddeXaayituu Mardaasaa | 60 | Fallo | ._ | Dldaaltuu |

**DABALEE F**

**Namoota Marii Garee Marsaa lammaffaa Irratti Odeeffannoo Qoratuuf Kennan.**

| T/L | Maqaa Guutuu | Umurii | Ganda | Sad. Barnootaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Dur.Daraartuu Daamxoo | 19 | Sariitii | Kutaa 12 | Barattuu |
| 2 | Aadde Mastuu Saffisaa | 50 | Goojjoo | Kutaa 4 | Daldaaltuu |
| 3 | Dar.Saamu’eel Tsaggaayyee | 29 | Koluu Galaan | Dip. | H/Mootummaa |
| 4 | Obbo Hayiluu Urgeessaa | 52 | Goojjoo 01 | Kutaa 10 | Daldaalaa |
| 5 | Dur.Baqqaluu Ijaaraa | 21 | Sariitii | 11 | Brattuu |
| 6 | Obbo Kabbadaa Asnaaqaa | 40 | Edensa Galaan | Dip. | H/Mootummaa |

**DABALEE G.**

**Tarreewwan Suuraa Namoota Afgaaffiin Odeeffannoo Kennanii**






Fakkii: Dur.Burtukaan Caalchisaa(6 /6 /12)fiObbo Kabadaa Asnaaqa (19 /5 /12) mana mana isaanitti afgaaffiin yeroo garagaratti yeroo qorattuun odeeffannoo irraa funaannachaa turte.



Fakkii: Aadde Kaamettii Qalbeessaa(23 /6 /12)fiDar.Adaanaa Warquu (27/6/12) mana mana isaanitti afgaaffii yeroo garagaratti yeroo qorattuun odeeffannoo irraa funaannachaa turte.



Fakkii: Aadde Mintuu Badhaadhii(28 /5 /12)fiWarqituu Fiqaaduu (15/7/12) mana mana isaanitti afgaaffiin yeroo garagaratti yeroo qorattuun odeeffannoo irraa funaannachaa turte.





Fakkii: Dur.Daraartuu Daamxooo(4 /6 /12)fiDar.Baqqalaa Tolasaa (12 / 7 /12) mana mana isaanitti afgaaffiin yeroo garagaratti yeroo qorattuun odeeffannoo irraa funaannachaa turte.





Fakkii: Durbee Baqqaluu Ijaaraa(5//6/12)fi Obb0 Hayiluu Urgeessaa (27 /5 /12) mana mana isaanitti afgaaffiin yeroo garagaratti yeroo qorattuun odeeffannoo irraa funaannachaa turte.



Fakkii: Obbo Hayiluu Urgeessaa (27 /5 /12)fi Dar.Saamu’eel Tsaggaayyee (8 /6 / 12) mana mana isaanitti afgaaffiinyeroo qorattuun odeeffannoo irraa funaannachaa turte.



Fakkii: Namoota(25 /5 /12) gandoota garagaraa afur irraa ganda Osoolee,Siibbb Osolee, Falloofi Ilaala Waddeessaa  marii garee 1ffaan yeroo qorattuun odeeffannoo irraa funaannachaa turte.



Fakkii: Namoota(16/6//12) ganda garagaraa irraa gandaSariitii, Goojjoo,Koluu Galaanfi Edeensa Galaan marii garee 2ffaan yeroo qorattuun odeeffannoo irraa funaannachaa turte.

**Ibsa**

Ani qorattuunn maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'usaafi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaatiin ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa________________________

Mallattoo______________________

Guyyaa________________________

Waraqaa qorannoo kun qorumsaaaf akka dhiyaatu kanan mirkaneesse ta'uu koo naan beeksiisa.

Maqa_____________________________________

Mallattoo___________________________________

Guyyyaaa___________________________________